

Inistitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qo'annoo Seeraa Oromiyaa



WALIIGALTEEWANIIFI SEERA WALIIGALTEE AKKA WALIIGALAATTI

Moojulii Leenjifamtoota Leenjii Hojiin Duraatiif Qophaa'e

Qopheessaan : Dassaaleny Biraanuu (LLB, LLM)

Gulaaltonni: 1. Tasfaayee Booressaa

2. Tashoomaa Shifarraa

3. Fedhasaa Mangashaa

Ebla bara 2012

ILQSO

Adaamaa

Baafata

Baafata	Fuula
I. Gabaajeewwanifi Kottonfachiistuwwan	4
I. Seensa Waliigalaa	5
BOQONNAA TOKKO.....	8
1. SEERA WALIIGALTEEFI BARBAACHISUMMAA ISAA	8
1.1. Seera Waliigalteefi Maalummaa Waliigaltee.....	8
1.2. Barbaachisummaa Seera Waliigaltee.....	11
1.2.1. Guddina Dinagdee Keessatti Gumaacha Seera Waliigaltee (Economic Justification) .	12
1.2.2. Mirgaafi Dirqama Gareewan Waliigaltee Kabachiisuu Keessatti (Moral Justification)	
13	
1.3. Sirna Seeraa <i>Civil Law fi Common Law</i> Keessatti Seerota Waliigaltee	14
BOQONNAA LAMA	20
2. WALIIGALTEEWAN HUNDEESSUU (UUMUU), BU'AA WALIIGALTEEWWANIIFI HARIIROO WALIIGALTEEWWANIFI GAREE SADAFFAA	20
2.1. Waliigalteewan Hundeessuu (Uumuu)	21
2.1.1. Fedhii Guutuu (Consent).....	21
2.1.2. Hir'ina Fedhii Gareewan Waliigaltee	23
2.1.3. Qaama (Qabiyyee) Waliigalteewwanii (Object of Contracts)	26
2.1.4. Foormiwwan (Bifa) Waliigalteewwanii.....	28
2.1.4.1. Waliigalteewan Mirkanaa'uufi Galmaa'u Qaban	30
2.2. Bu'aa Waliigalteewwanii.....	37
2.2.1. Waliigalteewan Hiikuu.....	37
2.2.2. Raaw-Dhaba Waliigalteewwanii (Non-Performance of Contracts).....	42
2.3. Waliigalteewwanifi Hariiroo Garee Sadaffaa	47
BOQONNAA SADII	50
3. DIRQAMOOTA WALIIGALTEE HAFAA TAASISUU.....	50
3.1. Diigamiinsa Waliigalteewwanifi Bu'aa Isaa.....	51
3.1.1. Waliigalteewan Diigamu Danda'ani (Voidabale Contracts) fi Walta'iinsa Bu'uurumarraa Hin jirre (Void Agreements).....	51
3.1.1.1. Walta'iinsa Bu'uurumarraa Hin Jirre (Void Agreements)	53
3.1.1.2. Waliigalteewan Diigamu Danda'an (Voidable Contracts).....	53
1.2. Bu'aa Diiggaa Waliigalteewwanii	54
4.3. Darbiinsa Yeroo Gaaffii Raawwii fi Diiggaa Waliigalteewwanifiitiin wal qabatan	59

BOQONNAA AFUR	70
4. WABUMMAA AKKA WALIIGALAATTI.....	70
4.1. Maalummaafi Kaayyoo Wabummaa (Security).....	71
4.2. Gosoota Dirqamoota Wabummaa.....	72
4.2.1. Wabummaa Namaa (Suretyship)	72
4.2.1.1. Wabummaa Qeenxee ykn Salphaa (Simple Guarantee)	73
4.2.1.2. Wabummaa Waliinii (Joint Guarantee)	74
4.2.2. Wabummaa Qabeenyaa.....	78
4.2.2.1. Wabii Qabeenya Socho'aa (Pledge).....	78
4.2.2.2. Wabii Qabeenya Hin Sochoonee	79
4.2.2.2.1. Wabummaa Qabeenya Hin Sochoonee Osoo Qabeenyi Harka Abbaa Idaatii Hin Bahin Uumamu (Mortgage)	79
4.2.2.2.2. Waliigaltee Wabummaa Qabeenya Hin Sochoone Dhala Hafaa Taasisu (Qabeenyicha Abbaa Maallaqaa Harkaan Gahuun Uumamu) (Antichresis)	89
BOQONNAA SHAN	92
5. MIRKANEESSA WALIIGALTEEWANII (PROOF OF CONTRACTS).....	92
5.1. Dirqama Mirkaneessuufi Fudhatamummaa Ragaawwan Waliigalteewan Adda Addaa....	93
5.1.1. Mirkaneessa Waliigaltee Liqii	95
5.1.2. Mirkaneessa Waliigaltee Bittaafi Gurgurtaa Qabeenya Hin Sochoonee.....	99
5.1.3. Mirkaneessa Waliigalteewan Kennaq Qabeenya Hin Sochoonee	103
5.2. Ragaa Barreeffamaa.....	105
5.3. Tilmaamota Kaffaltiin Raawwatamuu Mirkaneessan	110
Madda Wabii.....	115

I. Gabaajeewanifi Kottonfachiistuwwan

HMFDRI-Heera Mootummaa Federaalawaa Dimokiraatawaa Rippaabiliika Itoophiyaa

Kwt-Keewwata

MMWF-Mana Murtii Waliigala Federaalaa

MMWO-Mana Murtii Waliigala Oromiyaa

MMWNA-Mana Murtii Waliigala Naannoo Amaaraa

MMSDF-Mana Murtii Sadarkaa Duraa Federaalaa

MMOF-Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa

S/d/f/s-Seera Deemsa Falmii Sivilii

SHH-Seera Hariiroo Hawaasaa

I. Seensa Waliigalaa

Hawaasa bilisa ta'e keessatti waliigalteewan gumaacha hedduu murteessaa ta'e qabu. Waliigalteewan tooftaa ittiin namoonni mirga isaanii dabarsan, dirqamoota uumaniifi ittiin namoota biroo dirqisiisanidha. Meeshaawwaniifi tajajiloonni adda addaas uumamanii nama tokkorraa nama birootti kan darban daldala uummanni taasisuun ta'uunifi daldalli kun immoo waliigaltee kan bu'uura godhatu ta'uun ifadha. Hawaasni haala kanaan waliigaltee inshuraansii, waliigaltee qacarrii hojii, waliigaltee kiraan, waliigaltee qusannaafi kan kana fakkaatan raawwatee waantota wal jijiiru malee hin jiraatu. Seerri waliigaltees kan tumamu dhimmoota hawaasaaf hedduu murteessaa ta'an kana deeggaruufi hoogganuufidha.

Seerri waliigaltee akka waliigalaatti kan barbaachiseef; hawaasni waantota ykn tajaajila wal jijiiruudhaan akka wal deeggaru taasisuudhaan hawaasa gidduutti wal amantaan uumamee badhaadhinni waliigalaafi guddinni dinagdee akka dhufu taasisuuf yommuu ta'u, kunis; adeemsaafi bifa itti waliigalteen uumamuu qabuufi dhimmoota irratti waliigalamuu hin qabne adda baasee kaa'uudhaan, sababa dandeettii dhabuutiin gareewwan waliigaltee akka hin miidhamne gochuun, kan miidhame ykn haqa dhabe yoo ta'es, furmaata seera irraa madde akka argatu taasisuunidha.

Seerri waliigaltee biyya keenyaas haala ifa ta'een kaayyoo isaa kaa'uu baatullee kaayyoo armaan olitti ibsamerraan wanta addaa galmaan gahu hin qabu. Ta'us garuu Seerri biyya keenyaan kun qabatamaatti hawaasa gidduutti wal amantaa uumee haala kaayyoo dinagdee armaan olitti eerame guutummaatti galma geessisuu danda'uun hojiirra oolaa hin jiru. Kun immoo maddi isaa gama tokkoon rakkowwan iftoomina dhabuu seerichaa yommuu ta'u, gama birootiin immoo seerotuma ifa ta'an hojiirra oolchuu irrattiyyuu qabatamaatti rakkowwan ni jiru.

Kaayyoon waliigalaa moojula kanaas, rakkowwan seera waliigaltee biyya keenyaatiin wal qabatanifi rakkowwan hojmaataan wal qabatan dhimmoota qabatamoo bu'uura godhannee adda baasuun, leenjifamtoonni irratti mari'atanii hubannoo isaanii gabbifachuun ejjennoo wal fakkaataa (walitti dhiyaatu) akka qabaatan taasisuu yommuu ta'u, qabiyyeen isaas boqonnaa boqonnaadhaan addaan goodamee kan ibsamedha.

Haala kanaan Moojulli kun **Boqonnaa tokkoffaa** mata dureen isaa '**Seera Waliigalteefi Barbaachisummaa Isaa'** jedhu keessatti, maalummaa waliigalteefi seera waliigaltee, barbaachisummaa seera waliigalteefi sirnoota seeraa aadaa **Civil Law fi Common Law**

hordofan keessatti seeronni waliigaltee akkamitti ilaalamu kan jedhu bifa waliigalaatiin kan ilaalamu ta'a.

Boqonnaa 2ffaa mata dureen isaa '**Waliigalteewwan Hundeessuu (Uumu), Bu'aa Waliigalteewwaniifi Hariiroo Waliigalteefi Garee Sadaffaa**' jedhu jalatti ulaagaawwan waliigaltee seera fuulduratti ragga'e tokko hundeessuuf murteessaa ta'an kan akka fedhii guutuu (walta'insi hir'ina hin qabne), qabiyyeen ykn dirqamni waliigaltee haala gahaa ta'een ibsamuu, kan danda'amu fi seera qabeessa ta'uufi foormiin waliigaltee seeraan addatti ajajame (yoo jiraate) hordofamuun wal qabatee rakkowwan qabatamaa jiran ni ilaalamu. Kana malees, waliigalteewwan qaama aangoo qabu fuulduratti mirkanaa'uu qaban ni ilaalamu. Waliigalteen ulaagaa seeraa guutee hundeeffame tokko yoo iftoomina dhabemmo ni hiikama waan ta'eef, qaamoleen waliigaltee hiikuuf aangeffaman qajeeltoo akkamii hordofanii hiiku, haala kamiin yaada gareewwanii bira gahu kan jedhus kan ilaalamu ta'a. Dabalataan, hariiroon waliigalteefi garee sadaffas boqonnaa kana jalatti kan ilaalamu ta'a.

Boqonnaa 3ffaa mata dureen isaa '**Dirqamoota Waliigaltee Hafaa Taasisuu**' jedhu jalatti immoo haalota dirqama waliigalteewwanii hafaa taasisan keessaa rakkowwan qabatamoo waliigaltee diiguudhaan wal qabataniifi darbiinsa yeroo waliigalteewwaniin wal qabatan kan ilaalaman ta'a.

Boqonnaa 4ffaa mata dureen isaa '**Wabummaa Akka Waliigalaatti**' jedhu jalatti gosoota wabummaa, haala itti gosoonti wabummaa adda addaa hundeeffaman, bu'aawwan seeraa waliigalteen wabummaa gosa adda addaa qabufi rakkowwan qabatamoo wabummaan wal qabatan kan ilaallu ta'a.

Boqonnaa isa xumuraa mata dureen isaa '**Mirkaneessa Waliigalteewwanii (Proof of Contracts)**' jedhu jalatti dhimma waliigalteewwaniitiin wal qabatee dirqamni mirkaneessuu enyurra akka jiru, ragooleen fudhatumummaa qaban ragaa akkamiti?, waliigalteewwan barreeffamaan hundeeffamuun dirqama ta'e ragaa namaatiin mirkana'uu kan danda'an ta'uufi dhabuu, foormiin waliigaltee tokkoo yoom akka ulaagaa ragga'insa waliigaltichatti ykn immoo mirkaneessaatti tumame kan jedhuufi rakkowwan qabatamaa tilmaama seeraatiin wal qabatan adda baafatu.

Xumura Moojula kanaa irratti Leenjifamtoonni;

- Maalummaa seera waliigalteefi barbaachisummaa isaa irratti hubannoo qaban ni gabbifatu.

- Haalota fedhii guutuu gareewwan waliigaltee irratti dhiibbaa uumuu danda'an adda baafaachuun hubannoo isaanii ni cimsatu.
- Maalummaa waliigalteewwan mirkaneessuufi galmeessuu irratti hubannoo qaban ni cimsatu.
- Waliigalteewwan qaama aangoo qabu fuulduratti mirkanaa'an bu'aa seeraa akkamii akka qabaataniifi bifa kamiin mormiin akka irratti dhiyaachuu danda'u ilaachisee hubannoo qaban ni gabbifatu.
- Garaagarummaa walta'iinsa bu'uurumarraa hin uumamnee (void agreement), waliigalteewwan diigamuu danda'an (voidable contracts) fi waliigalteewwan raawwatamuu hin dandeenyee (unenforceable contracts) fi bu'awwan isaanii adda baafaachuun hubannoo isaanii ni gabbifatu.
- Darbiinsa yeroo SHH kwt 1810fi 1845 jalatti eeramaniin wal qabatee rakkooowwan qabatamaa jiran adda baafatu.
- Waliigalteen tokko akka diigamu erga ajajamee booda gareewwan bakka duraan turanitti deebisuun rakkisaa yoo ta'e ykn mijataa ta'uu yoo baate, haala itti furmaanni seeraa kennamu irratti gahumsa isaanii ni gabbifatu.
- Waliigaltee wabummaa qabeenya hin sochoonee baankii fi dhaabbattoota faayinaansii xixiqqa waliin raawwatame ilaachisee ulaagaan mirkaneessaafi galmeessa waliigaltee wabummaa raawwatiinsa kan hin qabne ta'uu isaa Labsii Lakk.639/2001, labsii SHH kwt 1723 fooyesse dubbisuun adda ni baafatu.
- Garaagarummaa wabummaa qabeenya hin sochoonee ajaja mana murtiitiin hundeffamuufi dhorka yeroo bu'uura s/d/f/s kwt 154tiin kennamuu adda ni baafatu.
- Waliigaltee wabummaa galmeessuun bu'aa maalii akka qabu ilaachisee, akkasumas, waliigaltee wabummaa qabeenya hin sochoonee dhala hafaa taasisu (antichresis) irratti hubannoo qaban ni cimsatu.
- Dirqama mirkaneessuu gareewwan waliigalteefi waliigalteewwan barreeffamaan hundeffamuu qaban ilaachisee, haala itti ragooleen namaa fudhatamuu danda'an irratti hubannoo qaban ni gabbifatu.
- Waliigalteewwan liqii maallaqaa waldaa liqiifi quşannaarraq qonnaan bultoonni liqeeffatan ilaachisee hubannoo qaban ni gabbifatu.
- Kaffaltiiwwan waliigaltee gosa muraasaan wal qabatan ilaachisee gosa tilmaama seeraa seericha keessatti tumame irratti hubannoo qaban ni cimsatu.

BOQONNAA TOKKO

1. SEERA WALIIGALTEEFI BARBAACHISUMMAA ISAA

Seensa

Boqonnaa kana jalatti **seera waliigaltee** jechuun maal jechuu akka ta'e, waliigaltee jechuun maal akka ta'e, seeronni waliigaltee maalif akka barbaachisan, sirnoota seeraa aadaa *Civil Law* fi *Common Law* hordofan keessatti seeronni waliigaltee akkamitti ilaalamu kan jedhu bifa waliigalaatiin kan ilaalamani ta'u.

Xumura boqonnaa kanaa irratti, leenjifamtoonni;

- Maalummaa seera waliigalteefi waliigaltee irratti hubannoo qaban ni gabbifatu.
- Barbaachisummaa seera waliigaltee irrattis hubannoo qaban ni cimsatu.
- Seeronni waliigaltee sirnoota seeraa aadaa *Civil Law* fi *Common Law* hordofan keessatti garaagarummaa isaan qaban adda baafachuun seera keenya waliin xiinxaluun gahumsa isaanii ni cimsatu.

1.1. Seera Waliigalteefi Maalummaa Waliigaltee

Seerri waliigaltee kutaa seeraa;

- Haala wixineessa waliigalteefi walta'insa seeraan raawwatamuu,
- Gosa dirqamootaa walta'insaan uumamanii,
- Dirqamootni kun yoo hin raawwatamin hafan immoo furmaata jiru hoogganudha.

Bifa waliigalaatiin, seerri waliigaltee dhimmoota armaan olitti tarreeffaman kana kan hoogganu yommuu ta'u, seerri kun akka biyya keenyaatti qofaa isaatti adda bahee hin jiru. Ta'us garuu, seerri dhimma waliigalteewwanii hoogganu, SHH keessatti kutaa '**kitaaba 4ffaa'**, mata duree **dirqamoota** jedhu jalatti tumameera. Jechi **waliigaltee** jedhus kutaa eerame kana jalatti hiikamee jira.

Waliigaltee jechuun hoo maal jechuudha? kan jedhu ilaachissee, akka bu'uuraatti, waliigaltee jechuun wal ta'iinsa namoonni lamaafi lamaa ol mirgoota isaanii kaayyoo barbaadameef oolchuuf ykn fedhii waloo isaanii ittiin murteessuuf taasisanidha.¹ Bu'uura SHH biyya Faransaay kwt 1101 tiinis, waliigaltee jechuun; waltaa'iinsa namni tokko ykn isaa ol, nama biroo tokko ykn tokkoo oliif kennuuf, hojjechuuf ykn hojjechuu dhiisuuf ittiin dirqamudha.² Tumaan kun seerota hariiroo hawaasaa ammaayyaa hedduudhaaf bu'uura ta'eera.

Haaluma wal fakkaatuun, Seerri Hariiroo Hawaasaa biyya keenyaas kwt 1675(1) jalatti jechi **Waliigaltee** jedhu maal akka ta'e ibseera. Hiikkoon kennames, **waliigaltee** jechuun; waltahiinsa qabeenya (proprietary) isaanii ilaachissee, namootni lamaafi lamaa ol walii isaanii gidduutti raawwachuun dirqamoota itti uuman, jijiiran, hafaa taasisanidha. Seera kana kwt 1678 jalatti immoo waliigalteen ragga'u tokko jiraachuuf;

- Walta'insi hir'ina hin qabne namoota waliigaltee uumuuf dandeettii qaban gidduutti uumamuu
- Dhimmi ykn dirqamni haala gahaa ta'een ifaan ibsamuu, kan danda'amu fi seera qabeessa ta'uu,
- Foormiin waliigaltee seeraan addatti ajajame (yoo jiraate) hordofamuu qaba.

Keewwatni itti aanu (1679) immoo, waliigalteen dirqamoota tarreessuun kana irratti waliif galle jechuun wanta gareewan ibsaniifi dirqamoonni kunis nu dirqisiisu jechuun fedhii guutuudhaan wal ta'iinsa isaan taasisan irratti kan hundaa'u ta'uu ibsa.

Tumaalee kanarraa, jiraachuun wal ta'iinsaa qofti jiraachuu waliigaltee kan hin agarsiisne ta'uun, walta'insi tokko waliigalteedha jedhamuuf dirqama uumuuf fi raawwatiinsa isaatiif duuba isaatiin deeggarsa seeraa qabaachuu fi ulaagaawan bu'uuraa guutuu kan qabu ta'uun ni hubatama.

¹ SHH biyya Arjentiinaa kwt 1137.

² SHH biyya Faransaay kwt 1101. The Louisiana Civil Code defines it as “an agreement by two or more parties whereby obligations are created, modified, or extinguished.” Louisiana Civil Code, Art 1906.

Dhimma 1^{ffa}

Dhimmi³ kun kan eegale Mana Murtii Aanaa Naannoo Tigaay keessatti yommuu ta'u, waamamaan himanna iyyataa irratti dhiyeesseen; iyyataa waliin bara 1995 keessa waliigaltee qabiyee lafaa iyyataa irratti mana akka ani ijaarsisuuf innis akka naaf hojjechiisuuf waliigallee haala kanaan mana kutaa lamaafi dallaa tilmaamni isaa qarshii 80,000 ta'e ijaaree inni immoo waan naaf ijaaruu dideef walakkaa isaa qarshii 40,000 akka naaf kaffalu kan jedhudha. Iyyataan deebii barreffamaan akka kenu ajajamee kennuu baatullee mana murtii aanichaatti dhiyaatee falmii taasiseen; waliigaltee hin qabnu jedheera.

Kana booda, Manni Murtii Aanaa Nahider Adet ragaa namaa waamamaa dhagahee murtii kenneen; iyyataafi waamamaan wal gargaaranii mana waan ijaaraniif, iyyataan qarshii 40,000 waamamaadhaaf akka kaffalu murteessee, murtichi hanga MMWNTiin cimeera.

Itti fufuun, iyyataan ammaa dogoggora bu'uura seeraa qaba jechuun Dhaddacha Ijibbaataa MMWFti iyyatee, dhaddachi ijibbaataa kun immoo ijoo dubbii; waliigalteen bitaafi mirga gidduutti ija seeraatiin dirqama uumu jiramoo hin jiru jedhu qabatee, xiinxala keessatti immoo '....bu'uura SHH kwt 1678tiin ulaagaan waliigalteen tokko jira jechuuf guutuu qabu keessaa tokko dhimmi waliigaltee waan danda'amuufi ifa ta'uu qaba jedhudha. Gareewan waliigaltee tumaalee dirqama ta'aniifi hayyamoo ta'anitti fayyadamanii waliigaltee yoo hundeessan waliigalteen isaanii bu'uura SHH kwt 1731tiin akka seeraatti ilaalam. Waliigalteen akkanaa mirga waliigalticharraa uumamurraa gareen fayyadamuuf gareen dirqamu eenyu akka ta'e adda baasa. Bu'uura kanaan gareen dirqama isaa bahe gareen biroo dirqama isaa akka bahuuf gaafachuuf mirga argata. Kanarraa kaanee dhimma amma harkaa qabnu wayita ilaallu dhimma amma harkaa qabnu keessatti waamamaan ammaa himanna iyyataa ammaa irratti dhiyeesseen ati mana kiyya naaf ijaarsisi animmoo siifan ijaarsisaa naan jedhee ani ergan mana tilmaamni isaa qarshii 80,000 ta'e lafa isaa irratti ijaaree booda naaf ijaaruu waan dideef gatii humna kiyyaafi gatii meeshaa ijaarsaa akka naaf kaffalu jedheera. Himannaan kun inni tokko isa biraatiif mana ijaaruudhaan walgargaaruuf waliigaluu isaanii agarsiisa. Gaaffiin waamamaa iyyataan haala kanaan waan naaf hin hojenneef maallaqa naaf haa kaffalu kan jedhudha. Waamamaan gatii humna isaafi gatii meeshaa haala kamiin akka shallagee dhiyeesse galmeen jalaa hin agarsiisu. Iyyataan ammaa waliigalteen jiraachuu kan haale yommuu ta'u ragooleen namaa waamamaa Mana Murtii

³ Dhimmi kun dhimma Dhaddacha Ijibbaataa MMWFtiin galmee lakk.120468 (Jildii 22^{ffa}) ta'e irratti Iyyataa-G/Igzihabiher G/Kiristoosifi Waamamaa-Haregot G/Igzihabiher ta'e gidduutti dhaddacha gaafa 23/01/2010 ooleen murtaa'edha.

Aanaa Naannoo Tigaayitti dhagahaman bitaafi mirgi gatii humna namaa akkamiiitiin akka waliif galan, meeshaawwan dhiyaatanifi tilmaama isaanii hin ibsine. Manneen murtii jalaa bitaafi mirgi wal gargaaruun mana ijaarrachuuf wal ta'uu isaanii mirkaneeffataniiru. Iyyataan falmii dhaddacha ijibbaataa kanatti taasiseen akkaataa gabaa naannotti gatiin humnaa waamamaa kaffalameeraaf manni maallaqa kiyyaan ijaarame jedhee falmeera. Kanarraa kan hubatamu, bitaafi mirga gidduu wal ta'iinsi wal qarqaaruuf taasifame jiraachuudha; waltaa'iinsi wal qarqaaruu kun immoo, akkaataa addaa naannotti beekamtii qabaatullee akka seeraatti dirqama uumu hin qabu. Waliigalteen wal gargaarsaa kun fedhii irratti hundaa'ee raawwatame jechuun ala ija seeraatiin wal ta'insichi haala dirqamni seeraa jira jechisiisi uumeera jechuun hin danda'amu. Haala kanaan, bitaafi mirga gidduutti wal gargaaruuf wal ta'uu malee waliigalteen jira jechuuf hin danda'amu. D/kennaan gatii humnaafi meeshaa ijaarsaas hin mirkaneessine. Kanaaf, murtii manneen murtii jalaa diigneerra jechuun murteesseera.

Gaaffii Marii

1. Murtii dhaddacha Ijibbaataa MMWF kana akkamitti ilaaltu? Garaagarummaan wal ta'iinsaa (agreement) fi waliigaltee (contract) Maali?

1.2. Barbaachisummaa Seera Waliigaltee

Waliigalteewan tooftaa ittiin namoonni mirga isaanii dabarsan, dirqamoota uumanifi ittiin namoota biroo dirqisiisan ta'uufi waliigalteen waadaa seeraan raawwatamu ta'uun isaa armaan olitti ilaalammeera. Meeshaawwaniifi tajajiloonni adda addaas, oomishamanii nama tokkorraa nama birootti kan darban, daldala uummanni taasisuun ta'uunifi daldalli kun immoo, waliigaltee kan bu'uura godhatu ta'uun ifadha. Haala kanaan, hawaasni waliigalteewan akka; waliigaltee inshuraansii, waliigaltee qacarrii hojii, waliigaltee kira, bitaafi gurgurtaa, waliigaltee qusannaafi kan kana fakkaatan raawwatee waantota wal jijiiruudhaan kan jiraachaa ture yommuu ta'u, seerri waliigaltee immoo gochoota seeraa kana utubuudhaan, sadarkaa jirenyaa ammaa irra akka geenyuuf gumaachee jira.⁴

Waliigalteen, namoonni dhuunfaa akka fedhiifi filannoo isaaniitti waantota wal jijiiruuf akka murteessan taasisuun, kaayyoo waliigalaa hawaasaa (wal deeggaruufi wal qindeessuu) galma

⁴ Arthur Von Mehren (Editor), Contracts in General, International Encyclopedia of Comparative Law, Martinus NijHoff Publishers, 1982, Volume 7, p.10.

geessisa.⁵ Kun immoo sirna waan barbaaduuf, seerri waliigaltee akka sirnaatti tumamee namoonni dhuunfaa akka dhuunfaatti wanta barbaadan akka argatan, jirenya hawaasummaafi dinagdee keessattis waan galma geessisuu barbaadan akka galmaan gahan taasisa.⁶

Seerri waliigaltees qaama seeraa wanta hawaasaaf faayidaa guddaa qabu kana hogganee deeggarudha. Kun bifa waliigalaatiin ta'ee, kutaa kana jalatti immoo seerri waliigaltee maalif barbaachise, kaayyoon isaa maali, mootummaan dhimma waliigaltee ilaachisee seera baasuudhaan ykn immoo karaa mana murtii raawwachiisuudhaan maalif dhimma nama dhuunfaa keessa gala kan jedhu ni ilaalamu.

Kanaan wal qabatee, SHH kutaa **waliigalteewwan akka waliigalaatti** jedhu jalatti bifa waliigalaatiin waan ibse kan hin qabne ta'u illee barreessitoonni seeraa barbaachisummaa seera waliigaltee ilaachisee yeroo baay'ee yaadota gurguddoo lama⁷ waan kaasaniif akkaataa armaan gadiitti ni ilaalamu.

1.2.1. Guddina Dinagdee Keessatti Gumaacha Seera Waliigaltee (Economic Justification)

Seerri waliigaltee, gareewan waliigaltee waantota caalaatti isaan fayyadu (fooyyessu) akka argataniif haala mijeessuudhaan badhaadhinni waliigalaa akka dhufu seera taasisudha.⁸ Qaamoleen mootummaa waliigaltee raawwachiisanis, qabeenya ykn baasii mootummaatiin waliigaltee nama dhuunfaa kan deeggaran, sababa gareewan waliigaltee hundi waliigaltee raawwachuuudhaan waan caalmaatti isaan fayyadu argachuun dinagdee dhuunfaa isaaniifi biyyaa guddisuu keessatti gumaachaniifidha.⁹

Kana malees, waliigalteen tokko wayituma uumamu raawwatamu dhiisuufi gara fuulduratti kan raawwatamu ta'uwaan danda'uuf, yeroo kanatti immoo gareen tokko garee biroon gara fuulduratti naaf raawwata jedhee amantaa qabaachuu waan qabuuf, kanaan ala namni shakkiidhaan silaa waliigaltee raawwatee bu'aa wal jijjiiruudhaan argachuun danda'u dhabuu

⁵ Miiljalee olii, fuula 16.

⁶ Miiljalee olii.

⁷ Stephen A Smith, Atiyah's Introduction to the Law of Contract, Clarendon Press, Oxford, 2005, P.5.

⁸ Miiljalee Olii.

⁹ Miiljalee Olii.

waan maluuf miidhaa gahuu danda'u kana hambisuuf seerri waliigaltee jiraachuun barbaachisaadha.¹⁰

Seerri waliigaltee maloota adda addaatti fayyadamuudhaan gareewwan waliigaltee akka wal amanan kan taasisu yommuu ta'u maloota kana keessaa inni murteessaan tokko 'gareen waliigaltee kabaje gareen waliigaltee diige beenyaa gaafachuu akka danda'u ykn dirqisiisee akkaataa waliigalteetti akka raawwachiifachuu danda'uuf furmaata seeraa kennuunidha.¹¹

Dabalataan, seerri kun; haala waliigalteen itti wixineeffamu, haala walta'insi seeraan raawwatamuu danda'u itti uumamu, gosa dirqamootaa walta'insaan uumaman hogganuudhaan, namni dhiibbaa tokko malee ykn eyyama guutuu isaatiin qabeenya barbaadu akka fedha isaatti bitatee ykn gurguratee guddina dinagdee keessatti gahee akka taphatuuf, sababa ol ka'uu ykn gadi bu'uu gatii gabaatiin miidhaa (kasaaraa) silaa nama tokkorra gahu dursanii waliigaltee raawwachuudhaan kasaaraan garee birootti akka ce'u taasisuudhaaf seera haala mijeessudha.¹²

1.2.2. Mirgaafi Dirqama Gareewwan Waliigaltee Kabachiisuu Keessatti (Moral Justification)

Seerri waliigaltee maalif barbaachise? kan jedhuun wal qabatee, yaadni 2^{ffaa}n kun faayidaa uummanni akka waliigalaatti argatu irratti kan xiyyeeffatu osoo hin taane, mirgaafi dirqama gareewwan waliigaltee kan ilaallatudha. Akkaataa ilaalcha 2^{ffaa} kanaatti, manni murtii gaareen tokko akkaataa waliigalteetti garee birootiif akka raawwatu wayita ajaju gareen akka raawwatamuuf gaafate mirga gareen biroo immoo dirqama waliigalteerraad madde waan qabaniifidha.¹³ Kana malees, manneen murtii gareen dirqama isaa hin bahanne garee mirga qabuuf beenyaa akka kaffalu wayita ajajan gareewwan biroon furmaanni jiraachuu isaatti amananii akka jajjabataniif ykn hawaasni akka fayyadamuuf qofa osoo hin taane, gareen sababa garee birootiin haqa dhabe furmaata akka argatu taasisuufidha.

Deeggartoonni ilaalcha 2^{ffaa} kanaa, seerri waliigaltee, bu'uuraan gareewwan waliigaltee gidduutti haqa mirkaneessuuf uumame haa jedhaniyyuu malee faayidaa seerichi guddina dinagdee keessatti qabu hin haalan. Seerri waliigaltee bu'aa gareewwan waliigalticha irraan

¹⁰ Miiljalee Olii.

¹¹ Miiljalee Olii, Fuula 6.

¹² Cento G.Veljanovski, Economic Principles of Law, Cambridge University Press, 2007, p.125. Available at: <http://ssrn.com/abstract=1003434>

¹³ Miiljalee 6, Fuula 6.

argadha jedhanii eeganiif eegumsa gochuudhaan, karoora fuulduraa gareewwan kanaa keessatti gumaacha isaa baha.¹⁴ Garaagarummaan isaaniis, deeggartoonni ilaalcha 2^{ffaa} kanaa seerichi faayidaa gareewwaniitiif dursa kenna jechuufi deeggartoonni ilaalcha 1^{ffaa} immoo seerichi faayidaa hawaasaatiif dursa kenna jechuu irrattidha.¹⁵ Haa ta'u malee, yeroo baay'ee seera baastonni wayita seera waliigaltee baasan ilaalchota lamaanuu hubannoo keessa ni galchu.¹⁶

Ilaalchota armaan oliitiin alattis, seerri waliigaltee, kaayyoo haqummaa hawaasaafi gareewwanii mirkaneessuu of keessaa ni qaba. Kunis, gareewwan waliigaltee bilisummaadhaan dhiibbaa tokko malee waliigaltee akka raawwatan taasisuudhaan, gareen faallaa amala badaa qabu yoo garee waliigaltee kabajee jiru miidhe abbaan seeraa marartoodhaan beenyaa akka murteessu dandeessisuunidha.

Akka waliigalaatti, seerri kun, hawaasni biyya tokkoo seera waliigaltee amananii irratti hirkachuun waliigaltee akka raawwatan, gareewwan akkaataa waliigaltee isaaniitti osoo hin raawwatin yoo hafanis qaamni mootummaa tilmaamamummaa qabuufi dirqamaan rawwachiisu akka jiru agarsiisuun (seeraan tumuun) waljijiirraawan (transactions) meeshawwaniifi tajajilootaa haala qajeelaa, ariifachiisaa fi bu'a qabeessa ta'een akka itti fufu gochuun misooma biyyaa keessatti akka gumaachu kan taasisudha.

1.3. Sirna Seeraa Civil Law fi Common Law Keessatti Seerota Waliigaltee

Barreffamoonni tokko tokko **Sirna Seeraa** jechuun bifa waliigalaatiin uumamaafi qabiyee seera biyya tokkoo ta'ee caaseffamootaafi tooftaawwan seerri jedhame kun itti bahu, hiikamuufi hojiirra oolu kan ilaallatudha jedhu.¹⁷ Haala hiikkoo kanaatiin, jechi **Sirni seeraa** jedhu biyya tokko kan ilaallatu yommuu ta'u, yeroo hedduu sirni seeraa biyya tokkoo aadaa sirna seeraa biyya biroo of keessatti hammatee; keessattuu immoo aadaa gabbataa, seenaa, haala seerri itti tumamu, hojiirra oolu, itti barsiifamuun hidhata cimaa qabaatanii argamuu waan danda'aniif biyyoonni seera aadaa wal keessaa qabu jedhaman biyyoota haala kanaan ibsamnidha.

¹⁴ John P.Dawson and W.Barnett Harvey, Cases and Materials on Contracts and Contract Remedies, Newyork, 1959, p.9.

¹⁵ Miiljalee 6, Fuula 6.

¹⁶ Miiljalee Olii.

¹⁷ William Tetley, Mixed Jurisdictions: Common Law v. Civil Law (Codified and Uncodified), **Louisiana Law Review**, Volume 60 | Number 3, 2000, p.682.

Sirni seeraa haala kanaan aadaa walirraa fudhatan gareedhaan walitti dhufanii wayita qoodaman ‘Legal Traditions’ kan jedhaman yommuu ta’u, seeronni aadaaakkanaa qabaniifi addunyaa kanarratti dhiibbaa uuman gurguddoon sadan; **Civil Law, Common Law fi Socialist Law** jedhamu.¹⁸ Qoodinsi kun haa jiraatuyyuu malee, darbee darbee barreeffama adda addaa keessaa akka hubatamutti **Civil Law fi Common Law** kan jedhamu akka sirna seeraatti waan fudhatamuuf, kun immoo hidhata aadaa fi wal fakkeenyummaa biyyoonni qaban akka hin hubatamne waan taasisuuf dhimma kana akka yaada bu’uraatti mata duree kana jalatti ka’uun murteessaadha.

Akka bu’uraatti kana erga jennee, seera waliigaltee ilaachisee immoo dhiphisnee biyyoota sirni seera isaanii aadaa **Civil Law fi Common Law** hordofan qofa ilaaluun barbaachisaa ta’uu isaatti waan amanneef tokkummaafi garaagarummaa seera waliigaltee ilaachisee biyyoonni kun qaban kan ilaallu ta’a.

Haala kanaan, dursinee biyyoota sirni seeraa isaanii aadaa **Common Law** hordofan kan ilaallu yommuu ta’u, sirni kun sirna seeraa jaarraa 11^{ffaa} irraa eegalee biyya Ingilaand irraa suutaa guddachaa dhufedha.¹⁹ Sirni kun, biyyoota kolonii Ingiliz ta’an, kan akka Amerikaa (Naannolee 49) fi Kaanadaa (‘Naannolee’ 9), akkasumas kan hin koloneeffatamne kanneen akka, Arizoonaafi Kaaliforniyaatiif bu’uura ta’eera.²⁰

Biyyoota sirna seeraa aadaa **civil law** hordofaniif immoo, maddi seeraa isaanii seera **Roomaa** yommuu ta’u, sirni kun boodarra ardi Awurooppatti babal’atee dhuma irratti immoo bakka lamatti; seera jildeeffame (codified) fi kan hin jildeeffamne jedhamee qoodameera.²¹ Sirni seeraa kun sirriitti caaseffamee, qindaa’ee fi qajeeltowwan waliigalaa qabatee kan taa’efi iddo tokko tokkotti bal’inaafi gadi fageenyaan kan hin ibsinedha.²² Ardiin Awurooppaa seera **Roomaa** durii irraa seera isaanii fudhachuun bifaa koodiitiin qabatanii kan turan yommuu ta’u, biyyi Faransaay immoo seera kana bifaa koodiitiin bara 1804 baaafattee, bara 1807 immoo maqaa koodichaa jijiiruun **Napoleon Code** jetteetti.²³

Itti fufuu biyyoonni Awurooppaa garaagaraa Koodii Naapoliyon kanarrraa seera isaanii akkuma jirutti waraabbatanii biyyi Jarmanis jechoota tokko tokko jijiiruun bara 1896

¹⁸ Miiljalee Olii.

¹⁹ Miiljalee Olii, Fuula.684.

²⁰ Miiljalee Olii.

²¹ Miiljalee Olii, Fuula.683.

²² Miiljalee Olii.

²³ Miiljalee Olii, Fuula.687.

fudhatteetti.²⁴ Biyyi Swiizis koodii kana bara 1912 kan baafatte yommuu ta'u, koodiin kun qajeeltowwan waliigalaa kan hammateefi kanneen biroo waliin wayita madaalamu jechoota sasalhaatti kan fayyadamedha.²⁵ Koodiin Biyya Faransaay, Jarmaniifi Swiiz kun immoo walitti dabalamanii koodiiwwan biyyoota adda addaatif bu'uura ta'aniiru.²⁶

Asirratti wanti beekamuu qabu, seeronni kun lamaanuu seera aadaa biyyoota lixaa kan jedhaman ta'uufi kaayyoowwan hawaasummaa isaanii tokkuma ta'uudha.²⁷ Inumaayyuu, yeroo ammaatti immoo, tokkummaan sirnoota lamaan kanaa garaagarummaa isaanii caalee mul'achaa jira.²⁸

Tokkummaan sirnoota seeraa kanaa akkuma jirutti ta'ee, mata duree kana jalatti seera waliigaltee ilaachisee garaagarummaan isaan qaban maal maal kan jedhu irratti waan xiyyeffanuuf qabxiwwan garaagarummaa ibsan qofa irratti xiyyeffanna.

Akka bu'uuraatti, biyyoota sirna seeraa **Civil Law** hordofan keessatti, yaadonni bu'uuraa seera waliigaltee hunduu maddafi maloota sirna seerichaa kan calaqisiisanidha. Seeronni hariiroo hawaasaa ammayyaa, yeroo baay'ee, dhimma waliigalteewwanii kutaa lamatti; kutaa waliigalaa seera waliigalteefi kutaa addaa waliigalteewwan tokko tokko ilaallatan jechuun qoodanii ilaalu.²⁹

Haala kanaan, bilisummaa waliigalteetiitin wal qabatee sirnoota lamaan wayita ilaallu; akka qajeeltootti bilisummaan waliigaltee uumuun sirnoota lamaan keessattuu kan beekamu ta'ullee sirna seeraa **Civil Law** hordofan keessatti immoo seera bifaa jildeeffameen tumatan keessatti daangaawwan hanga ta'e bilisummaa irratti ni kaa'u.³⁰

Seerri waliigaltee, seera mirgoota ykn dirqamoota seeraan eegaman ykn raawwataman kan tarreessu miti. Seerichi, qajeeltowwan gareewwan waliigaltee ittiin qajeelfamuun, osoo daangaa hin darbin, mirgoota ykn dirqamoota isaanii uumuuf isaan dandeessisu muraasa kan

²⁴ Miiljalee Olii, Fuula.688.

²⁵ Miiljalee Olii.

²⁶ Miiljalee Olii.

²⁷ Miiljalee Olii 16, Fuula.701.

²⁸ Rene, D., "Existe-t-il un droit occidental?" in Kurt H. Nadelmann, Arthur T. von Mehren and John N. Hazard (eds), *XXth Century Comparative and Conflicts Law: Legal Essays in Honor of Hessel E. Yntema* (Leiden: A.W. Sijthoff, 1961), p 56.

²⁹ Julian Hermida, CONVERGENCE OF CIVIL LAW AND COMMON LAW CONTRACTS IN THE SPACE FIELD, The Lauterpacht Research Centre for International Law of the University of Cambridge, Faculty of Law, p.06. Available at:

³⁰ Éric Rousseau, Did The Common Law Bias the Economics of Contract..And May It Change?, Law and Economics in Civil Law Countries, vol 6, 2001, p.3.

of keessatti qabatedha.³¹ Kanaafuu, gareewwan waliigaltee ofiif seera uummatu (baafatu) jechuu dandeenya. Waantota seeraan dhorkaman irra osoo hin darbin gareen waliigaltee dhimma waliigaltee isaanii irratti yoo mirga (seera) uuman, seerichi, waliigalteen raawwatame bu'aa akka qabaatu taasisa.

Sirna seeraa aadaa **Common Law** hordofan keessatti, gareewwan waliigaltee ofuma isaaniitiin waliigaltee guutuu ta'e hundeessuun waliigaltee uuman kanaan shoora qindeessuu kan taphataniifi sababa guutuu ta'eef waliigalticha kaka'umsa mataa isaaniitiin raawwachuun garee 3ffaan ykn seerri immoo shoora haala mijessuu ykn waliigaltee guutuu kana dammaqinaan hojiirra oolchuu qofa taphata.³²

Haa ta'u malee, sirna seeraa **Civil Law** hordofan keessatti waliigalteen akkaataa seerri ajajuun raawwatama. Seerri gareewwan waliigaltee kan qindeessu yommuu ta'u, gareewwan kunis seera hordofuun dhimma barbaadan irratti waliif galu.³³ Sirna seeraa **civil law** keessatti, akka bu'uratti, waliigalteen akka hundee hariiroo hawaasummaatti kan lakkaawamuufi qaamni seera baasuufi hiiku hariiroowwan kana gidduu akka seenaaniif kan hin hayyamamneef yoo ta'es qaamoleen kun aangoo qaban kanaan hariiroowwan kana deeggaruun haala gareewwan lamaan nuuf haa hiikamu jedhaniin ykn ibsaniin mirkaneessuu danda'u. Seera waliigaltee ija dinagdeetiin ilaalanii xiinxaluunis caalmaatti sirna seeraa kana keessatti kan beekamudha.³⁴

Sirnoota seeraa lamaanuu keessatti, haaldureewwan waliigaltee hundeessuuf barbaachisan kan argaman ta'ullee sirna seeraa aadaa **Civil Law** hordofan adda kan taasisu, dhimma ulaagaa qajeeltoo haqa hawaasaa waliin wal simuufi simuu dhabuu waliigalteewwanii, addatti baasanii tumuu isaaniiti.³⁵

Sirna seeraa **Common Law** keessatti waliigalteen bu'aa dirqisiisummaa qabaachuuf barreeffamaan ta'uu qaba ykn immoo waan gatii qabuun (bilisummaa hanga tokko daangeffameen) deeggaramuu qaba kan jedhu ta'us, adeemsa keessa ulaagaan kun hafaa dhufeera.³⁶ Sirna Seeraa Sivilii keessatti immoo, sababni seerawaan (lawful cause) hin jiru taanaan waliigalteen hin jiraatu.³⁷ Barreeffamoonni tokko tokko, jecha 'sababa' (causa) jedhu

³¹ Miiljalee Olii.

³² Miiljalee Olii.

³³ Miiljalee Olii.

³⁴ Miiljalee 30, Fuula.7-8.

³⁵ Miiljalee Olii, Fuula.p.6.

³⁶ Miiljalee 31.

³⁷ Miiljalee Olii.

kana jecha sirna seeraa **Common Law** keessatti ‘waan gatii qabu’ (cosideration) jedhamee waamamuun wal fakkeessu. Ta’us garuu, sababni seeraawaan kun, kaayyoo gareewwan waliigaltee wayita waliigaltee hundeessanitti sammuu isaanii keessaa qaban kan ilaallatu waan ta’eef, garaagarummaa ni qabu.³⁸ Biyyoonti akka Jarmaniifi Swiiz garuu, waliigalteewan tokko tokko wayita hundeffaman foormiin barreffamaan ta’ee, dabalaanis qaama aangoo qabu fuulduratti akka mirkanaa’u jechuun dirqisiisuudhaan haala itti sababa waliigalticha to’atan seeraan tumanii, yaada sababa seerawaa jedhu seera isaanii keessaa hambisaniiru.³⁹

Sirnoonni lamaanuu hiikkoo ‘waliigalteewan gama tokko ilaallatan’ (unilateral contracts) jedhuuf kennan irratti, garaagarummaa ni qabu. Akka sirna seeraa **Civil Law**, waliigalteen akkanaa, waliigaltee gareen lachuu waadaa itti waliif seenanifi dhiyeessi yaada waadaa garee dirqamuu qofa (unilateral promise) gahaa itti hin taane yommuu ta’u, sirna seeraa **Common Law** keessatti immoo, waliigalteewan garee tokko dirqisiisu (unilateral contract) jechuun; waliigaltee gareen waliigaltichaan dirqamu yaada waadaa dhiyeessuun isaa qofti gahaa itti ta’udha. Namni waliigaltichi godhameef, yaada waadaa dhiyeessu hin qabu; gochaan fudhachuu isaa agarsiisnaan gahaadha.⁴⁰

Biyyoota sirna seeraa **Civil Law** hordofan keessatti, beenyaan raaw-dhaba (non-performance) waliigalteen wal qabatu kan gaafatamu sababuma akkaataa waliigalteetti hin raawwatamneef qofa osoo hin taane wayita waliigalteen uumametti (hundeffametti), ta’e jedhamee ykn dagannoo cimaadhaan yoo bira darbame malee, gareewwan dursanii dhimma beenyaa dhufuu danda’ a jedhanii yaaduu qabaachuu isaanii ykn kan yaadamuu qabu (kan irratti mari’atamuun irra ture) ta’uu isaa bu’uura godhateeti.⁴¹ Kana jechuun, sababni dhiyoont beenyaa gaafachiisu jiraachuu qaba jechuudha. Sirna seeraa kana keessatti guyyaa murtiin murtaa’u hanga guyyaa murtiitti kan jiru ilaachisee bu’aa silaa argatu dhabe jedhamee, guyyaan xumura waliigaltee immoo guyyaa himanna dursee darbeera yoo ta’e guyyaa sanarrraa kaasee akka mirgaatti gaafatamee murtaa’uu kan danda’u yommuu ta’u jalqaba irratti yaadni kun sirna seeraa **Common Law** keessatti hin beekamu ture.⁴²

³⁸ Miiljalee Olii.

³⁹ Miiljalee 14, Fuula.524.

⁴⁰ Miiljalee 29, Fuula.8.

⁴¹ Miiljalee 17, Fuula.713.

⁴² Miiljalee Olii, Fuula.714.

Waliigaltee hiikuudhaan wal qabatee, biyyoonni sirna seeraa **Common Law** hordofan jechi waliigaltee barreeffamaarra jiru kan nuti irratti waliif galle miti jechuudhaan wayita falmiin uumamu ragaa namaa dhiyeeffachuuun waan irratti waliigalan mirkanoeffachuu kan danda'an yommuu ta'uu sirna seeraa **Civil Law** keessatti garuu qaamni waliigaltee hiiku gareewwan lamaan wayita waliigaltee raawwatanitti maal yaadan kan jedhu barbaaduu waan ta'eef, kunis jechuma irratti waliif galan ilaaluudhaan ta'ee 'jechi keenya kan barreeffame miti kan biroodha' jechuudhaan yeroo baay'ee ragaa dhiyeeffachuuun waliigalteen akka naaf hiikamu jechuun hin danda'amu.⁴³

Gara sirna seeraa biyya keenyatti wayita deebinu, barreeffamoonni hedduun seeronni bu'uuraa (Substantive Laws) biyya keenyaa irra jireessaan sirna seera sivilii irraa kan waraabaman ta'uu kan ibsan yommuu ta'u, seeronni deemsaa immoo irra jireessaan sirna seeraa **Common Law** irraa kan fudhataman ta'uu agarsiisu. Kun immoo, sirni seeraa biyya keenyaa sirna seeraa wal makaa (kan lamaanuu of keessaa qabu) ta'uu namatti agarsiisa. Addatti immoo seera waliigaltee biyya keenyaa wayita ilaallu, akka wixineessaan SHH biyya keenyaa, Rene David wayita SHH bara 1960 wixineessu ibsetti seerri kun maddi isaa inni guddaan seera biyya Swiiz, itti aansuun, seera biyya Faransaayifi sirna seeraa **Common Law** ti⁴⁴ waan ta'eef, tokko tokkoon immoo kutaawwan itti aanan keessatti kan ilaalamani ta'a.

⁴³ Miiljalee 29. fuula.16.

⁴⁴ George Krzecunowich, Formation and Effects of Contracts in Ethiopian Law, Faculty of Law, Addis Ababa University, 1983, p.4. Available at www.abyssinialaw.com

BOQONNAA LAMA

2. WALIIGALTEEWAN HUNDEESSUU (UUMUU), BU'AA WALIIGALTEEWANIFI HARIROO WALIIGALTEEWANIFI GAREE SADAFFAA

Seensa

Akkuma boqonnaa 1ffaa jalatti ibsame, bu'uura SHH kwt 1678tiin waliigaltee seera fuulduрати ragga'aa ta'e tokko hundeessuuf; fedhii guutuu (walta'insi hir'ina hin qabne) namoota waliigaltee uumuuf dandeettii qaban gidduutti uumamuu, qabiyyeen ykn dirqamni waliigaltee haala gahaa ta'een ibsamuu, kan danda'amu fi seera qabeessa ta'uufi foormiin waliigaltee seeraan addatti ajajame (yoo jiraate) hordofamuu qaba. Ulaagaawwan kana keessaa, waa'een fedhii guutuufi rakkowwan kanaan wal qabatanii dursa kan ilaalamu yommuu ta'u, itti aansuun, waliigalteewwan ulaagaa foormii akkamii guutuu qabu?, seera fuulduрати fudhatama argachuuf waliigalteewwan gosa akkamiitu ulaagaa barreeffamaafi mirkanaa'uu guutuu qaba? kan jedhus ni ibsamu. Kana malees, waliigalteen ulaagaa seeraa guutee hundeffame tokko yoo iftoomina dhabe ni hiikama waan ta'eef, qaamoleen waliigaltee hiikuuf aangeffaman qajeeltoo akkamii hordofanii hiiku, haala kamiin yaada gareewwanii bira gahu? kan jedhus ni ilaalamu. Dabalataan, gareewwan waliigaltee keessaa gareen tokko yoo dirqama isaa bahuu dhabe gareen biroon mirgoota akkamii qaba kan jedhuufi waliigalteewwan garee 3ffaa irratti bu'aa akkamii qabaachuu danda'u kan jedhus boqonuma kana keessatti kan ilaalamu ta'u.

Xumura Boqonnaa kanaa irratti, leenjifamtooni;

- Haalota fedhii guutuu gareewwan waliigaltee irratti dhiibbaa uumu danda'aniin wal qabatee rakkowwan qabatamaa jiran adda baafachuun gahumsa isaanii ni fooyeffatu.
- Haala itti seerri waliigaltee hariiroowwan wal xaxaa hawaasa gidduutti uumamuufi daangaawwan waan tokko hubachuu sammuu dhala namaa hubannoo keessa galchee tumamu irratti hubannoo qaban ni gabbifatu.
- Waliigalteewwan mirkaneessuufi galmeessuu jechuun maal jechuu akka ta'e irratti hubannoo qaban ni cimsatu.

- Waliigalteewan qaama aangoo qabu fuulduratti mirkanaa'an bu'aa seeraa akkamii akka qabaataniifi waliigalteewan akkasii haala kamiin akka mormamuu qaban irratti hubannoo qaban ni gabbifatu.
- Haala shallaggii beenyaa dhimmoota waliigalteen wal qabataniifi hariiroo waliigalteefi garee 3ffaa ilaachisee hubannoo qaban ni gabbifatu.

2.1. Waliigalteewan Hundeessuu (Uumuu)

Mata duree kana jalatti, waliigaltee seera fuulduratti fudhatama qabu tokko hundeessuuf ulaagaalee barbaachisan, keessattuu; dhimmoonni fedhii guutuu, qabiyyee waliigalteefi ulaagaawwan foormii SHH kwt 1678 jalatti tumaman tokko tokkoon kan ilaalamta'u.

2.1.1. Fedhii Guutuu (Consent)

Waadaawwan fedhii guutuu malee galaman waadaa waan hin jedhamneef ija seeraatiin akka waadaan hin jirretti fudhatama. Akka fakkeenyatti waadaan tokko dhiibbaadhaan yoo seename waadaan sun waadaa diigamu ta'a. Sirrummaan waliigalteewanii waliigalteen raawwatame tokko fedhii fudhatama qabu bu'uura godhachuufi dhabuu irratti rarra'a. As irratti garuu maalummaan jecha 'fedhii '(Consent) jedhuu yeroo baay'ee iftoomina hin qabu. Ogeessi 'Melvin Aron Eisenberg' jedhamu yeroo ammaatti seerri waliigaltee dantaawwan garaagaraa kan akka hariiroowwan hawaasa gidduu jiru wal xaxaa ta'uu isaa, daangaawwan sammuun dhala namaa waantota hubachuu irratti qabuufi wanni fuulduratti uumamu tilmaamamaa ta'uu dhabuu isaa hubannoo keessa galchee, kanas ulaagaa fedhii guutuu jedhu keessatti akka ilaalamu taasisee, kan tumamu ta'uu ibsa.⁴⁵

Darbee darbee, waliigalteewan battaluma hundeeffamanitti raawwatamuu kan danda'an ta'ullee irra jireessaan, yeroo waliigalteen uummamu (contract formation) fi yeroo waliigalteen raawwatamu (contract performance) garaa garadha. Fedhii guutuun yeroo waliigalteen uumamu ture boodarra yeroo raawwii dhabamuu danda'a. Seerri waliigaltee waliigalteen uumamuuf wal ta'insa (fedhii guutuu) garee tokkoo qofa osoo hin taane kan garee lamaanii kan barbaachisu ta'uu ibsu. Namni tokko adeemsa keessa fedhii ykn yaada isaa waan jijiireef qofa waliigalteen guutummatti hafaa hin ta'u. Garuu yoom sababa garee tokkootiin waliigalteen diigamuu danda'a? gaaffiin jedhu deebi'uu qaba. Haalonni kunis armaan gaditti ni ilaalamu.

⁴⁵ Nancy S.Kim, Relative Consent and Contract Law, Nevada Law Journal, Volume 18, 2017, p.168.

Fedhii guutuun jira jechuuf haaldureen guutamuu ykn jiraachuu qaban; gochi itti yaadamee raawwatame jiraachuu, hubachuu (beekuu)fi dhiibbaa tokko malee fedhii kennuu (hayyamamaa ta'uu) dha. Fedhii guutuun seera fuulduratti fudhatama qabu jira jechuuf haaldureewwan kun sadarkaa hagamiitiin jiraachuu qabu kan jedhus seeraan ifa ta'e ta'eera. Gareen waliigaltee tokko garee biroodhaaf fedhii guutuu isaa kan ibsu jechaan ykn gochaanidha. Waliigalteewwan hunda keessatti mallatoon; gochi ykn jechi fedhii guutudhaan waliigalticha irratti wal ta'uu agarsiisu jiraachuu qabu. Waliigaltee afaniin raawwatame ilaachisee, fedhii guutuun jira jechuuf jechi waadaa jiraachuu kan qabu yommuu ta'u, yoo waliigaltee barreffamaan raawwatame ta'e immoo, mallatoon sanada waliigaltee irratti mallatoefffame agarsiistuu fedhiiti.⁴⁶

Seerri waliigaltee, gareewwan ummataa muraasni dandeetti fedhii guutuu kennuu hin qaban jechuun akka falmii hin kaasnetti gudunfeera. Kunis, hanqina hubannoo (haalduree fedhii guutuu) uumamuu danda'u salphisuufi dhiibbaa malee fedhii guutuu isaanii kennuu akka danda'an dandeessisuufidha. Akka fakkeenyatti, daa'iimman umriin isaanii wagga 18 gadi ta'an, bu'aa gocha isaanii hubachuuf namoota bilchaatan waan hin taaneef, dhiibbaa dandamachuu waan hin dandeenyeef namoota dandeettii hin qabne jedhamanii kan beekamanidha.

Hubannoo (beekumsa) gahaa qabaachudhaan wal qabatee, fakkeenya tokko ilaaluun barbaachisaadha. Namni Kabbadaa jedhamu, waliigaltee bittaafi gurgurtaa dinnichaa, gaafa 01/01/2012, nama Gammadaa jedhamu waliin hundeessaniin; Kabbadaan nama Gammadaa jedhamu, jiraataa Magaalaa Asallaatiif, qarshii 20,000 ergee, namni Gammadaa jedhamu kun immoo, Dinnicha konkolaataa ayisuuzu tokko, Magaalaa Ciroo bakka Kabbadaan jiraatutti dhiyeessuuf waliigalaniiru. Haa ta'u malee, Kabbadaafi Gammadaan, guyyaa dhiyeessii dinnichaa ilaachisee waliigaltee keessatti waan hin ibsineef, Gammadaan konkolaataa ayisuuzu tokkoon, gaafa 01/04/2012 dinnicha dhiyeessee, Kabbadaan immoo, gaafa 01/03/2012 naaf dhiyeessuuf sirra ture jedhee fudhachuu waan dideef falli maal ta'a? fedhii guutuun jira jechuun ni danda'amaa? haala garee gurgure ykn bite fayyaduun hiikuu dandeenyaa? Kabbadaan ji'a barbaadu sana keessa nama birooraa biteera yoo ta'e hoo? Dhimma fakkeenyaaf dhiyaate kana keessatti, guyyaan dhiyeessii dinnichaa waliigaltee keessatti waan hin ibsamneef, Kabaddaan ji'a sadaasaa keessa jedhee, Gammadaan immoo

⁴⁶ Miiljalee Olii, Fuula.169.

ji'a Muddee keessa jedhee yaade. Kun immoo, guyyaa dhiyeessii ilaalchisee Gammadaafi Kabbadaan kan wal hin hubanne (beekumsa gahaa kan hin arganne) ta'uu agarsiisa.

Seerri Hariroo Hawaasaa biyya keenyaa, kwt 1679 jalatti, waliigalteen, dirqamoota gareewwan fedhii guutuudhaan irratti wal ta'uufi nu dirqisiisa jechuun ibsan irratti kan hundaa'u ta'uu tuma. Seerri kun, waliigalteen kamiyyuu fedhii guutuu gareewwanii irratti hundaa'a haa jedhuyyu malee, maalummaa jecha 'fedhii guutuu' (full consent) jedhuu bifaa gabaabaa ta'een hin ibsine. Ta'us garuu, tumaalee SHH kwt 1679 hanga 1695 jalatti gareewwan waliigaltee kallattiin yaada waliif dhiyeessanii, deebii irratti waliif kennanii, tokkoon tokkoon jechaa irratti dubbatanii yoo waliif galan, waliigalteen fedhii guutuudhaan hundeffameera kan jechisiisu ta'uu agarsiisu. Itti fufuun, Seerri kun, waliigalteen tokko yoom ykn haala kam keessatti fedhii guutuudhaan hin raawwatamne akka jedhamuufi bu'aan fedhii guutuu kennuu dhabuu maal akka ta'e tarreesseera waan ta'eef, armaan gaditti ni ilaalamu.

2.1.2. Hir'ina Fedhii Gareewwan Waliigaltee

Bu'uura SHH kwt 1696tiin waliigalteewwan yoo dogoggooraan, gocha afaanfaajjeessatiin ykn dabaan ykn humnaan (dirqisiisuun) raawwataman kan diigamuu danda'an ta'uun tumameera. Keewwatni kun hir'inni fedhii waliigalteen akka diigamu taasisu maal faa akka ta'eefi hir'inni fedhii jiraachuun immoo bu'aa seeraa akkamii akka hordofsiisu bifaa waliigalaatiin kan tumedha.

Seerri kun, kwt 1697fi 1698 jalatti, dogoggorri hundi waliigaltee kan hin diigsisne ta'uufi waliigalteen tokko sababa dogoggoraatiin diigamuuf, dogoggorichi kan bu'uuraafi murteessaa ta'uu akka qabu ibsa. Afaanfaajjessuu (fraud) ilaalchisees, seerri kun kwt 1704 jalatti akka ibsutti; gochi afaanfaajjessaa waliigaltee diigsisuuf, gareen waliigalteen akka diigamuuf gaafatu osoo gochi afaanfaajjessaa ykn dabni narratti hin raawwatamne ta'ee waliigaltee kana hin hundeessun ture jechuun yoo ibse akka ta'e tumeera.

Kana malees, SHH kwt 1706 jalatti waliigalteen sababa dirqamaan raawwatameef kan diigamuu danda'u; dirqamichi lubbuu, qabeenya, kabajafi qaama waliigalteen akka diigamuuf gaafatu, abbaafi haadhaa, ijoolleefi haadha warraa irratti balaa cimaanifi hin hafne kan dhufuu danda'u ta'uu yoo amansiise akka ta'e tumeera.

Dabalataan, seerichi kwt 1710 jalatti, waliigalteen tokko sababuma garee tokko miidheef qofa kan hin diigamne ta'uunifi miidhaan tokko garee tokkorra gaheera jechuuf gareen miidhame

jedhu gareen biroon sababa rakkoo jireenyaa qabaachuu isaatiin, sammuun isaa waantota salphisee kan ilaalu ta'uu isaatiin, sababa umriin deemeef joonja'uu isaatiin, ykn muuxannoo daldalaa ifa ta'e dhabuu isaatiin fedhii isaa argatee kan miidheen ta'uu yoo ibse akka ta'e tumeera.

Dhimma 2^{ffaa}

Dhimma⁴⁷ kana keessatti himattooni himanna dhiyessaniin; himatantuun mana maqaa abbaa keenyaatiin Magaalaa Moojoo Ganda 01 keessatti, lafa bal'inni isaa kaaree meetira 561 ta'e irratti argamu, waliigaltee gaafa 02/08/2010 raawwatameen qarshii 400,000nin bitadhe jettee yeroo isheen maqaa naanneffachuuf jettu waan barreef, abbaan keenya immoo gaafa 10/08/2011 kan du'e yommuu ta'u yeroo waliigalteen kun raawwatame jedhametti nama gargaarsa namaatiin malee hin deemne, dhukkubsataa tiruu hospitaalatti deddebi'aa tureefi nama mana isheetti galaa tureefi bu'aa gocha isaa hin beeknedha. Waliigalteen himatantuun raawwadhe jettu kun dhaala keessaa nu baasuuf ta'e jedhamee kan qophaa'eefi fedhii du'aatiin ala kan raawwatame waan ta'eef akka nuuf diigamu jedhaniiru.

Himatantuun immoo deebii kenniteen; du'aan dhibee tiruu qaba malee dhibee sammuu hin qabu. Du'aan sababa rakkachaa tureef ofumaaf itti yaadee xiinxalee qaama aangoo qabu fuulduratti fedhii guutuu qabaachuun isaafi bu'aa hordofsiisu beekuun isaa mirkanaa'ee mana jedhame kan gurgure waan ta'eef du'aan bu'aa gocha isaa ni beeka moo hin beeku kan jedhu hospitaala irraa qulqulla'ee kufaa naaf haa ta'u jetteetti.

Itti fufuun Manni Murtii Ol'aanaa bitaafi mirga falmisiisee, ragaa bitaafi mirgaa dhagahee, dabalataan dhibee du'aan qabu yaada isaa guutummatti ibsachuu irratti dhiibbaa qabaachuu dhabuu isaa qulqulleessee Hospitaala Paawuloos akka gabaasuuf ajajee hospitaalichis du'aan dhuukkuba tiruu sadarkaa 1ffaadhaan kan qabame ta'uu, dhukkubni kun jeequmsa hirribaa ykn miiraa itti fiduu kan danda'u ta'uu, kun immoo dandeettii waa murteessuu isaa irratti dhiibbaa kan qabu ta'u ibsee gabaasee dhuma irratti wayita ragoolee namaa bitaafi mirgaa madaallu 'du'aan wayita gaafa 02/08/2010 waliigaltee bittaafi gurgurtaa manaa himatantuun waliin mallatteessutti sababa dhibee irra bubbuleenifi himatantuun harkatti kufee tureetiin haala fedhii isaa guutuufi bilisa ta'e kennachuu hin dandeenye keessa jiraachuun isaa haala ragaa namaa himatantuun caalaatti nama amansiisuun mirkaneessaniiru. Ragaan

⁴⁷ Dhimmi kun dhimma Himattoota-Beekaa Gammachuufaa (N-3) fi Himatantuun-Asteer Gammachuufaa gidduutti Manni Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Bahaa dhaddacha gaafa 29/08/2011 ooleen Lakk.Ga.53284 ta'e irratti ilaalee murteessedha.

hosptialarrraa dhiyaates kanuma cimsa waan ta'eef waliigalteen sababa hanqina fedhiitiin kan diigamuu qabudha. Du'aan qarshii 400,000 himatamturraa fudhachuun mirkanaa'eera waan ta'eef himattooni dhaltonni qarshii 400,000 dursanii himatamtuudhaaf deebisuun manni jirenyaa eerame immoo kan dhaaltota hundaati' jechuun murtii kennee jira.

Kanatti aansuun, himattooni kun murtii kennname komachuun abbaan keenya qarshii 400,000 himatamtuu irraa osoo hin fuudhin, nama fuudhuu danda'us osoo hin ta'in, himatamtuu harkattis du'ee osoo jiruu qarshii 400,000 deebisaa jedhamuun keenya sirrii miti jechuun oliyyannoo isaanii MMWO Dhaddacha Dhaabbii Bahaatti dhiyeffatanii manni murtichaa immoo dhaddacha gaafa 17/06/2012 ooleen Lakk.Ga.317334 ta'e irratti:

“...Dhimma amma harkaa qabnu keessatti manni murtii jalaa waliigalteen abbaa himattootaa (oliyyattootaa) (du'aa) fi himatamtuu (d/kennituu) gidduutti raawwatame sababa hir'ina fedhii du'aa qaba jedhameen kan diigame ta'uun hubatameera. Hir'inni fedhii immoo bu'uura tumaa armaan olitti eerametiin (kwt 1679tiin) kan uumamu dirqamoota gareewan seenaniin wal qabatee waan ta'eef, waliigaltee bittaafi gurgurtaa amma diigame kana keessatti immoo dirqamootni du'aa mirga abbaa qabeenyummaa manaa dabarsuu, kan d/kennituu immoo maallaqa kennuudha. Jecha ragoolee namaafi ragaa hospitaala irraa dhiyaterraak akka hubatametti immoo du'aan, yeroo waliigaltee mallatteessutti, haala fedhii isaa guutuu ibsachuu danda'u keessa waan hin turreef, fudheera jedhee waliigaltee irratti mallatteesseera haa jedhamuyyu malee haala inni keessa ture haala maallaqa lakkaawee fudhachuuf isa dandeessisus mit. Du'aan gaafa 02/08/2010 irraa eegalee hanga gaafa du'uutti (gaafa 11/08/2010tti) d/kennituu irraa adda bahuu dhabuunifi ishee bira jiraachuun isaas kan hin haalamnedha. Ragooleen namaa d/kennituu du'aan gaafa 20/07/2010 maallaqa fudhate haa jedhaniyyuu malee waliigalteen gaafa 02/08/2010 raawwatame jedhame immoo haala jecha ragaa namaa kana faallessuun du'aan gaafa 02/08/2010 fudhachuu isaa waan ibsuuf, ragaan namaa d/kennituu inni 1ffaanis haaluma jecha ragoolee namaa oliyyattoota ammaa cimsuun gaafa jalqabaa du'aan mataan na dhukkuba jechaa ture jechuun haala bilisa ta'ee fedhii isaa agarsiisuu danda'u keessa kan hin turre ta'uu mirkaneesseera. D/kennituun ammaa maallaqa kennuun kiyya mirkanaa'eera jechuun ala madda maallaqa sanaafi erga mana keessatti fudhatee booda du'aan to'annoos ishee jala jiru maallaqicha maalirra akka oolche ibsuun waan hin falmineef, sababoota armaan olitiin d/kennituun du'aadhaaf qarshii 400,000

kennitee kan bitte miti jechuudhaan dhaaltonni qarshii hangi isaa eerame kana d/kennituudhaaf deebisuuf hin dirqaman' jechuun murteesseera.

Gaaffiilee Marii

1. Murtii dhimma 2^{ffaa} irratti kennname kana akkamitti ilaaltu?, dhaaltonni bu'uura SHH kwt 1808tiin gaaffii waliigalteen naaf haa diigamuu dhiyeessuu danda'uu?, hir'inni fedhii uumame keewwata SHH isa kam waliin wal qabata?, dhukkubsataa ta'uu isaatiif ragaan hospitaala irraa dhiyaate gahaadhamoo murtiin dhukkubsataa turuu isaa mirkaneessuu dabalataan dhiyaachuu qaba?
2. Murtii dhaddacha dhaabbii bahaan MMWO kanahoo akkamitti ilaaltu?

2.1.3. Qaama (Qabiyyee) Waliigalteewwanii (Object of Contracts)

Waliigalteen kamiyyuu seera hariroo mootummaafi lammii hoogganu (public law) fi imamaammattoota jiran waliin bifa waliitti bu'uun kan rawwatame yoo ta'e beekamti hin argatu; akka raawwatus hin jajjabeefamu. Bu'uura SHH kwt 1711tiin, gareewan waligaltee qaama waliigaltee isaanii bilisummaa guutuudhaan murteeffachuu danda'u. Haa ta'u malee, tumaalee seeraa dirqisiisoo cabsuudhaan waligaltee raawwachuu hin danda'amu. Akka fakkeenyatti, HMFDR kwt 40 jalatti, qabeenyi lafaa kan hin gurguramne ta'uu waan tumeef, kun immoo dhimma gurgurtaa lafaa ilaachisee bilisummaa gareewanii daangessuu isaa waan agarsiisuuf, waligaltee gosa akkanaa raawwachuu hin danda'amu jechuudha.

Qaamni (qabiyyeen) waligaltee (object of a contract) dirqama waligaltichaan seenamu kan ilaallatu yommuu ta'u, dirqamoonni kunis; dirqama mirga qabeenyaay kennuu, dirqama hojjechuu uumuu ykn dirqama gocha tokko raawwachuu irraa of quachuu uumuu ta'uu danda'a. Qaamni waligaltee kun; haala gahaafi ifa ta'een ibsamuu, dirqama raawwachuu isaa danda'amuu ta'u, seera qabeessaafi safuu waliin kan walitti bu'uun hin qabne ta'uun SHH kwt 1714-1716tti bifa waligalaatiin tumameera. Kanaan wal qabatee, yeroo baay'ee, qabiyyeen waligaltee tokko; ifa miti, kan danda'amu miti kan jedhamu yoomidha? kan jedhu qabatamaatti ni falmisiisa. Qabxiwwan falmisiisan kana gaaffilee marii keessatti kaasnee, dhimma 3ffaa armaan gaditti ibsames bu'uura godhannee, mariidhaan gabbisnee ejjennoo wal fakkaataan (walitti dhiyaatu) kan qabatamu ta'a.

Dhimma 3^{ffa}

Dhimma⁴⁸ kana keessatti iyyataan (Yunivarsiitii) himanna waamamtoota irratti dhiyeesseen; waamamaa 1ffaan biyya alaatti baratee xumuree deebi'ee barsiisuuf yunivarsiitii iyyataan immoo kaffaltiwwan adda addaa kaffaluuf waliigaltee mallatteessee ji'a 23f erga baratee booda haala waliigaltee keenyaatiin ala biyya biroo Xaaliyaanii waan deemeef, waamamaa 2ffaan immoo wabii waan ta'eef dimshaashaan qarshii 195,796 akka naaf kaffalan jedheera.

Waamamaa 1ffaan immoo deebii kenneen; yeroon waan hin geenyef itti gaafatamummaa hin qabu kan jedhe yommuu ta'u waamamaa 2ffaanis haaluma wal fakkaatuun falmee ani yoo waamamaa 1ffaan kaffaluu dadhaben itti gaafatama jedheera.

Kana booda, Manni Murtii Ol'aanaa Magaalaa Hawaasaa falmisiisee; yeroon dirqama waliigaltee itti raawwatamu waan hin geenyef, iyyataan boodarra gaafachuu danda'a malee dursee gaafachuu hin danda'u jedheera. Manneen murtii Naannoo Kibbaa sadarkaan jiran murtii kana cimsaniiru.

Dhuma irratti, dhimmichi dhaddacha Ijibbaataa MMWF gahee dhaddachichis '.....waamamaa 1ffaan ji'a 23f bakka itti ergametti erga baratee booda hayyama iyyataatiin ala kaka'umsa mataa isaatiin biyya birootti jijiiramuun isaa erga mirkanaa'ee sababa inni jijiirameefis waliigaltee isaanii bu'uura waliin wal hin qabatu erga ta'ee, kunis erga mirkanaa'ee, waamamaa 1ffaan dursee waliigaltichi akka hin raawwatamne ykn bu'aa akka hin qabaanne taasiseera jechuudha. Haala kanaan, waamamaa 1ffaan dirqama isaa bahuu kan hin dandeenye ta'uun waan hubatameef iyyataan dursee gaafachuu hin danda'u jechuun sirrii miti jedhee murtiiwwan jalaa diigee irra deebi'ee ijoowwan dubbii sirrii ta'e qabatee murtii akka itti kenu jechuun qajeelfamaan gadi deebiseera.

Gaaffilee Marii

1. Dhimma 3^{ffa} armaan olii keessatti dhaddachichi dirqamni waamamaa 1ffaa dirqama hin danda'amnedha jechuun sirriidhamoo miti, dhaddachichi 'waamamaa 1ffaan dirqama isaa bahuu hin dandeenye' jechuun kan ibse dhimma SHH kwt 1715 jalatti haguugame waliin walitti dhufeenyaa qabamoo hin qabu, (Dhaddachichi kwt

⁴⁸ Dhimmi kun dhimma Dhaddacha Ijibbaataa MMWFtiin iyyataa-Yunivarsiitii Hawaasaa fi waamamtoota-Tamasgeen Maamuleefaa (N-2) gidduutti galmeed lakk.70963 (Jildii 13^{ffa}) ta'e irratti dhaddacha gaafa 30/06/2004 ooleen murtii argatedha.

- rogummaa qabu murticha keessatti waan hin caqasneef, kwt roguummaa qabu kaasaa irratti mari'adhaa)
2. Qabiyyeen waliigaltee tokkoo; ifadha, kan danda'amudha, seera ykn safuu hawaasaa waliin walitti hin bu'u kan jennu yoo maal maal guute ykn guutuu dhabedha? (qabiyyee waliigalteewwan gosa adda addaa kaasaa irratti mari'adhaa)

2.1.4. Foormiwwan (Bifa) Waliigalteewwanii

Foormiin (sirni bocama) waliigalteewwanii, qabiyyee (dirqamoota) waliigaltichaa irraa addadha. Bu'uura SHH kwt 1719(1)tiin waliigalteewwan fudhatama qabaachuuf foormii addaatiin bocamuun kan irraa hin eegamne ta'uun akka qajeeltotti tumameera. Seera kana kwt 1678(3) jalatti, gaaleen ‘seerri foormii addaatiin akka raawwatamu yoo ajajeera ta'e’ jedhu foormiin waliigalteewwanii ulaagaa murteessaa dhimma hunda irratti barbaachisu akka hin taane ibsa.⁴⁹ Gareewwan waliigaltee dhimma (dirqama) waliigalteewwanii irratti afaaniin wal ta'uudhaan waliigaltee isaanii raawwachuu ni danda'u. Keewwatichi, cita xiqqaa (2) jalatti garuu foormiin addaa akka hordofamu seeraan ifaan yoo kaayame hordofuu dirqama akka ta'e ibsa. Cita xiqqaan itti aanu immoo, gareewwan waliigaltee waliigalteen isaanii foormii addaa hordofuu qaba jechuun walta'uu ni danda'u jedha.

Gosoota waliigalteewwanii muraasa irratti waliigalteewwan bifaa addaatiin ta'uu qaba kan jedhaman faayidaa waliigalaa hawaasichaa kabachisuufidha. Haala addaatiin, seeronni, gareewwan waliigaltee sanada barreeffamaa qofa dhiyeessuudhaan haala mirkaneessa waliigaltichaa akka salphisan ykn walitti bu'iinsa uumamuu danda'u akka hir'isan taasisuuf, waliigateen akka kabajaman mirkaneessuun lammileen sodaa tokko malee akka daldalatanii fi misoomaa ariifachiisaa akka fidan taasisuuf, gareewwan walgalteewwanii yeroo itti yaadan akka argatan ykn ariitiidhaan dhimma murteessaa isaan dirqisiisutti akka hin seenne gochuuf (precautionary role) fi akkasumas gareewwan waliigaltee dadhaboo (laafaa) ta'an eeguuf (protective) dhimmoota muraasa ilaalchisee foormiin addaa (barreeffamaan ta'uu) akka hordofamuu qabu ajajuu ni danda'u.

Foormiin waliigaltee tokkoo, addatti seeraan kan tumamu kaayyoo waliigalticha mirkaneessuutiif ykn waliigatichi seera fuulduratti akka fudhatama qabaatu (ragga'u)

⁴⁹ Miiljalee 44, Fuula.15.

taasisuuf ta'uu danda'a.⁵⁰ Bu'uura SHH kwt 1678tiin, foormiin addaa yeroo seeraan ajajametti ragga'uu waliigalteef ulaagaa bu'urati. Tumaaleen SHH kwt 1719 hanga 1730tti jiran waliigalteewwan gosa muraasa ilaachisee foormiin addaa hordofamuu akka qabu ibsu. Kaayyoon foormii kanaa, waliigalteewwan kun seera fuulduratti fudhatama qabaachuuf, ulaagaa isaan guutuu qaban hogganuuf malee foormii waliigalticha mirkaneessuuf barbaachisan ta'uu agarsiisuuf miti.⁵¹ Haala kanaan, SHH waliigalteewwan mirgoota qabeenya hin sochooneen walqabatan muraasa, waliigalteewwan mootummaa waliin godhaman, waliigalteewwan wabummaa fi inshuraansii foormii addaatiin ta'uu akka qaban tumeera. Bu'uura kanaan, waliigalteen foormii dirqisiisaa seeraan taa'e hin guutne (foormii waliigaltichaa fudhatama dhabsiisu)fi tumaalee dirqisiisoo seeraan ta'an hin hordofne mana murtiitti yoo dhiyaate, manni murtii waan seera fuulduratti fudhatama qabu qofa fuudhee keessummeessuuf (raawwachiisuuf) kan hundeffame waan ta'eef, mirgoota seera bu'uuraatiin kabajamanifi tumaalee dirqisiisoo seeraas hojirra oolchuuf dirqama waan qabuuf, waliigalteewwan ulaagaa eerame kana hin guunne kufaa taasisuu qaba.

SHH kwt 1720(1) jalatti bu'aa tumaalee foormiwwan ilaallatanii wayita ibsu, seerri waliigalteen tokko bifaa addaatiin raawwatamuu qaba jechuun kan tume ta'ee garuu gareewwan bifaa addaa kana yoo hin hordofin hafan waliigalteen ija seeraatiin hin jiraatu; wixinee qofas jedhamee waan ilaalamuu seera duratti beekamtii hin qabaatu. Akka fakkeenyatti, waliigalteen inshuraansii tokko bu'uura SHH kwt 1725tiin barreeffamaan yoo hin raawwatamne seera fuulduratti waliigalteen inshuraansii ragga'e hin jiraatu jechuudha. Kana jechuun immoo, hima biraatin, ragaa namaa dhagahuudhaan waliigalteen ulaagaa foormii addaa Seera Muummeetiin tumame hin guutne akka ragga'u taasisuun hin danda'amu jechuudha.⁵²

Qabxii biroon mata duree kana jalatti ilaalamuu qabu waliigalteen foormii addaatiin raawwatamuu qaba wayita jedhamu barreeffamaan ta'uu qofa ilaallatamoo ulaagaalee dabalataa kan akka qaama ilaallatu fuulduratti mirkanaa'uufi galmaa'u ni dabalata kan jedhudha. Kanaan wal qabatee, Seerri Hariiroo Hawaasaa kwt 1720(2)fi (3) jalatti tumaaleen

⁵⁰ Miiljalee Olii.

⁵¹ Miiljalee Olii.

⁵² Seerri madda ol'aanaa SHH biyya keenyati jedhamu, Seerri Biyya Swizerlaand, haaluma walfakkaatuun 'If a formal requirement as established by legislation has not been realized, the contract, at the level of substantive law, is void (*i.e.* evidence of the oral conclusion of the contract by the party entering obligation could not validate it; see Art.11 II of the Swiss Civil Code' jedha.

kaffaltii tambeerafi kaffaltii gibiraa, fi tumaaleen beeksisa ilaallatan hordofamuu dhabuun waliigaltichi akka hin raggaane hin taasisu jedha. Labsiin Gibira Tamberaa, Labsii Lakk.110/1998, immoo kwt 10 jalatti sanadootni kaffaltiin tambeeraa sirrii ta'e itti hin kaffalamne, dhimma sivilii irratti, akka ragaatti dhiyaachuu akka hin dandeenye (qaama seeraan aangoo ragaa fuudhuu qabu biratti fudhatama akka hin qabne) fi boodarra dachaadhaan shallagee yoo kaffale fudhatama qabaachuu kan danda'u ta'uu tuma. Tumaalee armaan olii kanarrraa kan hubatamu akka qajeeltotti fakkeenyaaaf waliigalteen bakka bu'ummaa tokko sababa kaffaltiin gibiraa hin kaffalamneef hin ragga'u kan hin jedhamne ta'uu, barreffamni jiraachuun ragga'uudhaaf gahaa ta'uu garuu akka ragaatti fudhatama argachuuf immoo kaffaltiin tambeeraa irratti kaffalamuu akka qabuu fi kaffalamuu dhabuun yeroodhafis ta'u (hanga kaffalamutti) fudhatama kan dhabsiisu ta'uudha.

2.1.4.1. Waliigalteewwan Mirkanaa'uifi Galmaa'uu Qaban

Bu'uura SHH kwt 1723fi 1724tiin waliigalteewwan qabeenya hin sochoone ilaallataniifi waliigalteewwan qaama bulchiinsaa waliin raawwataman barreffamaan ta'ee qaama galmeessuuf aangoo qabu biratti galmaa'uu qabu. Jechi **galmaa'uu** ykn 'registered ta'uu qaba jedhu hiikni isaa qaama sanada sana bulchuuf aangoo qabu bira galmaa'ee taa'uu qaba jechuu akka ta'e ogeessonni tokko tokko ni ibsu. Ogeessonni seeraa tokko tokko⁵³ 'Waliigalteewwan kun barreffamaan ta'anii garuu immoo ulaagaan galmaa'uu qofti yoo hin guutin hafe waliigaltichi gareewwan raawwatan gidduutti kan ragga'u ta'uifi galmeessi garee 3ffaa irratti qofa dhiibbaa qabaata kan jedhan yommuu ta'u, ogeessonni biroon immoo waliigaltichi barreffamaan ta'uun qofti gahaa miti, yoo hin galmaa'in gareewwan gidduuttiyyuu waliigalteen ragga'e hin jiraatu jedhu. Eijjennoowwan kun bifaa gaaffii mariitiin irra deebiidhaan ka'anii mariidhaan kan gabbifaman waan ta'eef, akkuma jiranitti bira tarree, itti fufuun, labsiin mirkaneessaafi galmeessa sanadaatiin wal qabatee bahe falmiwwan kanaaf rogummaa waan qabuuf kan ilaalamu ta'a.

Labsiin Mirkaneessa fi Galmeessa Sanadootaa, Labsiin lakk.334/1995 (Labsii Lakk.467/1997 akka fooyya'etti), kwt. 5(1)(a) jalatti, bu'uura seera rogummaa qabuun sanadootni mirkanaa'uu fi galmaa'uu qaban yoo galmaa'uu baatan bu'aa seeraa akka hin qabne tumeera. Sanadootni galmaa'uifi mirkanaa'uu qaban kun kam fa'i kan jedhu ilaachisee Labsiin kun hanga tokko kan tarreesse ta'ullee dhimma waliigaltee qabeenya hin sochooneen wal qabatee uumamuu ilaachisee ifatti hin keenye. SHHs kwt 1723 jalatti waa'ee galmeessuu qofa ibsa

⁵³ Eijjennoowwan Abbootiin seeraafi Abbaan Alangaa Naannoo Oromiyaa, Leenjii Hojiirraa ILQSOdhaan kennameef irratti Ji'a Amajjii, bara 2005 keessa calaqqisiisan.

malee waa'ee mirkaneessuu hin ibsu. Ta'us garuu, labsiin SHH kwt 1723 fooyyessuuf bahe, Labsiin Lakk.639/2001, waliigalteewan qabeenya hin sochooneen wal qabataniifi keewwaticha jalatti tarreffaman keessaan kan mirkanaa'uufi galmaa'uuh hin qabne qofa haala addaatiin keessaan baasee kanneen biroon mirkanaa'uuh kan qaban ta'uu isaa haala agarsiisuun tumeera waan ta'eef, falmiin waa'ee mirkanaa'uuh ilaalcissee ka'u labsii kanaan gudunfaa argateera jechuun ni danda'ama.

Labsiin mirkaneessaafi galmeessa sanadaa kun, sanada mirkaneessuufi galmeessuu jechuun maal akka ta'e ilaalcisees hiikkoo ifa ta'e kenneera. Labsichi kwt 2(1) jalatti **sanada mirkaneessuu** jechuun wayita namni sanada haaraa qopheessee dhiyesse ykn gareen ilaallatu mallatteessu arguu, kanuma mirkaneessuun mallatteessee chaaphessuudhaan, ykn sanada dursee mallattaa'e ilaalcissee, mallattoon dursee mallattaa'efi chaapheffamee mallattoo fakkeenyummaaf dhiyaate 'samuuda' waliin tokko ta'uu isaa ykn isa chaapheffamee waliin tokko ta'uu isaa jecha kakuutiin mirkaneeffatee, mallattoofi chaaphaadhaan mirkaneessuu jechuu akka ta'e ibsa.

Itti fufuun, labsiin kun kwt 2(3) jalatti immoo **sanada galmeessuu** jechuun sanada mirkanaa'e tokko galmee dhimmuma kanaaf qophaa'e irratti lakkoofsa addaa kennaniifii galmeessuun kaa'uu (deposit) ykn sanada akka ta'uu jedhame fuudhanii galmeessanii kaa'uu jechuu akka ta'e ibsa. Kana malees, labsiin kun keewwattoota 4 fi 15 jalatti immoo hojiin mirkaneessuu dandeettii fi mirga (aangoo) gareewwan mallatteessanii, garee 3ffaa akkasumas, seerummaa waliigaltichaa mirkaneessuu akka dabalatu ibsameera. Labsiin kun, kwt 3 fi 19 jalatti sadarkaa naannotti qaamni sanada mirkaneessuufi galmeessuuf aangoo qabu qaama bu'uura seera naannootiin labsii raawwachiisuuf aangeffame ta'uu ibsa. Labsiin kun kwt 27 jalatti, waliigalteen haala armaan olitti eerameen mirkanaa'eefi galmaa'e sanada ragaa kan biroon irratti hin dhiyanneefi amantaa guutuun irratti gatamu ta'uu isaa, fi sababa gahaadhaan yoo manni murtii hayyame qofa mormamuu kan danda'u ta'uu eera.

Kanaan wal qabatee qabatamaatti, gama tokkoon maalummaa jecha 'mirkaneessuu' fi galmeessuu' jedhuu irratti rakkoon hubannoo kan jiru yommuu ta'u gama birootiin immoo sanadni mirkanaa'e bu'aa seeraa akkamii qabaata? haala kamiin mormiin irratti dhiyaachuu danda'a? kan jedhu ilaalcisees haala armaan olitti ibsameen gadi fageenyaan hin hubatamne.

Kana malees, dhimma foormii waliigaltee bittaafi gurgurtaa manaa ilaalcissee ogeessota gidduutti garaagarummaan ejjennoo jira. Ejjennoo 1ffaan; waliigaltee bittaafi gurgurtaa qabeenya hin sochoonee ilaalcissee seerri addaa (SHH kwt 2877) barreeffamaan

raawwatamee jennaan gahaa ta'uu waan agarsiisuuf, ulaagaan galmeessuu immoo garee 3ffaadhaaf malee gareewwaniif waan hin taaneef, bu'uura kwt 1676(1) fi (2)tiin kutaa addaa seerichaa wayita ilaallus kutaan waliigalaa raawwatiinsa kan qabaatu kutaan addaa dhimmichaaf furmaata hin kenu yoo ta'e qofa waan ta'eef, waliigaltee bittaafi gurgurtaa manaa ilaalchisee ulaagaan mirkaneessuufi galmeessuu (kwt 1723 jalatti kan eerame) hin barbaachisu kan jedhu yommuu ta'u, Ejjennoo 2ffaan immoo waliigalteen bittaafi gurgurtaa manaa ragga'uuf **barreefamaan ta'uu qofa osoo hin ta'in qaama aangoo qabu birattis galmaa'u qaba.** SHH kwt 1723(1) jalatti foormii waliigalteewwan qabeenya hin sochooneen wal qabatan hordofuu qaban tumameera. Kutaa addaa (kwt 2877) jalatti ulaagaan barreeffamaa qofti kan ibsame ta'ullee dhimmi galmeessaa dabalataan kutaa waliigalaa kwt 1723 (1) jalatti eerameera waan ta'eef, waliigalteewwan qabeenya hin sochooneen wal qabatan galmaa'uifi mirkanaa'u qabu kan jedhudha. Ejjennoowwan kun lamaanis, dhimmoota qabatamoo armaan gadiifi seerota armaan olitti ibsaman bu'uura godhatanii, erga irratti mari'atamanii booda, ejjennoo wal fakkaataan kan qabatamu ta'a.

Dhimma 4^{ffa}

Dhimma⁵⁴ kana keessatti himataan himanna dhiyeesseen; himatamaa 1ffaan mana Magaalaa Boqojji, Ganda 01, lafa bal'inni isaa kaaree meetira 200 ta'e irratti argamu, qarshii 16,000n gaafa 06/11/2002 natti gurguree maqaa naaf naannessuu dideera. Himatamaa 2ffaanis dirqama seeraan qabu raawwachuu waan dideef waliin ta'uun akka maqaa naaf naannessan jedheera.

Himatamtoonis haaluun deebii erga kennanii booda giddutti jiddu lixaan immoo mana jedhame kan bite anadha. Gaafa 27/7/2002n qarshii 190,000n bite waan ta'eef, himannaan isaa kufaa ta'uu qaba jedheera. Himatamaa 1ffaan deebii iyyannoo jiddu lixummaa ilaalchisee kenne keessatti 'ani himataatti hin gurgurre jiddu lixaatti malee jedheera.

Itti aansuun, Manni Murtii Aanaa falmisiisee ragaa namaa bitaafi mirgaa dhagahuun dhuma irratti '.....Ragaan waliigaltee barreeffamaa jiddu lixaan safara keessatti barreeffamee dhiyeeffate kun seeraan wal bira yommuu ilaallu ragaan bittaafi gurgurtaa qabeenya dhaabbataa irratti raawwatamu bu'uura SHH kwt 1723tiin qaama aangoo qabu fuulduratti yoo mirkanaa'e malee akka bittaafi gurgurtaa osoo hin taane akka wixinee ykn ragaa

⁵⁴ Dhimma Mana Murtii Aanaa Leemmuufi Bilbilotti Lakk.Ga.38359 ta'e irratti dhaddacha gaafa 15/01/2011 ooleen himataa-Zanbaabaa Ejersaafi Himatamtoota-Waganee Tafarraafi Ejensii Misoomaafi Manajimantii Lafa Magaalaa Boqojji, Jiddu Lixaa-Balaachoo Mindawun giddutti ilaalam murtii argatedha.

calqabaa bittaafi gurgurtaa malee akka ragaa bittaafi gurgurtaatti kan nama lakkoofsisu miti. Waliigaltee himataan dhiyeesse kan hin mirkanoofnefi safara keessatti kan raawwatame ta'ullee himataan saayit pilaanii orijinaalaafi nagahee itti gabbare of harkaa qaba. Ragaan pilaanii orijinaalli maqaa gurgurataatiin jiru himataa harka jiraachuun qofti kan himataa hin taasisu. Ijoon ilaalamuu qabu; yoo namni tokko yeroo tokko haadha warraa hin qabu jechuun ragaa dhiyeessee yeroo biroo immoo haadha warraa isaa waliin gurgure maqaan kan naanna'uu qabu isa dursee biteefimoo isa boodarra biteefidha? akkaataa seeraatti bitataan duraa mirga waan qabuuf waliigalteen 2^{ffaa} duubatti deebi'uu qaba. Waliigalteen inni duraa jiddu lixaafi himatamaa 1^{ffaa} gidduutti raawwatame wixinee ta'us himatamaa 1^{ffaan} dhiyaatee jiddu lixaatti gurguruu waan amaneef, bu'uura amantaa isaatiin waajjirri himatamaa 2^{ffaa}n jiddu lixaadhaaf maqaa akka naanneessu' jechuun murteesseera.

Himataan murtii kana komatee, Mana Murtii Ol'aanaa Godina Arsiitti komii wayita dhiyeeffaatu, manni murtichaa immoo dhaddacha gaafa 3/04/2012 ooleen Lakk.Ga.90266 ta'e irratti 'hojjettuun waajjira himatamaa 2^{ffaa} jalaa namni Qiddist jedhamtu waliigaltee himataa jalaafi himatamaa 1^{ffaa} jalaa gidduu jiru galmeessuu ishee waan ibsiteef, himataan jalaa (oliyyataan ammaa) akkaataa seeraatti sanadoota manichaan wal qabatan of harkaan gaheera waan ta'eef, manni kan himataati. Maqaan himataadhaaf naanna'uu qaba jechuun murtii Mana Murtii Aanaa diigeera.

Dhimma 5^{ffaa}

Dhimma⁵⁵ kana keessatti iyyattuun himannaa dhiyeessiteen; waamamtooni 1^{ffaa} fi 2^{ffaan} mana kaartaa Lakk.E/05/026 ta'een beekamufi Magaalaa Bishooftuu ganda 01 keessatti argamu qarshii 32,000n gaafa 01/06/2003 natti gurguruun sanadoota hunda na harkaan gahanii bakka bu'ummaas erga naaf kennanii booda gaafa 22/10/2003 deebi'anii waamamaa 3^{ffaa}tti waan gurguraniif, waamamaa 4^{ffaan} (Ejensii Lafaa) immoo qulqulleeffatee maqaa naannessuu osoo qabuu waan dhiiseef, waliigalteen waamamtoota gidduutti uumame hafaa ta'ee kiyya akka naaf mirkanaa'u jedheera.

Waamamtooni 1^{ffaa} fi 2^{ffaa}n immoo deebii kennaniin; iyyattuutti gurguruu osoo hin haalin sababa waamamaa 3^{ffaa}n abbaa warraa iyyattuu ta'eef naannessineef jedhaniiru. Waamamaa

⁵⁵ Dhimmi kun dhimma Dhaddacha Ijibbaataa MMWFtiin iyyattuu-Innaannii Tasammaa fi Waamamtoota-Qees G/Mariyaam Dammaqaafaa (N-4) gidduutti galme lakk.123761 (Jildii 22^{ffaa}) ta'e irratti dhaddacha gaafa 25/01/2010 ooleen murtii argatedha.

3^{ffaa}n immoo erga gaa'illi diigameen bitadhe kan jedhe yommuu ta'u, waamamaa 4ffaanis iyyattuufi waamamaa 3ffaan sobaan falmu jedheera.

Kana booda, namni kan biroon 'ani haadha warraa waamamaa 3^{ffaa}ti' kan jettu giddu lixummaadhaan iyyannoo dhiyeeffattee Manni Murtii Aanaa Ada'aa falmisiisee waliigalteen iyyattuufi waamamtoota 1^{ffaa}fi 2^{ffaa} gidduutti raawwatame hin galmoofne waan ta'eef, waliigalteen waamamtoota 1^{ffaa}fi 2^{ffaa}, fi 3^{ffaa} gidduutti raawwatame immoo galmaa'ee maqaan gara waamamaa 3^{ffaa}tti naanna'eera waan ta'eef, ergasiis maqaan nama Hayiluu jedhamutti naanna'eera waan ta'eef waliigalteen iyyattuu fudhatama hin qabu. Iyyannoona jiddu lixummaa haati warraa waamamaa 3^{ffaa} dhiyeeffates fudhatama hin qabu jedhee himannaas ishee kufaa taasiseera.

Itti aansuun, murtichi komatamee Mana Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Bahaa gahee, manni murtichaas nama caalbaasiidhanan waamamaa 3^{ffaa} irraa bitadhe jedhu (Hayiluu Saahilee kan jedhamu) waamee falmisiisee manni ajaja caalbaasii mana murtiitiin qarshii 240,000n nama Hayiluu jedhamutti gurguramee maqaan naanna'ee waan jiruuf manni murtii aanaa himannaas kuffisuun sirriidha jedheera.

Murtii kana Dhaddachi Ijibbaataa MMWO kan cimse yommuu ta'u, dhaddachi Ijibbaataa MMWFs '.....iyyattuun waliigaltee ishee waan hin galmeessisneef garee 3ffaa mirga argate irratti mormii kaasuu hin dandeessu. Namni Hayiluu jedhamu ajaja caalbaasiitiin bitatee maqaa gara isaatti naanneeffatee manicha waan harka isaatii qabuuf, waliigalteen waamamtooni 1^{ffaa}fi 2^{ffaa}n, waamamaa 3^{ffaa} waliin raawwatanis galmaa'ee maqaan naanna'eera waan ta'eef, iyyattuun mana bitadheera jechuuf mirga hin qabdu jechuun murtiwwan manneen murtii jalaatiin kennaman cimseera.

Dhimma 6^{ffaa}

Dhimma⁵⁶ kana keessatti himattuun himannaas dhiyeessiteen; himatamaa 2^{ffaa}n obboleessa kiyya waan ta'eef mana lakk.kaartaa isaa 73527/97 ta'eefi lafa bal'inni isaa k.m.170 ta'e irratti argamu qabsiisee maallaqa akka liqeeffatuuf akka gurguruuf, jijiiruuf bakka bu'ummaa gaafa 23/09/2010 qophaa'e kenneefii booda aangoo kennameefiin ala bahuun haala walitti bu'iinsi faayidaa mul'atuun waliigaltee gaafa 01/09/2010 raawwatameen mana kana obboleessa abbaa isaa himatamaa 1^{ffaa}tti gurguree bu'uura waliigalteetiin akkan

⁵⁶ Dhimmi kun dhimma Mana Murtii Ol'aanaa Godina Adda Adaamaatti Himattuu- Balaayinash Tasfaayee fi himatamtoota-Fiqaaduu Baqqalaafaa (N-2) gidduutti dhaddacha gaafa 22/09/2011 ooleen Lakk.Ga.30910 ta'e irratti murtii argatedha.

raawwadhuuf of-eeggannoo waan naaf kenneef, himatamaa 2^{ffaa}n mana dursee qarshii 8,000,000titti tilmaamamee ture qarshii 2,000,000n haala dantaa kiyya miidhuun maallaqas osoo naaf hin kennin fira isaa nama bituu hin dandeenyetti sobaan gurgureera waan jedheef, himatamaa 1^{ffaa}nis osoo beekuu waan biteef waliigalteen kun bu'uura SHH kwt 1810, 2087fi 2187 akka naaf diigamu jetteetti.

Himatamaa 2^{ffaa}n immoo deebii kenneen; ani bakka bu'ummaa guutuu himattuun naaf kennite irratti hundaa'een gurgurtaa raawwadhe. Manni maqaa himattuutiin kan ta'e wal amantaadhaan malee manni kiyya ta'uu himattuunuu ni beekti. Ragaa gaa'ilaa hin qabu jedhu isheetu naaf fide. Manni kun yeroo gurguramu ni beekti. Firummaan kan natti aanu himattuudha malee nama bitatu miti. Manni qarshii 2,000,000 ta'uun ogeessaan tilmaamameeti. Himatamaa 1ffaan immoo manni murtii aangoo hin qabu. Ani himatamaa 2^{ffaa}n bakka bu'ummaa qabaachuu isaa mirkanoeffadheen qaama aangoo qabu biratti waliigaltee bittaa raawwadhe waan ta'eef himannaan ishee fudhatama hin qabu. Sababa gatiitiin waliigalteen diigamuu kan hin dandeenye ta'uun SHH kwt 1710(1) jalatti tumameera. Himattuun waraqaa qulqullinaa waan dhiyeessuu diddeef dhiyeessitee maqaa akka naaf naannessitu jechuun qaxxaamuraan himanna dhiyeesseera.

Himattuun himanna qaxxaamuraa dhiyaate irratti deebii kenniteen; ani waliigalteen akka naaf diigamu gaafachaan jira waan ta'eef waliigaltee sobaa waan ta'eef himannaan qaxxaamuraa kufaa akka naaf ta'u, maallaqni immoo himatamaa 2^{ffaa} waan ilaallatuuf akka falmiitti naaf makamu jetteetti. Himatamaa 2^{ffaa}nis falmiitti makamee himatamaa 1^{ffaa}n waliigalteen diigamee maallaqni naaf haa deebi'u waan hin jenneef, falmiin himattu kufaa naaf haa ta'u jedheera.

Itti aansuun, manni murtii Ol'aanaa falmisiisee mormii sadarkaa duraa aangoo mana murtii ilaachissee ka'e kufaa taasissee ragaa bitaafi mirgaa dhagahee dabalataan Ejensiin Misoomaafi Manajimantii Lafaa garagalcha waliigaltee akka dhiyeessu, Waajirri Konistiraakshinii immoo manicha tilmaamuun akka ergu ajajee bu'aan dhiyaatee dhuma irratti waliigalteen himatamtoota gidduutti kan raawwatame haala dantaa himattuu waliin wal faallessuun kan raawwatame waan ta'eef, himatamaa 2^{ffaa}n gurguruu isaas himattuutti hin himne waan ta'eef, waliigaltichi sammuu qulqulluun haala dantaa himattuu eeguunis kan raawwatame waan hin taaneef diigameera. Waliigalteen waan diigameef seerummaa himatamaa 1^{ffaa}n gaafates fudhatama hin qabu jedheera.

Kana booda, himatamtoonni Dhaddacha Dhaabbii Bahaa MMWOTTI oliyyannoo fudhatanii dhaddachichi immoo dhaddacha gaafa 12/05/2012 ooleen Lakk.Ga.308571 ta'e irratti qabxiwwan komii adda addaa erga xiinxalee booda haala mirkanaa'uufi galmaa'uu waliigaltichaa ilaalcissee immoo; qaamni galmeessuuf aangoo qabu duuchumatti waliigalteen bittaafi gurgurtaa manaa galmaa'eera jechuun haa gabaasuyyuu malee sanadni waliigaltichaa bu'uura Labsii Lakk.334/1995 kwt 2(1)tiin mallattoo Abbaa Taayitaatiin kan hin mirkanoofne waan ta'eef, mirkanaa'uun duras akkaataa labsiin kun ajajutti iyyannoona kakuudhaan deeggaramee qaama aangeffame kanatti waan hin dhiyaanneef, waliigalteen bittaafi gurgurtaa manaa kun kan mirkanaa'eefi galmaa'edha jechuun hin danda'am. Kanaaf, manni kan deebii kennituuti jedhamuun sirriidha jechuun murtii mana murtii ol'aanaa godinichaa cimseera.

Gaaffiilee Marii

1. Ejjennoowwan 1^{ffa}fi 2^{ffa} armaan olitti (ejjennoowwan dhimma 4^{ffa} dursuun) ibsam keessaa isa kamtu dhama qabeessa? Ejjennoowwan kun bu'uura xiinxala armaan oliitiin (xiinxala Labsii Lakk.334/1994 waliin wal qabatee taasifameen) furmaata argatanmoo? Hin arganne?
2. Dhimma 4^{ffa} armaan olii keessatti firriwwan dubbii dabalataa 'manni falmiif sababa ta'e qabatamaatti harka jiddu lixaa jiraachuu, sanadoonni manaan wal qabatan immoo harka himataa jalaa jiraachuu, himataafi jiddu lixaan waliigaltee barreffamaa himatamaa 1^{ffa} jalaa waliin raawwatame jedhan dhiyeffataniiru. Himatamaa 1ffaan waliigaltee himataa waliin raawwate jedhame irratti mallattoo isaa hin haalle, hojjettuun waajjira himatamaa 2^{ffa} namni Qiddist jedhamtu immoo himataan waliigaltee qabatee waajjiricha deemee iyyachuufi hoogganaan waajjirichaa akka mallatteessuuf eegaa turuu' ibsiteetti'. Kana bu'uura godhannee, murtiwwan kennaman keessaa kamtu sirriidha jettu?, Waliigalteen himataafi himatamaa 1^{ffa} gidduu jiru mirkanaa'eera ykn galmaa'eera jechuun ni danda'amaa?, bitataa sirriin himataadhamoo jiddu lixaadha, gurgurtaa qabeenya hin sochoonee keessatti guyyaa waliigalteen raawwatameef ykn nama qabeenyicha qabatee jiruuf dursa kennuun bitataa sirrii mirkaneessuun ni danda'amaa?
3. Dhimma 5^{ffa} armaan olii keessatti iyyattuun dursa bitachuun isheefi waamamtoonni 1^{ffa}fi 2^{ffa}n itti gurguruu isaanii osoo hin haalin sababuma maqaan naanna'eefi waliigalteen iyyattuu immoo hin mirkanaa'iniif mirga hin qabdu jedhamuun

- sirriidhamoo miti?, Sanada manicha ilaallatu iyyattuun dursitee erga fudhattee haalli itti sanadni yeroo 2ffaaf argamee maqaan itti naanna'e qulqullaa'uu hin qabu turee?
4. Murtii dhimma 6^{ffaa} irratti kennname akkamitti ilaaltu? Qaamni galmeessuuf aangoo qabu waliigaltichi mirkanaa'eera jedhee gabaasa yoo taasise gahaadha moo mirkanaa'uun isaa garagalcha waliigalticharraa argamuu qaba?
 5. Haala hojiirra oolmaa tumaalee foormii waliigaltee ilaalchisee SHH keessatti tumameen wal qabatee, ogeessonni seeraa tokko tokko 'Dhimma foormii addaa seeraan tumamee ilaalchisee yoo gareewwan falmii kaasuu baatanillee manni murtii kaka'ummsa isaatiin kaasuu ni danda'aa. Kaayyoo seerichaa galmaan gahuudhaaf qaamni mana murtii caalaa carraa fooyya'aa qabu waan hin jirreef, manni murtii naannoo kanatti dammaqinaan hojjachutu irraa eegama' jedhu. Isin maal jettu? Yoo gareen faallaa waliigalteen ragga'e nu gidduu jira jechuun amanehoo, manni murtii kaka'umsuma mataa isaatiin battaluma himanna garee himatee fuudhutti sababa himannoo hin qabu, ulaagaa seera muumeetiin taa'e hin guutne jedhamoo haala kamiin to'ata?

2.2. Bu'aa Waliigalteewwanii

Seensa

Seerri Hariiroo Hawaasaa kwt 1731 jalatti waliigalteewwan akkaataa seerri ajajutti raawwataman gareewwan raawwatan akka seeraatti kan dirqisiisu ta'uun tumameera. Gareewwan waliigaltee qabiyyee waliigaltee isaanii murteessuu ni danda'u. Haa ta'u malee, tumaalee dirqisiisoo seeraa ilaalchisee gareewwan irraa maquu hin danda'an. Tarii, waliigalteewwan hundeffaman hundi ni raawwatamu jedhamee kan eegamu ta'ullee iftoomina dhabuu danda'u. Yeroo kanatti, waliigalteewwan kun ni hiikamu jechuudha. Kana malees, gareewwan waliigaltee keessaa tokko sababa dirqama isaa hin baaneef waliigalteewwan osoo hin raawwatamin hafuu danda'u. Haalli kun wayita uumamus mirga gareewwan qaban seeraan taa'era waan ta'eef, kutaa kana jalatti kan ilaalamu ta'a.

2.2.1. Waliigalteewwan Hiikuu

Waliigalteewwan hiikuun, sochiwwan daldalaa biyya tokkoo amanamaa taasisuu keessatti gumaacha murteessaa kan qabu ta'uun beekamadha. Ta'us garuu adeemsa waliigalteewwan hiikuu keessatti yaadni gareewwan waliigaltee raawwatanii wayita waliigaltichi raawwatamutti maal ture kan jedhu haala itti adda baafaman ilaalchisee barmaatileedhaan

ilaalcha garaagaraatu jira. Gama kanaan, biyyooni sirna seeraa **Common Law** hordofan waliigalteewwan kan hiikamuu qaban yaada gareewwanii haala naannoorraa hubatamuuf dursa kennudhaan ta'uu qaba kan jedhan yommuu ta'u, biyyooni sirna seeraa **Civil Law** hordofan immoo waliigalteewwan kan hiikamuu qaban wanta gareewwan dhugumatti yaadan jedhamuuf dursa kennun ta'uu qaba jedhu.⁵⁷

Deeggartoonni ilaalcha sirna Seeraa **common law** akka jedhanitti, yaada sirrii gareewwanii hubachuuf waantota gareewwaniin ala jiran sakatta'uun qofti gahaa ta'ee kunis sochiin daldalaa haala namni kamuu itti amanee waliigaltee itti fufiinsaan raawwatu taasisuun guddina dinagdee keessatti akka gumaachan jabeessuuf ta'uu eero.⁵⁸ Deeggartoonni ilaalcha sirna seeraa **civil law** immoo, waliigalteen kan hiikamuu qabu yaada gareewwan fedhii guutuu isaaniitiin ittiin dirqisiifamuuf haala ifa ta'eefi akka dhuunfaa isaaniitti ittiin dirqamuuf yaadaniinidha jedhu.⁵⁹ Wanta gareewwan yaadan yoo ifa hin taane, manneen murtii gareewwan dhugumaan yeroo waliigalteen raawwatamuti maal yaadan kan jedhu sakatta'uu akka qaban; jechoota ykn gaaleewwan waliigaltee keessaatti eeraman qofa ilaaluun adda baafachuu akka qabanifi waantota hidhata qaban kan biroo, kan akka ragoolee namaarraa irratti xiyyeffatamuu akka hin qabne agarsiisa.⁶⁰

Sirni seeraa biyya keenyaa, keessattuu SHH keewwattootni 1732 hanga 1739tti jiran, sirna seeraa biyyoota **Civil Law** hordofan irraa kan fudhatame ta'ullee akkaataa waliigalteewwan itti hiikaman ilaachisee guutummatti haaluma sirna seeraa **Civil Law** hordofaniin wal fakkaatuun tumame jechuun hin danda'amu.⁶¹ Seerri biyya keenyaa kun, kwt 1733 jalatti tumaaleen waliigalteewwanii ifa yoo ta'an manni murtii nan hiika jechuudhaan yaada waliinii gareewwanii irraa maquu akka hin qabne kan ibsu yommuu ta'u keewwatni 1714 immoo manneen murtii waliigalteen hiika jechuudhaan gareewwaniif waliigaltee hundeessuu akka hin qabne tumeera. Itti fufuun, seerichi kwt 1734 jalatti manneen murtii wayita tumaalee waliigaltee ifa hin taanee hiikan, amaloota gareewwan lachuu waliigalteen raawwatamuun dura ykn booda agarsiisan hubannoo keessa galchuun gareewwan maal akka yaadan adda baafachuu akka qaban ibsa.

⁵⁷ Wayne Barnes, The French Subjective Theory of Contract: Separating Rhetoric from Reality, (Works-in-progress presentation, Texas Wesleyan University School of Law, August 26, 2008), p.5.

⁵⁸ Husein Ahmed Tura, Interpretation of Contracts under the Ethiopian Civil Code: SUBJECTIVE OR OBJECTIVE METHOD?, AAU Student Law Review Vol.2 No.1 July 2011, p.76.

⁵⁹ Miiljalee Olii.

⁶⁰ Stefan Vogenauer, Interpretation of Contracts: Concluding Comparative Observations, University of Oxford Faculty of Law Legal Studies Research Paper Series Working Paper No 7/2007 May 2007, p.3.

⁶¹ Miiljalee 58.

Yaadni waliinii gareewwanii kunis kan hubatamu, jechoota sanada waliigaltee irratti ibsamanifi amaloota gareewwanii irraati waan ta'eef, kun immoo sanada dursee barreeffamee taa'e tokkoofi amaloota gareewwan yeroo biroo agarsiisan hubannoo keessa galchuudhaan waan ta'eef, akka seera biyya keenyatti waliigalteen ifa hin taane tokko kan hiikamu waanuma dhugumaan gareewwan yeroo waliigaltee raawwatanitti yaadan jedhamee fuudhatamu qofa bu'uura godhatanii akka hin taaneefi haalli qaamni 3ffaan dhama qabeessa ta'e jechicha itti hiiku irrattis kan hundaa'uu danda'u ta'u agarsiisa.

Seerichi kwt 1732 jalattis, manni murtii waliigaltee wayita hiiku qajeelummaafi wal amantaa gareewwan waliigaltee raawwatan gidduutti jiraachuu qabuufi hojmaata baratamaa dhimmicha ilaallatan hordofuudhaan qalpii gaariidhaan ta'u akka qabu ibsa. Kunis abbaan seeraaakkuma fedhetti hiikuu kan hin qabne ta'u, qajeeltowwan hordofuu kan qabu ta'uufi gareewwan maal akka yaadan (Subjective) sakatta'ee kan hiikuu qabu ta'u agarsiisa.

Qajeeltoowwan abbaan seeraa hordofuu qaban keessaa tokko, qajeeltoo SHH kwt 1736 (1) jalatti ibsame yommuu ta'u keewwatichi; tumaaleen waliigaltee wayita hiikaman tokkoon tokkoon tumaalee waliigaltee hiika akka waliigaltichatti kennamuufi qabufi hiikni kutaa waliigaltichaa tokko keessatti kennname kan kutaa biroo waliin haala wal simuun ta'u akka qabu ibsa. Cita xiqqaa (2) jalatti immoo jechoonni waliigaltee keessatti ibsaman hiika tokkoo ol kan qaban yoo ta'e jechoonni kun kan hiikamuu qaban, qabiyyee waliigaltichaa hubannoo keessa galchuun, haala waliigalticha hiika qabeessa (kan fakkaatu) taasisuun ta'u akka qabu kan tumudha.

Seerri kun, keewwatoota 1737fi 1738 jalatti immoo tooftaa hiikkoo waliigaltee bu'aa qabuufi tooftaa hiikkoo abbaa idatiif mijataa ta'e jechuun tumee jira. Haaluma kanaan, tumaaleen waliigaltee hiika lama kan qaban yoo ta'e qaamni waliigaltee hiiku hiika isa tumaalee sana bu'a qabeessa taasisu bu'uura godhatee hiikuu qaba. Waliigalteen tokko qabiyyeen isaa jufunfula yoo ta'e immoo kan hiikamuu qabu haala nama waliigaltichaan dirqamuuf mijataa ta'en ta'u qaba. Waliigalteen kennaa immoo haala caalmaatti dhiphaa ta'en hiikamuu kan qabu ta'u tuma.

Dhimmi kan biroon kutaa kana jalatti ilaalamuu qabu, waliigaltee barreeffamaan raawwatamuu qabu tokko hiikuun yoo barbaachise (jechoonni waliigaltee keessa jiran kan walitti bu'an ykn iftoomina hin qabne yoo ta'e), ragolee namaan kan waliigalteerra hin jirre dhagahuudhaan hiikuun ni danda'amamoo hin danda'amu kan jedhudha. Seerri biyya keenyaa, akkuma armaan olitti ibsame, waliigalteen ifa yoo hin taane waliigalticha hiikuuf

ragaan rogummaa qabu kamiyyuu fudhatamee haala ykn amala waliigalaa gareewwan waliigaltee raawwachuun dura ykn booda agarsiisaa turan akka ibsuu danda'an ni tuma waan ta'eef, ulfaatina ragoolee kanaa madaaluunakkuma jirutti ta'ee, ragooleen nmaa waliigalteen alaa (extrinsic evidence) dhagahuun dhorkaa miti jechuudha. .

Gama birootiin, seerumti kun, kwt 2001 jalatti, gareewwan waliigaltee keessaa inni tokko himoonni (jechoonni) sanada waliigaltee barreeffamaa keessatti eeraman kan irratti waliif galle miti jechuun yoo morme, kan mirkanaa'u nama jechichi kanumadha jedhu akka kakatuuf taasifachuun qofadha. Jechoota waliigaltee barreeffamaa keessatti eeraman mirkaneessuuf ragoolee nmaa ykn tilmaama sammuu dhiyeessuun hin danda'amu.

Seera kana kwt 1730 jalatti, namoonni akka ragaatti waliigaltee barreeffamaa irratti caqasaman yeroo barbaachisaa ta'etti waamamanii waliigaltichi raawwatamuufi waantota irratti waliif galame ibsuuf dirqama qabu.

Dhimma 7^{ffa}

Dhimma ⁶² kana keessatti iyyataan himanna waamamtoota irratti dhiyeesseen; waamamtoonni mana footoo wagga kudhaniif naaf kireessanii ibsaafi bishaan waan narraa kutaniif sababa kanaan miidhaa narra gahe kan guyyaa 76 qarshii 64,752 akka naaf kaffalan jedheera.

Waamamtoonni immoo deebii kennaniin; nuti mana kireessineef malee bishaaniifi ibsaa miti. Lakkooftuun ibsaa mooraa Baankiin Hibrat kireeffate keessa waan jiruuf, iyyataadhaaf akeekachiisa kenninee kutne waan ta'eef, himanni isaa fudhatama hin qabu. Galiin isaas waajjira galii irraa qulqullaa'u qaba jedhaniiru.

Kana booda, Manni Murtii Sadarkaa Duraa Federaalaa falmisiisee, dhimmi ibsaafi bishaanii waliigaltee isaanii keessatti waan hin hammatamneef, lakkooftunis gamoo Baankii Hibrat keessatti waan argamuuf gaafachuun hin danda'u. Haa ta'u malee, waamamtoonni akeekachiisa ji'a tokkoo kennuu osoo qabanii waan hin kennin hafaniif beenyaa muraadhaan qarshii 4000 iyyataadhaaf akka kaffalan jedheera.

Itti aansuun, iyyataan Mana Murtii Ol'aanatti oliyyatee Manni Murtii Ol'aanaa Federaalaa immoo; iyyataan mana kan kireeffate hojii daldalaa footoo itti hojjechuuf yommuu ta'u achi

⁶² Dhimmi kun dhimma Dhaddacha Ijjibaataa MMWFtiin iyyataa-Ayyelee Habteyyes fi Waamamtoota-Nocheeraa Jaakerloofaa (N-2) gidduutti galmee lakk.42897 (Jildii 10^{ffa}) ta'e irratti dhaddacha gaafa 10/03/2002 ooleen murtii argatedha.

keessatti hojiin footoo kaasuu, dhiquufi kkf waan hojjetamuuf, kana hojjechuuf immoo ibsaan barbaachisaa waan ta'eef ibsaa irraa kutuun waliigaltee addaan kutuudha. Kanaaf, himatamtoonni qarshii 64,742 kaffalanii ibsaa akka sirreessaniif jedheera. Itti fufuun, waamamtoonni MMWFtti oliyyatanii MMWF immoo; murtii mana murtii ol'aanaa diigee kan sadarkaa 1ffaa cimseera.

Dhuma irratti, iyyataan dhaddacha Ijibbaataa MMWFtti iyyatee Dhaddachi Ijibbaataa immoo; Bu'uura SHH kwt 1732tiin manni murtii waliigaltee wayita hiiku qajeelummaafi wal amantaa gareewwan waliigaltee raawwatan gidduutti jiraachuu qabuufi hojmaata baratamaa dhimmicha ilaallatan hordofuudhaan qalbii gaariidhaan ta'uu akka qabu ibsa. Dhimma amma harkaa qabnu keessatti; waamamtoonni mana iyyataatti wayita kireessan hojii footootiif ta'uu ni beeku. Hojii footoo kana immoo ibsaa malee hojjechuun akka hin danda'amne kan hubatan ta'ee osoo jiruu falmii himatamtoonni; mana malee ibsaa hin kireessineef jechuun kaasan falmii qalbii gaariin ala taasifamedha. Kana malees, seerichi kwt 1734 jalatti; manneen murtii wayita tumaalee waliigaltee ifa hin taanee hiikan; amaloota gareewwan lachuu waliigalteen raawwatamuun dura ykn booda agarsiisan hubannoo keessa galchuun gareewwan maal akka yaadan adda baafachuu akka qaban ibsa. Kana bu'uura godhannee dhimmicha wayita ilaallu; iyyataan bara 1992 eegalee hanga gaafa ibsaan irraa cituutti itti fayyadamaa turuun isaanii bitaafi mirgi wayita waliigaltee hundeessanitti yaadni isaanii maal akka ture waan agarsiisuuf, haala SHH kwt 1355 jalatti tumameen immoo; iyyataan sarara kutaa isaatiif diriiretti fayyadamuuf mirga qaba. Seerichi kwt 2947 jalattis; kireessaan walakkaa gamoo isaa wayita baankiidhaaf kireessu haala faayidaa nama dursee kireeffatee hin miineen ta'uu qaba jedha. Iyyataan akka tolaan itti fayyadamu kan taasifame baasii guddaa inni manichatti baase ilaalcha keessa galcheeti malee akkanumatti miti waan ta'eef, falmiin gama kanaan ka'e fudhatama hin qabu. Waamamtoonni dirqama isaanii bu'uuraa bahuu dhabuudhaan waliigalticha addaan kutaniiru. Akka waliigalaatti, hanga galii ilaachisee manni murtii ol'aanaa waajjira galii irraafi ragaa namaatiin qulqulleeffateera waan ta'eef, waamamtoonni qarshii 64572 iyyataadhaaf akka kaffalu jechuun murtii MMWF diigee murtii Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa cimseera.

Gaaffilee Marii

1. Dhimma 7^{ffaa} keessatti qajeeltoo hiikkoo waliigaltee manni murtii fayyadame sirriidhamoo miti jettu, waliigaltee tokko hiikuuf qajeeltoowwan garaagaraatti fayyadamuu ni dandeenyaa?

2. Ogeessonni seeraa tokko tokko; jechi tokko waanuma ifa ta'eef qofa waliigalteen hin hiikamu jechuu miti. Jechi tokko irra keessa wayita ilaalamu iftoomina kan qabu ta'ullee haala tokkummaa yaadaa (yaada waliinii) gareewwan waliigaltee faallessuun kan tumame yoo ta'e hiikamuu qaba' jedhu. Isin yaada kanaan waliigaltuu? yoo waliigaltu ta'e, seerri ejennoo keessan deeggaru jiraa?
3. Waliigalteewan barreffamaan raawwatamuu qaban ilaachisee akka seera biyya keenyatti haalonni dirqisiisoon akkamii yoo uumaman ragooleen namaan kan alaa (extrinsic evidence) dhagahamuu danda'u? yoom ragooleen namaan fudhatama hin qaban? keewwataan deeggaraa irratti mari'adhaa.
4. SHH kwt 1678(b) jalatti sududni (dirqamni) waliigaltee tokkoo haala gahaa ta'een yoo hin ibsamne waliigaltichi akka fudhatama hin qabne ibsa. Waliigaltee dirqamni isaa akkaataa eerame kanaan hin ibsamne hiikuudhaan akka bu'a qabeessa ta'u taasisuun ni danda'amaa? maalif? Fakkeenyaaaf, waliigaltee kiraq qabiyyee lafa baadiyyaa qindii tokko irratti raawwatame garuu immoo kallattii afraniin daangaan isa waliigaltee barreffamaa keessatti hin ibsamne yoo raawwatameefi falmisiisaa ta'e!
5. Seera Hariiroo Hawaasaa kwt 1730 (1) jalatti gaaleen'*yeroo barbaachisaa ta'etti...*' jedhu maal ibsa?

2.2.2. Raaw-Dhaba Waliigalteewanii (Non-Performance of Contracts)

Akkuma armaan olitti ibsame, SHH kwt 1731 jalatti, tumaaleen waliigaltee bu'uura seeraatiin hundeffamee gareewwan irratti akka seeraatti dirqisiisummaa ni qabaatu. Seerichi, kwt 1771 jalatti immoo waliigalteen yoo garee tokkoon hin raawwatamin hafe, gareen miidhame jedhuakkuma haala isaatti; akkaataa waliigalteetti akka naaf raawwatamu, akka naaf haqamu ykn beenyaan akka naaf kaffalamu jechuu kan danda'u ta'uu ibseera.

Haala kanaan, gareen miidhame tokko gareen biroon dirqamee akkaataa waliigalteetti akka raawwatamuuf gaafachuun, bakka silaa osoo fedhiidhaan raawwatamee irra gahuu danda'utti deebi'uu danda'a. Haa ta'u malee, bu'uura SHH kwt 1776tiin raawwiin dirqamaa kan ajajamu; abbaa maallaqaatiif faayidaa addaa kan kenu yoo ta'ee, fi bilisummaa abbaa idaa kan hin tuqne yoo ta'e ykn abbaan idaa raawwachuuf fedhii kan qabu yoo ta'edha.

Haaluma wal fakkaatuun, SHH kwt 1716 jalatti dirqamni garee tokkoo ykn dirqamooni gareewwanii faallaa seeraa ykn safuu yoo ta'e, waliigaltichi bu'aa hin qabaatu. Keewwattoonni itti aanan immoo, dirqamooni faallaa seeraati ykn safuuti jechuuf waantotni

gareewwan kakaasan ilaalcha keessa galuu kan hin qabne ta'uu, akkasumas, jechoonni waliigaltee keessatti ibsaman gaareewwan waliigaltee kaayyoo faallaa seeraa ykn safuu qabaachuu isaanii yoo agarsiisanifi sanda gareewwan waliigaltee dhiyeessan irraa kaayyoон kun kan hubatamu yoo ta'e, manni murtii hin raawwachiisu jechuu akka danda'u tumaniiru.

Gareen waliigaltee, akkuma haala isaatti, waliigalteen haqamee beenyaan akka kaffalamuuf gaafachuu kan danda'u ta'uun SHH kwt 1784-1789 jalatti tumameera. Bu'uura kanaan, waliigalteen kan haqamu; waliigalteen bu'uura seeraatiin hundeffamee fi ragga'aa ta'e jiraatee garuu immoo waliigaltootni akka waliigaltichaatiin raawwachuu yoo dadhabanidha. Gareen haqamiinsa gaafatu garee akkaataa waliigalteetti raawwachuu ooleef, bu'uura kwt 1772tiin akekachiisa kennuu. Waliigalteewan akekachiisa hin barbaannes kan jiran ta'uun SHH kwt 1775 jalatti tumameera. Seerichi kwt 1785 jalatti immoo, manni murtii waliigalteen akka haqamu ajajuun dura faayidaawan gareewwaniifi qalbii gaarii ilaalcha keessa galchuu akka qabuufi tumaan waliigaltee bu'uuraa yoo cabe irraan kan hafe waliigalteen haqamuu akka hin dandeenye ni ibsa.

Waliigalteen tokko yoo haqame, waliigaltichi qixa sirrii ta'een otoo raawwatamee mirgaa fi faaydaa garee miidhamee jedhu argachuun irra ture kan haguugu ta'uu, miidhaan (damage) garee kana irra gahe fi baasiin waliigaltichaaf bahe kan haguugamu ta'uufi gareen haqamiinsaaf sababa ta'e balleessaa qabaachuu baatus beenyaa kaffaluuf kan dirqamu ta'uun kwt 1790fi 1791(1) jalatti tumameera.

Yaadrimaan jechoota "haqamuu"fi "diigamuu" jedhu adda adda ta'u illee jechoota kana ilaachisee, seerri kun kwt 1784 hanga 1789 jiran tokko tokko keessatti wal-jijiiruun kan itti fayyadamu waan ta'eef, kwt 1808 jalattis qabiyyeen isaa haala mata duree waliin wal simuun kan hin tumamne waan ta'eef, yaadrimaan lameen akka tokko fakkaatan ykn ta'anitti akka hubatamu taasiseera.

Akkuma armaan olitti ibsame, bu'uura SHH kwt 1790tiin gareen miidhaan narra gaheera jedhu gareen biroon akkaataa dirqamoota isaatti waliigaltee hin raawwanne beenyaa qofa akka naaf kaffalu, ykn filannoodhaan, waliigaltee naaf raawwatee ykn haqee beenyaa immoo akka naaf kaffalu jechuun gaafachuu danda'a. Keewwatni itti aanu, akka qajeeltootti, namni beenyaa akka kaffaluuf gaafatame ani badii waanan hin qabneef beenyaa kaffaluuf hin dirqamu jechuu kan hin dandeenye ta'uu ibsa. Haa ta'u malee, haalonni kwt 1795fi 1796 jalattti ibsaman yoo jiraatan beenyaa argachuuf; balleessaa garee faallaa mirkaneessuun dirqamadha.

Dhimma raaw-dhaba waliigalteetiin wal qabatee hangi beenyaa kan murtaa'u, akka bu'uuratti, tumaalee SHH kwt 1799 hanga 1805 jiran bu'uura godhateeti. Kun akka qajeeltootti ta'ee, keewwatni 1790(2) immoo tumaaleen dhimma beenyaa waliigalteen alaa hoggananis raawwatiinsa qabaachuu ni ibsa.

SHH kwt 1799 (1) jalatti hangi beenyaa kan murtaa'uu qabu ilaalcha ykn tilmaamaa nama dhamma qabeessaatiin "reasonable man" tiin madaalamee, sababa rawwatiinsa dhabaatiin miidhaa abbaa mirgaarra gahuu danda'u tilmaama godhateeti. Keewwatichi cita xiqqaa lama jalatti immoo manni murtii, wayita hanga beenyaa murteessu; gosa waliigaltee, hojii waliigaltootaa, walitti dhufeenna dura qaban, haallan abbaa idaa beekuu fi taa'eewan biroo yaada keessa galchuu qaba. Haala kanaan, madaallii nama dhamma qabeessaa bu'uura godhatee beenyaan wayita shallagamu hangi beenyaa hanga miidhaa isa qabatamaa ol ykn gadi ta'uu danda'a. Yeroo kanatti seerichi kwt 1800fi 1801 jalatti hangi beenyaa gadi hir'ifamuu kan danda'u ta'uu isaa ibseera.

Abbaan maallaqaa (mirgaa), beenyaa qixa miidhaa qabatamaa ta'een wal madaalu yeroo hunda argachuu dhiisuu danda'a. Bu'uura SHH kwt 1802tiin, abbaan maallaqaa, miidhaa gahe hir'isuuf gochi raawwachuu qabu osoo jiruu yoo dhiise ykn to'achuu osoo danda'uu yoo dhiise kasaaraa sababa kanaan qaqqabu kan danda'u abbuma maallaqaa sana ta'uun tumameera.

Kanaan wal qabatee, falmiin darbee darbee ka'u, namni waliigalteen akka haqamuuf mana murtii gaafatu tokko dursee garee faallaatiif akeekachiisa osoo hin kennin kallattiidhaan himannaa mana murtiitti yoo dhiyesse manni murtii akka haqamu ajajuu qabamoo, himannaa kufaa taasisuu qaba kan jedhudha. Falmiin kun armaan gaditti dhimmoota qabatamaadhaan deeggaramee waan jiruuf, yaada gama kanaan jiru mariidhaan kan gabbisnu ta'a.

Dhimma 8^{ffaa}

Dhimma⁶³ kana keessatti waamamaan himannaa iyyataa irratti dhiyesseen; iyyataan bu'uura taaworii nat woorkii nu hojjechiisuuuf waliigaltee uumnee, haaluma waliigaltee keenyaatiin xumurree iyyataa harkaan geenyee dhuma irratti qarshii %70 qofa naaf kaffalee, %30n

⁶³ Murtii dirqisiisaa Dhaddachi Ijibbaataa MMWFtiin, iyyataa-Itiyoo Telekoom Riijinii Gaambellafi waamamaa-Intarpiraayizii Maayikiroofi Xixiqqaa Konistiraakshinii Aduraa giddutti dhaddacha gaafa 29/02/2010 ooleen Lakk.Ga.133203 (Jildii 22^{ffaa}) ta'e irratti kennamedha.

qarshii 284,471.03fi dhala akka naaf kaffalu kan jedhe yommuu ta'u, iyyataan immoo deebii kenneen; haalli itti shallagame sirrii akka hin taane ibsee, dhalas kaffaluuf hin dirqamnu jedheera.

Kana booda, manni murtii ol'aanaa naannichaa falmisiisee qulqulleeffatee iyyataan qarshii 233,498.99fi guyyaa kaffaltii hafe kaffaluu qaburraa eegalee dhala %9n shallagamu akka kaffalu jedheera. Manni Murtii Waliigala Naannoo Gambeellaa murtii Godina cimseera.

Itti fufuun, iyyataan dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Federaalatti iyyannoo dhiyeeffatee dhaddachichimmoo; bu'uura SHH kwt 1772tiin gareen akka waliigalteetti waan naaf hin raawwatamneef akka naaf raawwatamu jechuun gaafatu gareen biroon dirqama isaa akka bahuuf dursee akeekachiisa kennuufi qaba. Haala kanaan akeekachiisa kennuun dhalli guyyaa kamii eegalee shallagama kan jedhu murteessuuf faayidaa qaba. Dhimma ammaa keessatti waamamaan akeekachiisa kennu isaa ykn akeekachiisa kan hin kennisiisne ta'uu isaa ibsee waan falme hin qabu. kana ta'ee osoo jiruu guyyaa kaffaltiin hafe kaffalamuu qaburraa eegalee shallagamuun iyyataan akka kaffalu ajajuun deeggarsa seeraa hin qabu. Kanaaf, murtii mana murtii jalaa gama kanaan foyyeessineerra jechuun murteesseera.

Dhimma 9^{ffaa}

Dhaddachi Ijibbaataa murtii⁶⁴ dirqisiisaa dhimma waliigaltee bu'aa oomisha soogiddaa quoddachuun wal qabatee nama dhuunfaafi waldaa gidduutti raawwatame ilaachisee kenne keessatti; akka qajeeltootti, bu'uura SHH kwt 1771tiin gareen akka waliigalteetti naaf hin raawwatamne jedhu, sababa hin raawwatamneef miidhaan narra gaheera waan ta'eef beenyaan naaf haa kaffalamu jechuuf mirga qaba. Beenyaan kun bifa galii na jalaa addaan cite naaf haa kaffalamu ykn bifa biroo kisaaraan naaf haa kaffalamu jedhuun ta'uu danda'a. Mirgi beenyaa gaafachuu kunakkuma jirutti ta'ee bu'uura kwt 1802tiin immoo namni gaafatu kun hanga miidhaa gahu hir'isuuf dirqama qaba. Haala kanaan, waldaa waamamanis miidhaa gahe hir'isuuf jecha himanna isaa dafee dhiyeessuu osoo qabuu dhiisuudhaan wagga shan turee dhiyeessuun isaa dirqama gama isaatiin jiru bahuu dhabuu waan mirkaneessuuf, waamamaan yeroodhaan gaafachuu dhabuu isaatiin hangi gatii kan qaala'e (mi'aa ta'e) waan ta'eef, baay'inni oomisha sogiddaa wagga waggaadhaan argamufi hangi gatii isaa wagga waggaadhaan qulqulla'ee murtaa'u qaba. Kanaaf, iyyataan itti

⁶⁴ Murtii dirqisiisaa Dhaddachi Ijibbaataa MMWFtiin, iyyataa-Yukunoo Laggasaafi waamamaa-Waldaa Oomishtoota Soogiddaa Mahaamad Bashir gidduutti dhaddacha gaafa 25/08/2004 ooleen Lakk.Ga.69915 (Jildii 13^{ffaa}) ta'e irratti kennamedha.

gaafatamummaa qaba jechuun murtiin kennname akkuma jirutti ta'ee sababa dafee hin gaafatamneef gatiin soogiddaa qaala'ee osoo jiruu akkuma jirutti fudhatee manni murtii jalaa hanga beenyaa murteessuun sirrii waan hin taaneef hangi soogiddaa laficharraa waggaa waggaadhaan oomishamuufi gatiin isaa wagga waggaadhaan meeqa akka ta'e qaama ilaallaturraa qulqulleeffatee, aangoo madaalee murteessuu isaatti fayyadamee, irra deebi'ee qulqulleessee akka murteessuu jechuun Mana Murtii Waliigala Naannoo Affaaritti qajeelfamaan gadi deebiseera.

Dhimma 10^{ffaa}

Dhimma⁶⁵ kana keessatti waamamaan himannaan iyyataa irratti dhiyeesseen; iyyataan sababa akkaataa waliigalteetti yeroodhaan gamoo ijaaree xumuree na harkaan hin geenyef galii kiraan na jalaa hafe qarshii 488,000fi baasii ani suphaadhaaf baase qarshii 302,573, dhala waliin akka naaf kaffalu kan jedhe yommuu ta'u, iyyataan immoo deebii kenneen itti gaafatamummaa haalee falmeera.

Kana booda, MMO falmisiisee, dabalataan qulqulleeffatee; iyyataan baasii suphaa qarshii 302,573, galii kiraan hafe qarshii 488, 000fi baasiwwan adda addaa muraadhaan qarshii 2000 akka kaffalu jechuun murteesseera. Iyyataan murtii kana komatee komii isaa mana murtii waliigala federaalaatti oliyyatee manni murtichaa immoo galii kiraan hafe qofa ilaachisee marartoodhaan ilaalamuu qaba jechuun iyyataan qarshii 244,000 waamamaadhaaf kaffaluu qaba jechuun ijoowwan dubbi kan biroo irratti murtii mana murtii ol'aanaa cimseera.

Itti fufuun, iyyataan dhaddacha Ijibbaataa MMWFti iyyannoo dhiyeeffatee dhaddachichis; gaaffii beenyaa bu'urri isaa waliigaltee ta'e ilaachisee haalli shallaggii beenyaa wayita rakkisaa ta'utti, manni murtii bu'uura SHH kwt 1790(2)fi 2102(1)tiin hanga beenyaa murteessuu kan danda'u waan ta'eef, yeroo murteessu kanattis haalota dhimmichaafi eegganno miidhamaan taasise madaaluu kan qabu ta'uun waan tumameef, manni murtii waliigala federaalaas haala kanaan kan murteesse waan ta'eef murtichi sirriidha jechuun cimseera.

Gaaffilee Marii

⁶⁵ Murtii dirqisiisaa Dhaddachi Ijibbaataa MMWFtiin, iyyataa-Kolleejji Infoormaashin Takinooloojii Maayikirooliinkiifi waamamaa-Bulchiinsa Mana Sirreessaa Federaalaa gidduutti dhaddacha gaafa 22/08/2005 ooleen Lakk.Ga.79794 (Jildii 15^{ffaa}) ta'e irratti kennamedha.

1. Murtii dhimma 8^{ffaa} irratti kennname akkamitti ilaaltu?, akeekachiisa kan hin kennisiisneefi kan kennisiisu sanada waliigaltee ilaaluun adda baafachuun hin danda'amuu?
2. Murtii dhimma 9^{ffaa} irratti kennname akkamitti ilaaltu? Namni tokko hanga darbiinsi yeroo hin dhorkinetti yeroo dheeraadhaaf taa'ee beenyaa gaafachuuf mirga hin qabuu?
3. Murtii dhimma 10^{ffaa} irratti kennname akkamitti ilaaltu?

2.3. Waliigalteewwanifi Hariiroo Garee Sadaffaa

Akka bu'uuraatti, waliigalteen tokko yoo hin raawwatamin hafe, beenyaa kan gaafachuu danda'u gareewan waliigalticha keessatti hirmaatan ta'u illee haala addaatiin garee 3ffaan fayyadamaa jedhamanii waliigaltichaan ibsamanis mirga kana ni qabu. Seerri Hariiroo Hawaasaa biyya keenyaas, kwt 1952(1) jalatti, haala addaa seera kana jalatti tumameen alatti, waliigalteewwan gareewan waliigaltee qofa gidduutti bu'aa uumu jedha. Haalli addaa kunis: gareewan 3ffaa abdiwwaniifi tumaaleen waliigaltee isaan ilaallatu, gareewan 3ffaa mirgootni darbeefi bakkoomuuf mirga qaban, namoota bakka bu'ummaa argataniifi dirqamootni darbeef, dhaaltota gareewwaniifi namoota gareewan irraa maallaqa qaban (creditors) ilaallata.

Mirgoonni, garee 3ffaa adda bahee beekame tokkotti darbuu danda'u. Mirgi waliigaltee irraa madde, nama 3ffaa adda bahee beekame tokkotti darbe jechuun; gareewan waliigaltee keessaa gareen tokko abbaa mirgaa ta'uu isaa, gareen biroo immoo abbaa idaa ta'uu isaa hambisa osoo hin taane mirga murtaa'aa waliigaltee irraa maddu qofa dabarsa jechuudha. SHHs kwt 1962 jalatti gareen waliigaltee garee biroo irraa maallaqa (mirga biroo) qabu garee deebisuuf dirqama qabuu osoo hin hayyamsiisin, garee 3ffaadhaaf mirgoota isaa dabarsuuf mirga kan qabu ta'uu tuma. Keewwatichi, seerri ykn waliigalteen ni dhorka yoo ta'e fi uumamura waliigaltichaarraa kan hin danda'amne yoo ta'e, mirgoota dabarsuun hin danda'amu jechuunis ibseera. Kana jechuun garuu, gareen dirqama qabu falmiwwan seera fuulduratti fudhatama qaban, falmii abbaa mirgaa irratti ka'uu danda'u; kanneen akka mirga wal dandeessisuu gaafachuun kan dhorku akka hin taane seerichi kwt 1966 jalatti tumeera. SHH kwt 1971 jalatti immoo namni faayidaa nama birootiif idaa haguugefi kanarraa kan ka'e

mirga beenyaan naaf mala jedhee gaafachuu ykn gahee keessan naaf qoodaa jechuu argate, abbaa mirgaa bakkoomuudhaaf mirga seera irraa madde kan qabu ta'uun ibsameera.

Haa ta'u malee, abbaan idaa dirqama isaa garee 3ffaatti dabarsuuf ykn garee 3ffaan bakka bu'ee akka raawwatu taasisuuf hayyama abbaa mirgaa argachuu kan qabu ta'uun seericha kwt 1976 jalatti tumameera. Ta'us garuu, seerri haala addaatiin kan ajaju yoo ta'e ykn hojmaatni addaa yoo jiraate hayyama abbaa mirgaatiin ala bakka buusuun kan danda'amu ta'uus keewwatumi eerame kun ni ibsa. Bakka bu'ummaa garee 3ffaadhaaf kennamu kana irratti wabiin abbaa idaas hayyama yoo hin kennine, itti gaafatamummaa hin qabaatu.

Dhimmi biroon mata duree kana jalatti ilaalamuu qabu, waa'ee mirga dhaaltonni waliigaltee dhaalchisaan raawwate irratti qabaniin kan wal qabatudha. Dhaaltonni gareewan waliigaltee, gareewan bakka bu'uu hin danda'an jedhamee yoo waliigalameen ala ykn amaluma hojii waliigalticharraa kan hin danda'amne yoo ta'e malee gareewan waliigaltee kan bakka bu'uu qaban ta'uun immoo SHH kwt 1986 jalatti tumameera. Garee 3ffaan faayidaa isaatiif waliigalteen seename, faayidaa sana fudhachuuf waliigalee osoo hin raawwataminiif yoo du'e dhaaltonni mirga faayidaa sana argachuu ni qabu.

Kana malees, dhimmi hariiroo abbootii maallaqaafi gareewan waliigaltee mata duree kana jalatti kan ilaalamudha. Qabeenyonni abbaa idaa hunduu (kan seeraan hin kabajamne akkuma jirutti ta'ee) dirqamoota abbaan idaa raawwachuu qabuuf wabii ta'uu SHH kwt 1988 jalatti tumeera. Abbaan idaa tokko qabeenya adda bahee beekamu tokko ilaalcissee waliigalteewan adda addaa yoo raawwate, waliigalteewan kun guyyaa mirkanaa'e ykn labsame irraa eegalee garee 3ffaa mirga addaa argadheera jedhu irratti bif a mormiitiin ka'uu danda'a. Haa ta'u malee, tumaan kun abbaa mirgaa, mirga dursaa waliigaltee ykn seera irraa madde qabu ykn abbaa idaa qabeenya isaa akka hin bulchine ajaja mana murtiitiin taasifame irratti raawwatiinsa kan hin qabne ta'uun kwt 1990 jalatti tumameera.

Dabalataan, abbaan mirgaa waliigaltee abbaan idaa nama biroo waliin raawwadheera jedhu waliigaltee sobaa hin raawwatamne, kan fakkeessuuf raawwatame ta'uu isaa manni murtii akka naaf mirkaneessu jedhee gaafachuu kan danda'u ta'uun, abbaan idaa haala mirga abbaa mirgaa gufachiisuun gocha afaan faajessaa raawwachuu qabeenya isaa dabarsaa jira ykn dirqamoota seenaa jira jechuun fudhatamummaa gochoota abbaa idaa mormuu kan danda'u ta'uun, duraa duubaan, keewwattoota 1994fi 1995 jalatti eerameera.

Dhimma 11^{ffaa}

Dhimma⁶⁶ kana keessatti waldaa iyyataan himannaa waldaa waamamaa irratti dhiyeesseen; waldaa waamamaan gaafa 21/08/1991 doolaara 540,000 dhaabbata Kaachamaalii S.P.A jedhamuuf kaffaluuf dirqama seeneera. Kana booda, waamamaafi dhaabbanni Kaachamaalii waliigaltee dabalataa gaafa 30/10/1991 raawwataniin idaa waamamaarra jiru, doolara Amerikaa 452,338 irra jiru haguuguuf Autoobisii shan, dhaabbata Amiche dhaabbatanii jiran iyyataadhaaf kennuuf waliigalaniiru. Haa ta'u malee, waamamaan awutoobisoota kana waan na harkaan hin geenyef, na harkaan gahee galii silaa osoo na harka galee jiraatee argadhu akka naaf kaffalu jedheera.

Waamamaan deebii kenneen; iyyataan waliigaltee gaafa 21/08/1991 raawwatame irrattis haa ta'u waliigaltee gaafa 30/10/1991 raawwatame irratti garee waan hin turreef, mirga gaafachuun hin qabu. Sanada waliigalticha irratti maqaan iyyataa haa ibsamuyyu malee iyyataan dhaabbata Kaachamaalii S.P.A bakka bu'ee akka fuudhuuf malee of harkaan gahee mirga akka irratti argatuuf miti. Sanadni gaafa 30/10/1991 qophaa'e xalayaadha malee waliigaltee miti jedheera.

Itti fufuun, MMOF falmisiisee, dabalataan qulqulleeffatee; sanadni gaafa 30/10/1991 qophaa'e bifa xalayaatiin waan ta'eef, xalayaadha malee waliigaltee miti. Iyyataan dhalaafi galiis gaafachuuf mirga hin qabu jechuun himannaa kufaa taasiseera. Manni Murtii Waliigala Federaalaas murtii kana cimseera.

Dhuma irratti, dhimmichi dhaddacha Ijibbaataa MMWF gahee dhaddachichis; bu'uura SHH kwt 1952(1)tiin haalli addaa seeraan tumame akkuma jirutti ta'ee, waliigalteewwan gareewwan waliigaltee qofa gidduutti bu'aa kan uumu ta'uun tumameera. Seerichi haala addaa kan kaa'e yommuu ta'u, haalli addaa kunis keewwattoota 1957 eegalanii jiran jalatti kan ibsamaniifi waliigalteewwan faayidaa garee 3ffaatiif jedhamanii raawwataman kan ilaallatanidha. Sanada waliigaltee dhiyaterra waligalteen gaafa 30/10/1991 raawwatame iyyataa fayyadamaa taasisuuf ta'uun ta'uun ni hubatama. Bu'uura kwt 1684tiin namni waliigaltee bu'uuraa qabu waliigaltee boodarraa callisuudhaaniyyuu fudhachuu waan

⁶⁶ Murtii dirqisiisaa Dhaddacha Ijibbaataa MMWFtiin, iyyataa-Waldaa Bakka Bu'aa Geejibaafi Tuuristii Luukserifi waamamaa-Waldaa Biruuneyis gidduutti dhaddacha gaafa 17/04/2000 ooleen Lakk.Ga.12719 (Jildii 7^{ffaa}) ta'e irratti kennamedha.

danda'uuf, dhimma ammaa keessatti immoo dhaabbatni Kaachamaaliyyuu mallatteesseera waan ta'eef, waliigalteen gaafa 30/10/1991 raawwatame kan duraanii bakka bu'e osoo hin taane waliigaltee dabalataati. Kanaaf, waamamaan awutoobisii shan iyyataa harkaan akka gahu, yoo hin danda'u ta'e immoo doolaara 452,338 fi dhala seeraa akka kaffaluuf jedheera.

Gaaffilee Marii

1. Murtii dhimma 11^{ffaa} irratti akkamitti ilaaltu?, waliigalteen garee 3ffaa fayyadamaa taasisuuf raawwatamu foormii addaa qabaa?

BOQONNAA SADII

3. DIRQAMOOTA WALIIGALTEE HAFAA TAASISUU

Seensa

Dirqamootni waliigaltee irraa maddan hafaa kan ta'an sababoota addaa addaatinidha. Sababonni kunneen; akkaataa waliigalteetti raawwachuudhaan, waliigaltee diiguu ykn haquudhaan, waldandeessisuudhaan, gareewwan waliigalanii dirqamoota isaanii hambisuudhaan, akkasumas, yeroo murtaa'e keessatti akka raawwatamuuf gaafachuu dhabuudhaani (darbiinsa yeroo) dha. Boqonnaa kana jalatti, sababoota kana keessaa dhimmi waliigaltee diiguudhaan dirqamoota hafaa taasisuufi dhimmi darbiinsa yerootiin himanna daangessuu qofti kan ilaalamu yommuu ta'u, addatti kan filatamaniifis rakkowwan qabatamoon baay'een waliigaltee diiguufi darbiinsa yerootiin wal qabatanii waan jiraniifidha.

Xumura boqonnaa kanaa irratti, leenjifamtooni;

- Garaagarummaa walta'iinsa bu'uurumarraa hin jirree (void agreement), waliigalteewan diigamuu danda'an (voidable contracts) fi waliigalteewan raawwatamuu hin dandeenyee (unenforceable contracts) adda baafaachuu gahumsa isaanii ni cimsatu.
- Bu'aawan gosa waliigalteewan lamaaniyyuu tokko ta'uun isaa rakkowwan qabatamaa inni uumaa jiru ilaachisee hubannoo qaban ni gabbifatu.
- Garaagarummaa darbiinsa yeroo SHH kwt 1810fi 1845 jalatti eeramanii dhimmoota qabatamoo waliin ilaaluun adda baafachuun gahumsa isaanii ni cimsatu.

- Bu'aa diigamiinsi waliigaltee hordofsiisuufi qabxiilee falmisiisoo ta'an irratti mari'achuun ejjennoo wal fakkaataa ni qabatu.

3.1. Diigamiinsa Waliigalteewwanifi Bu'aa Isaa

Waliigalteen tokko ulaagaawwan seerri gaafatu yoo guutee hin argamne ta'e kan diigamuu danda'u ta'uun armaan olitti boqonnaa 2ffaa keessatti ibsameera. SHH kwt 1808 (1) jalatti, hir'ina fedhii ilaachisee, qaamni gaaffii diiggaa waliigaltee dhiyeessuu danda'uu, qaama sababa dandeettii dhabuutiin ykn fedhii bilisa kennuu dhaburraan ka'ee qaama waligaltechan miidhamee qofa ta'uun ibsameera. Qaamni biroo yoo dantaa qabaate illee, gaafachuuf mirga hin qabu.

Keewwatni kun cita xiqqaa lama jalatti immoo; waliigalteen sun seeraan ala, faallaa safuuti ykn foormii seeraan gaafatamu hin guunne jechuun waliigalteen akka diigamuuf waliigaltoonis ta'ee, namni dhimmicharraa dantaan qaba jedhu kamiyyuu gaafachuu danda'aa jedha. Namni 'ilaallatu kamuu' kan jedhameef, dhimmoonni keewwaticha keessatti eeraman walitti dhufeenya hawaasummaa fi dinagdee garee waliigalootaa irra darbee kan hawaasa mara irratti dhiibbaa geessisu ta'uun isaa waan hubatameefidha. Seerri kun, itti fufuun, kwt 1809 jalatti gareen waliigaltee diigsisuuf mirga qabu, yeroo kamittuu hin raawwadhu jedhee diduuf mirga kan qabu ta'uu tuma. Kana erga jennee, itti aansuun, dhimmi waliigaltee diigamuu danda'aniifi waliigaltee bu'uurummarraa hin jirree kan ilaalamu ta'a.

3.1.1. Waliigalteewan Diigamuu Danda'ani (Voidable Contracts) fi Walta'iinsa Bu'uurummarraa Hin jirre (Void Agreements)

Yeroo tokko tokko agarsiiftuuwwan fedhii guutuun kennamuu agarsiisan otuma jiranii gareen tokko dirqamooni waliigaltee akka diigamaniif gaaffii dhiyeessuu danda'u. Gareen kun waliigaltcharratti jalqabumarraayyuu fedhii guutuu hin kennine (hin raawwanne) jechuun ykn immoo adeemsa keessa sababa odeeffannoo dabalataa argateef ykn sababa jijiirama haalaatiin raaawwachuuuf fedhii dhabe kanarra ka'uun fedhiin isaa jijiiramee waliigalteen akka diigamuuf gaafachuu danda'a. Falmiiwwan gareen raawwachuuuf fedhii dhabe kaasu kun bu'aawan adda addaa kan qabuufi bu'aawan kunis; waliigalticha bu'uurummarraa

fudhatama kan dhabsiisu (void), diigsisuu kan danda'u (voidable) fi akka raawwatamummaa dhabu (unenforceable) kan taasisudha.

Waliigalteewwan raawwatamuu hin dandeenye (unenforceable contracts) kan jedhaman, waliigalteewwan sababa darbiinsa yeroofi hanqina ulaagaa foormiitiin (mirkaneessaatiin) raawwatamuu hin dandeenye ta'ee, waliigalteewwan bu'uurumarraa hin jirreefi kan diigamuu danda'anis ni dabalata.⁶⁷ Ogeessonni tokko tokko garuu, waliigalteewwan raawwatamuu hin dandeenye jechuun, waliigalteewwan bu'uuraan seera fuulduratti fudhatama qabanidha waan ta'eef, waliigalteewwan bu'uurumarraa hin jirreefi waliigalteewwan diigamuu danda'an kan dabalatu miti jedhu.⁶⁸ Dhimma kana irratti, ogeessonni ejjennoo garaagaraa kan qaban ta'u illee waliigalteewwan bu'uurumarraa hin jirres ta'e waliigalteen gaaffii gareewwaniitiin diigamuu danda'an akka raawwatamaniif mana murtiitti yoo dhiyaatan, manni murtii hin raawwachiisu jechuun gaaffii dhiyaate kuffisuu waan danda'uuf, ejjennoo garaagarummaa cimaa qabudha jechuuf hin danda'amu.

Akkuma armaan olitti ibsame, namoonni guyyaa guyyaadhaan waliigaltee ni raawwatu. Haa ta'u malee, waliigalteewwan raawwataman kun hundi seera fuulduratti kan fudhatama qaban ta'uu dhabuu malu. Kun immoo gaaffii; hir'ina ykn hanqina akkamiiitu waliigalteewwan bu'uurumarraa akka fudhatama hin qabne ykn akka diigamuu danda'u taasisa? jedhu kaasa. Itti aansuun, waliigalteewwan bu'uurumarraa hin jirrefi diigamuu danda'an tokko tokkoon kan ilaalamana ta'u.

⁶⁷ Miiljalee 45, Fuula.197. To compound the confusion, variations of the same defense may have different effects. Fraud, for example, can render a contract either void or voidable, depending upon the type of fraud. (noting that “fraud in the inception” or ‘fraud in the factum’ renders a contract void while “fraud in the inducement” renders a contract voidable). Fraud in the inception is when one claims he was deceived as to the nature of the act and did not know what he was signing. Similarly, Duress by physical compulsion renders an agreement void and duress by improper threat renders a contract voidable.

⁶⁸ George Krzeczonowich, Formation and Effects of Contract in Ethiopia, p.16. Unenforceability implies that neither party may have recourse to a court for a remedy.

3.1.1.1. Walta'iinsa Bu'uurumarraa Hin Jirre (Void Agreements)

Jechoonni, afaan Ingliziitiin ‘Void’ (Walta'iinsi bu'uurumarraa fudhatama hin qabne) fi ‘Voidable’ (Waliigalteewwan diigamuu danda'an) sadarkaa hir'ina⁶⁹ ykn bu'aa qabeessummaa waliigaltee tokkoo kan ibsan yommuu ta'u hir'inni wal ta'iinsi tokko bu'uurumarraa akka fudhatama hin qabaanne taasisu hir'ina sirraa'uu danda'uufi bu'aa seeraa umuu danda'u miti. Waliigalteen bu'uurumarraa fudhatama hin qabne (void contracts); bu'uuuruma irraa kan hin jirre waan ta'eef yeroo baay'ee ogeessonni walta'iinsa malee waliigaltee jedhamuun waamamuu hin qabu jedhu. Waliigaltee akkasii mirkaneessuunifi raawwachiisuun hin danda'amu; raawwatamuu yoo dhabes furmaata seeraa hin qabu.⁷⁰

Bu'aawan waliigaltee akkanaa beekuun barbaachisaadha. Sababni isaas; waliigalteen tokko bu'uurumarraa kan hin jirre yoo ta'e, garee 3ffaan qalbii qulqulluudhaan waliigaltee hundeesse mataan isaa raawwachiifachuu hin danda'u.⁷¹ Kana malees, dirqama mirkaneessuu irratti dhiibbaa ni qabaata. Kunis, gareen waliigalteen tokko akka raawwatamuuf gaafatu jiraachuu waliigaltichaa, gareen naaf haa diigamu jedhummoo sababoota diigsisan mirkaneessuuf dirqama seeraa waan qabuufidha.⁷²

3.1.1.2. Waliigalteewwan Diigamuu Danda'an (Voidable Contracts)

Waliigalteewwan diigamuu danda'an (voidable contracts) hanga gaafa gareen mirga qabu, gareen hir'inni waliigaltee keessaa jiru na miidha jedhu, tokko naaf haa diigamu jechuun himanna dhiyeessuutti dirqisiisummaa kan qabuufi filannoo garee kanaatiin akka fudhatama argatu ykn dhabu kan taasifamudha.⁷³ Gareen ilaallatu (mirga qabu), yoo mirkaneesse (haa ta'u jedhee yoo fudhate) mirgi diigsisu hafaa ta'a. Hanga hin diigamnetti, waliigalteen akkanaa, bu'aawan seeraa ni qabaatu.

Gama kanaan, SHH biyya keenyaa kwt 1808 (1)fi 1808 (2) jalatti hir'inoota waliigalteewwan tokko bu'uurumarraa akka hin jirretti akka fudhatamu taasisaniifi akka diigamuu danda'u taasisan kan adda baasu ta'ullee keewwatni 1815 immoo gosti lamaanuu bu'aa irratti

⁶⁹ Guest , A. G. (ed.) *Anson's Law of Contract* 26th ed. (Oxford University Press, 1986) p.17.

⁷⁰ Miiljalee Olii.

⁷¹ Miiljalee 45, Fuula 196.

⁷² Miiljalee Olii.

⁷³ Lantera Nadew, VOID AGREEMENTS AND VOIDABLE CONTRACTS:The Need to Elucidate Ambiguities of Their Effects, MIZAN LAW REVIEW Vol. 2 No.1, Jan 2008, p.92.

garaagarummaa kan hin qabne ta'uu (diigamuu kan danda'an ta'uu) kan agarsiisudha. Bu'aan waliigalteewwan gosa lamaanii tokko ta'uun isaa immoo haala itti mormiin darbiinsa yeroo keessummeeffamuu qabu irratti rakkoo uumaa waan jiruuf, kutaa kana jalatti ka'umsa rakkoo ta'uun isaa qofti akka hubatamuuf eerameera. Kanaan wal qabatee, rakkoon qabatamaan mudachaa jiru garuu mata duree rogummaa qabu jalatti kan ilaalamu ta'a.

1.2. Bu'aa Diiggaa Waliigalteewwanii

Akkuma armaan olitti eerame, waliigalteen tokko bu'uura SHH kwt 1808tiin yoo diigame bu'aa hordofsiisu ni qaba. Bu'aawwan kunis seerichuma kwt 1815 jalatti akka bu'uuraatti ibsameera. Waliigalteen tokko sababa ragga'uu dhabuutiin akka diigamuu yoo taasifame, hanga danda'ametti gareen waliigaltootaa bakka waliigalteen dura turaniitti akka deebi'an gochuun barbaachisaa dha. Waliigalteen sun kan ragga'u ykn seera biratti fudhatama kan qabu dha yaada jedhuun dhimmoonni raawwataman yoo jiraatan hafaa ykn bu'aa kan hin qabne ta'u jechuu dha.

Haa ta'u malee, sababoota garaagaraa irraa kan ka'ee hojiiwwan hojjetaman diiganii gara bakka duraan turaniitti gareewwan deebiisuun yoo rakkisaa ta'e, garee tokko garmalee kan miidhu yoo ta'e, mijataa miti yoo ta'e manni murtii beenyaa kaffalchiisuun ykn furmaata kan biroon akka kennamu taasisuudhaan hanga danda'ametti bakka duraan turanitti akka deebi'an taasisuudhaan hojiiwwan hojjetaman immoo akkuma ragga'anitti akka turan gochuu kan danda'u ta'uun kwt 1817 jalatti tumameera.

Seerichi itti fufuun, kwt 1818 jalatti, namni sababa waliigalteen akka diigamu jedhameef qabeenya deebisu tokko qabeenyicha jijiireera yoo ta'e ykn baasiwwan irratti baaseeraa yoo ta'e tumaaleen SHH badhaadhina hin malle hogganan raawwii kan qabaatan ta'uus tumeera.

Kanaan wal qabatee, manneen murtii keessa rakkowwan qabatamaa hedduutu jira. Rakkoowwan kun bifa addaa addaa kan qaban yommuu ta'u isaan keessaa tokko gaaffiin waliigalteen naaf haa diigamu jedhu bu'uura SHH kwt 1808tiin osoo hin dhiyaatin waliigalteen akka diigamu ajajuun bu'uura SHH kwt 1815tiin bakka duraaniitti akka deebi'an jechuun isa tokkodha. Rakkoo inni 2ffaan immoo erga waliigalteen hundeffamee asitti hojiiwwan hojjetaman jiraachuufi dhabuu qulqulleeffachuu dhabuufi duubatti deebisuun mijataa ta'uufi dhabuu isaa madaaluu dhabuudha.

Akka fakkeenyatti, waliigaltee kiraaj lafaa bal'inni isaa qarxiij lama ta'eefi daangaan isaa adda hin baane sababa gareewwan lachuu waliigalaniif qofa manni murtii diigaameera jechuudhaan bakka duraan turanitti haa deebi'an yoo jedhe, waliigalteen barreeffamaa jalqabaa sun daangaa waan hin qabneef, kun immoo ulaagaa bu'uura SHH kwt 1768 jala jiru kan hin guunne ta'uu waan agarsiisuuf, lafti kireeffame jedhame sun qabatamaatti kam akka ta'e adda baasuun waan hin danda'amneef, bakka duraaniitti deebisuun rakkisaa ta'a.

Dhimmi qabatamaan biroo kutaa kana jalatti ilaalamuu qabu; dhimma yeroo baay'ee Godinaalee Harargee lamaan biratti deddebiin ka'an yommuu ta'u, dhimmichis; qabiyyee lafaa bifa adda addatiin wagga dheeraa dura walitti dabarsanii erga gareen tokko jimaal irratti misoomsee wagga dheeraa itti fayyadamee maatii isaa ittiin jiraachisaa turee booda waliigalteen ittiin lafa walitti dabarsan akka diigamuuf gaafatanii erga diigsisanii booda dhimma jimaal irra jiruu ilaachisee immoo furmaata osoo hin kennin hafuudha. Gareen jimaal qabiyyee lafaa waliigaltee (seera qabeessa hin taane) irratti dhaabee wagga 15 oliif itti fayyadamaa ture sababa waliigalteen diigameef laficha akka deebisu wayita taasifamu jimaal immoo irraa kaafadhu jechuun dinagdee dhuunfaa nama kaafadhu jedhamee, dinagdee waliigalaa biyyattiifi hawaasummaa (maatii) irratti dhiibbaa inni qabus tilmaama keessa galaa hin jiru. Kanaan wal qabatee dhimmoota qabatamoo adda addaa ilaaluun barbaachisaadha.

Dhimma 12^{ffaa}

Dhimma⁷⁴ kana keessatti Himataan himanna dhiyeesseen; ...himatamaan obbolaawwan isaa waliin na himatee qabiyyee lafaa ani osoo inni natti hin dubbatin jimaal kataara 20fi baargamoo hundee 3 irra dhaabee itti fayyadamaa tureefi baasii eela baasuu qarshii 2800 baase waliigalatti beenyaa tilmaama qabeenyaa sababa akkan lafa gadi lakkisu ajajameef dhabe qarshii 531,000 akka naaf kaffalu kan jedhe yommuu ta'u, himatamaan immoo deebii kenneen; dhimmi kun dursee murtii argateera jedheera.

Itti fufuun, manni murtii ol'aanaa; mormii sadarkaa duraa himatamaan kaase sababa ijoowwan isaanii tokko miti jedhuun kufaa godheera. Kana booda, manni murtichaa ragaa bitaafi mirgaa dhagahee, dhimma qabeenyaa laficharra jiruu dabalataan qulqulleeffatee, dhuma irratti; himatamaan beenyaa gaafatameef itti gaafatamummaa waan qabuuf galii jimaafi baargamoo wagga kudhanii keessaa walakkaa isaa qarshii 155,225 himtaadhaaf akka kaffalu jedheera.

⁷⁴ Dhimmi kun dhimma Himataa-Jibriil Xayyibifi Himatamaa-Abdii Xayyib gidduutti Manni Murtii Ol'aanaa Godina Harargee Bahaa dhaddacha gaafa 20/02/2012 ooleen Lakk.Ga.76050 ta'e irratti ilaalee murteessedha.

Dhimma 13^{ffaa}

Dhimma⁷⁵ kana keessatti himataan himannaa himatamtoota irratti dhiyeesseen;..ani himatamaa 2ffaa irraa biqiltuu (ataakiltii) bunaa hundee 96 kan lafa qonnaa qindii lama irratti argamu waliigaltee bittaafi gurgurtaa gaafa 13/06/1998 taasifameen qarshii 4000tti natti gurguree qubsumaan gara Aanaa Cawwaqaqaa deemeera. Kana booda, ani qabeenya adda addaa ergan irratti horadhee booda himatamtuu 1ffaan na himattee lafa gadi lakkiseen jira. Haa ta'u malee, lafa sana fudhachuudhaan mana jirenyaa hulaa sadii; kan tilmaamni isaa qarshii 40,000 ta'e, gatii jimaan hundee 145 qarshii 57,000 baasu, qarshii 4000 duraan biqiltuun bunaa ittiin bitame dabalatee waliigalatti qabeenya qarshii 101,000tti tilmaamamu waan na dhabsiisanif akka naaf kaffalan jedheera.

Himatamtoonni immoo deebii kennaniin; himataan tilmaama manaafi biqiltuu nu gaafachuuf mirga hin qabu. Himataan lafa keenyarra waggaan kudhaniif waan nyaateef, qarshii 4000 nu gaafachuuf hin danda'u. Himataan lafa wayita bitu lafichi; buna hundee 12fi muuza hundee 50, qabeenya tilmaamni isaa qarshii 125,000 ta'e waan ofirraa qabuuf, kana immoo waan balleesseef himataan akka nuuf kaffalu jedhaniiru.

Itti fufuun, manni murtii ol'aanaa himannaa qaxxaamuraa irratti himataa deebii kennisiisee, ragaa namaa bitaafi mirgaas dhagaheera. Dhuma irratti, dhimmicha xiinxaluudhaan; himatamtoonni himataadhaaf qarshii 4000 qofa kaffaluu qabu. Beenyaa qabeenyaatiif itti gaafatamummaa hin qaban. Gaaffii himatamtoonni qaxxaamuraan dhiyeessan sababa himataan biqiltuu himatamtootaa kunuunsuuf dirqama hin qabneef fudhatama hin qabu jedheera.

Kanumaan murtii kana irratti himataan dhaddacha Bahaa MMWOTTI oliyyatee, Manni Murtii kun immoo; dhaddacha gaafa 26/05/2012 ooleen Lakk.Ga.317183 ta'e irratti; ‘...Heera Mootummaa FDRI kwt 40 jalatti; qabeenyi dhuunfaa qabeenya gatii qabuufi maallaqa, humnaafi kalaqa sammuu namaatiin uumamu ta'uun isaafi qabeenya dhuunfaa irratti namni kamiyyuu mirga abbaa qabeenyummaa qabaachuu kan danda'u ta'uun tumameera. Seerri Hariiroo Hawaasaa immoo kwt 1176 jalatti; namni tokko hayyama abbaa qabiyyeetiin biqiltuwwan adda addaa yoo dhaabe, abbaan qabiyyee beenyaa irratti waliigalame kaffaluudhaan biqiltuwwan irratti abbaa qabeenya ta'uu danda'a. Yoo walii galuu baatan

⁷⁵ Dhimmi kun dhimma Himataa-Saanii Ahmadifi Himatamtoota-Biliqqisaa Mahaammadfaa (N-2) giddutti Manni Murtii Ol'aanaa Godina Harargee Lixaa dhaddacha gaafa 27/02/2012 ooleen Lakk.Ga.52569 ta'e irratti murteessedha.

immoo akkaataa kwt 1177tiin kan shallagamu ta'uun ibsameera. Tumaalee kana bu'uura godhannee dhimma amma harkaa qabnu wayita ilaallu; oliyyataan ammaa himanna dhiyeesseen; biqiltuuwwan dhaabbataniifi manni ijaarame hayyama d/kennitootaatiin waan ta'eef, hayyama isaaniitiin dhaabamanii osoo jiranii murtiin lafa qabeenyi kiyya kun irra jiru gadi lakkisi jedhu narratti kennamee sababa kanaan qabeenyonni kiyya harka d/kennitootaa waan galaniif, beenyaa tilmaama qabeenyaa akka naaf kaffalan kan jedhe yommuu ta'u d/kennitoonni immoo oliyyataan mirga hin qabu jechuun falmaniiru. Egaa falmii kanarraa akka hubatamutti; oliyyataan ammaa biqiltuuwwaniifi mana humnaafi maallaqa isaatiin dhaabeefi ijaare kan gaafachaa jiru waan ta'eef, oliyyataan bara 1998 irraa eegalee hanga yeroo himanna dhiyeessutti wayita inni itti fayyadamu d/kennitoonni callisanii ilaaluunifi baruma kana hayyama d/kennaa 2ffaatiin oliyyataan qabiyyicha kan of harkaan gahe waan ta'eef, gaaffiin oliyyataa kun immoo deeggarsa heeraafi seera armaan olii waan qabuuf manni murtii jalaa haala keewwatoota armaan olii faallessuun himanna oliyyataa ammaa kufaa taasisuun sirrii miti jechuudhaan irra deebi'ee qulqullaa'ee akka murtaa'uuf qajeelfamaan gadi deebiseera.

Dhimma 14^{ffaa}

Dhimma⁷⁶ kana keessatti waamamaan himanna M/M/S/D Magaalaa Alaabaa (Naannoo Kibbaa)tti dhiyeesseen; mana iyyattuu irraa bituu ibsee akkaataa waliigalteetti sanada maqaa naanneessuuf na gargaaru akka naaf dabarsitu jedheera. Iyyattuun immoo deebii kenniteen; ani waliigaltee hin raawwanne. Waliigalteen bu'uura SHH kwt 1723tiin raawwatames hin jiru jetteetti.

Kana booda, M/M/S/D dhimmicha ilaalee; mormii iyyattuu ammaa kuffisee akka raawwattuuf murteesseera. M/M/oliyyannoo dhagahu immoo murtii mana murtii sadarkaa duraa diigeera. Manni Murtii Waliigala Naannichaa immoo murtii Mana Murtii Ol'aanaa diiguun kan Aanaa cimseera.

Kanumaan, Dhaddacha Ijibbaataa MMWF gahee dhaddachichi immoo; ... iyyattuu fi waamamaan waliigaltee barreffamaan raawwataniif waamamaan manicha ofi harkaan gahee jiraachuun mana murtii jalaatti mirkanaa'eera. Iyyattuun adeemsa keessa manni kiraadhaan harka waamamaa gale haa jettuyuu malee mana murtii jalaatti hin mirkaneessine. Iyyattuun

⁷⁶ Dhimmi kun dhimma Dhaddacha Ijibbaataa MMWFtiin Iyyattuu – Itaalemawu Masfin fi waamamaa-Aagaa Aandee gidduutti Lakk. Ga.61913 (Jildii 13^{ffaa}) irratti ilaalamree murtaa'edha.

waliigalteen bittaa fi gurgurtaa manaa akka diigamuuf bu'uura 1808(2)tiin himata himatamummaa hin dhiyeffanne. Bu'uura SHH kwt 2875tiin; waliigalteen bittaa fi gurgurtaa manaa dhimma mata duree 15(title 15) jalatti ibsameen kan hoogganamu dha. Bu'uura SHH kwt 2281tiin gurgurataan mirga qabeenyaa falmiirraa bilisa ta'e ykn wabii qabu dabarsuuf tarkaanfii barbaachisu fudhachuu qaba jedhee murticha cimseera.

Dhimma 15^{ffaa}

Dhimmi⁷⁷ kun ka'umsi isaa Naannoo Amaaraa ta'ee dhimmicha irratti akka naannootti murtiin erga kennamee booda dhaddacha Ijibbaataa MMWF gahee dhaddachi Ijibbaataas; Adeemsa falmii manneen murtii jalaa irraa akka hubannetti waliigalteen bittaafi gurgurtaa osoo hin raawwatamin dura manni waamamtuun keessa jiraachaa turte diigamee iddo duwwaa sana irratti iyyataan ammaa gamoo ijaaruuf kan qophiirra ture ta'uun ragaadhaan mirkanaa'eera. Kun immoo, waliigalteen bittaafi gurgurtaa lafa duwwaa irratti raawwatamuu agarsiisa. Lafti duwwaan immoo qabeenyaa waliinii saboota, sablammootaafi uummattoota biyya kanaa kan hin gurguramne, hin jijiiramne ta'uun Heera Mootummaa FDRI kwt 40(3) jalatti ibsameera. Waan ta'eefis, waliigalteen tumaa kana darbee raawwatame dhimmi (unlawful object) isaa seeraan aladha. Waliigalteen akkasii immoo jalqabumarraayyuu kan hin jirre ykn kan hin raawwatamne (Void) ta'uun SHH kwt 1716(1) jalatti tumameera. Haala kanaan, manneen murtii seera hojiirra oolchuuf itti gaafatamummaas waan qabaniif gareewwan kaasuu baatanis waliigalteen akkasii wayita mudaatan jalqabumarraayyuu kan hin jirre ta'uu isaa ibsuun murteessuu qabu. Kanaaf, murtiin dhaddacha Ijibbaataa MMWNAAtiin waliigaltichi diigamuu qaba jechuun kennname sirriidha jedheera.

Gaaffilee Marii

1. Murtii dhimma 12^{ffaa}fi 13^{ffaa} armaan olii irratti kennname akkamitti madaaltu?, namni qabiyyee lafa baadiyyaa waggaan kudhan dura bitee biqiltuuwwan adda addaa irra dhaabee manas ijaarratee itti fayyadamaa ture laficha sababa seeraan alummaa waliigalteettiin gadi lakkisi yoo jedhame tilmaama beenyaa biqiltuuwwaniifi qabeenyaa gaafachuu ni danda'aa?, dhimmi kun bu'uura seera (keewwata) kamiitiin ilaalamuu qaba?, waliigalteen seeraan ala jedhame waliigalteewan bittaafi gurgurtaan ala jiran yoo ta'ehoo garaagarummaa uumu qabaa?

⁷⁷ Dhimmi kun dhimma dhaddacha Ijibbaataa MMWFtiin Iyyataa-Geetinnat Taarqoofi Waamamtuu-Jamiilaah Alii gidduutti dhaddacha gaafa 30/11/2007 ooleen Lakk.Ga.100671 (Jildii 18^{ffaa}) ta'e irratti murteessedha.

2. Dhimma 14^{ffaa} armaan olii keessatti bu'uura 1808(2)tiin himata himatamummaa dhiyeffachuun ni danda'amaa?, seeraan alummaa kaasanii sababa kanaaf ani hin raawwadhu jechuun hin danda'amuu?
3. Murtii dhimma 15^{ffaa} irratti kenname akkamitti ilaaltu?, dhimma kana keessatti waliigalteen akka naaf diigamu jettee kan gaafatte waamamtuudha. Waliigalteen akkasii wayita diigamu bu'aan isaa haala SHH kwt 1815tiin bakka duraan turtanitti deebi'aa kan jedhu ta'amoo waliigaltichi ka'umsumarraa hin jiru jedhamee ibsamee (labsamee) furmaata malee dhiifamaa?
4. SHH kwt 1809 jalatti gareen waliigaltee diigsisuuf mirga qabu, waliigaltee hin raawwadhu jedhee diduuf mirga kan qabu ta'uun tumameera. Mirgi hin raawwadhu jechuu kun waliigalteewan gosa akkamii ilaallata?, waliigaltee sababa hir'ina fedhiitiin diigamu?, waliigaltee sababa seeraan alummaa ykn ulaagaa foormii hin guutneen diigamumoo?, waliigaltee qabiyyeen isaa seeraan ala ta'e qofa?, erga himannaan mana murtiitti dhiyaatee booda diduu ni danda'aa?, bu'uura 1808tiin iyyanno dhiyeffatee diigsisuu hin qabuu?

4.3. Darbiinsa Yeroo Gaaffii Raawwii fi Diigga Waliigalteewwaniiitiin wal qabatan

Darbiinsi yeroo, daangaa yeroo itti himanni (iyyanno) tokko qaama falmii dhagahuuf aangeffame fuulduratti dhihaachuu qabu kan ibsuu dha.⁷⁸ Sirna seeraa biyyoota hundaa keessattiyyuu himannaan darbiinsa yerootiin ni daangeffamaa.⁷⁹ Akka bu'uuraatti, kaayyoon darbiinsa yeroo, turtii yeroo irraa ka'uun ragaan erga badee ykn ragaan namaa erga du'ee ykn irraanfatee booda himanni dhiyaatee haqni akka hin badne taasisuudha.⁸⁰

Bu'uura SHH kwt 1845tiin, seerri haala addaatiin yoo tume malee, himanni akkaataa waliigalteetti naaf haa raawwatamu, akkaataa waliigalteetti waan hin raawwatamneef beenyaan naaf haa kaffalamu jedhuufi waliigalteen naaf haa diigamu jedhu waggaan kudhan keessatti yoo hin dhiyaanne daangeffamaadha. Tumaan kun gaaffiwwan waliigalteen wal qabatan ilaachisee tumaa waliigalaa yommuu ta'u, tumaan addaa dhimma addaaf taa'e yoo

⁷⁸ Miiljalee 73, Fuula.103.

⁷⁹ Miiljalee Olii.

⁸⁰ Miiljalee Olii.

jiraate tumaa addaa sanaaf seera kanaan beekamtiin kennameera. Haaluma wal fakkaatuun, SHH biyya Swiiz keessattis daangaan yeroo waliigalaa waggaa kudhan ta'uunifi kaffaltiwwan yeroo yeroon raawwatamaniifi kaffaltiwwan akka tajaajila abukaatummaa ilaachisee daangaan yeroo waggaa shanii kan raawwatiinsa qabu ta'uun seera isaanii kwt 127fi 128 jalatti tumameera.

Darbiinsi yeroo waggaa kudhanii kun, sababa himannaan giddutti dhiyaateen ykn jecha amantaa abbaan idaa narra jira jechuun kennuun kan addaan citu ta'uunis kwt 1851 jalatti tumameera. Yeroon kun lakkawamuu kan eegalu; guyyaa dirqamichi gaafatamuu qabuu ykn guyyaa mirgooni waliigaltee irraa argaman hojjirra ooluu danda'an irraa ka'eeti. Seerichi kwt 1856 jalattis gareewwan waliigaltee himannaan waliigalteen wal qabatee isaan irratti dhiyaate tokko darbiinsa yerootiin ni daangeffama jechuun yoo hin kaasne, manni murtii kaka'umsa mataa isaatiin kaasee murteessuu akka hin dandeenye tuma.

Darbiinsa yerootiin wal qabatee, darbee darbee falmiin qabatamaatti mana murtii keessatti ka'u garaagarummaan darbiinsa yeroo SHH kwt 1810fi kwt 1845 jala taa'ee maali? kan jedhudha. Seerri hariiroo hawaasaa kwt 1810 (1) jalatti sababni waliigaltee diigsisu guyyaa baderraan eegalee waggaa lama keessatti himannaan diigga waliigaltee yoo hin dhiyaanne, waliigalteen hin diigamu jedha. Cita xiqqaa lama jalatti immoo namni miidhame jedhu nama gaa'ilaa gahe yoo ta'e, gaaffii waliigalteen naaf haa haqamu (diigamu) jedhu dhiyeessuu kan danda'u guyyaa waliigalteen raawwatame irraa kaasee waggaa lama keessatti ta'uu akka qabu ibsa. SHH kun, kwt 1845 jalatti tumaa waliigalaa ta'uu isaafi haala addaa seeraan tumameef beekamtiin kenneera waan ta'eef, keewwatni 1810 tumaa addaati jechuun ni danda'ama.

Kana malees, dhimmi qabatamaatti falmisiisuufi mata duree kana jalatti ka'uu qabu; waliigalteewan bu'uurummarraa akka hin jirretti ykn hin raawwatamnetti fudhatamuun wal qabatee himannaan akka naaf diigamu jedhu tokko yoo dhiyaate, gaaffiin kun akka waan bu'uura SHH kwt 1808fi 1815tiin dhiyaateetti fudhatamee darbiinsa yeroo SHH tumaalee waliigaltee ilaallataniin daangeffamamoo hin daangeffamu kan jedhudha. Falmii kana ilaachisee ogeessota seeraa giddutti garaagarummaan ejjennoo ni mul'ata. Ogeessonni⁸¹ tokko tokko akka jedhanitti; waliigalteewan kan diigamuu danda'anis ta'e waliigalteewan bu'uurummarraa hin jirre (Fkn waliigaltee gurgurtaa lafaa) bu'aan isaa akka SHH kwt 1815tti

⁸¹ Ejjennoo Abbootiin seeraafi Abbootiin Alangaa, Ji'a Amajjii, bara 2005 keessa seera waliigaltee irratti leenjii yeroo dheeraa ILQSOTTI wayita fudhatan kaasan.

tokkumadha waan ta'eef, darbiinsi yeroo SHH kwt 1810 jalatti addatti eerames ta'e darbiinsi yeroo SHH kwt 1845 jalatti akka waliigalaatti eerame, waliigalteewwan gosa lamaan irrattuu raawwatiinsa ni qabaatu kan jedhan yommuu ta'u, ogeessonni biroon immoo waliigalteewwan bu'uurumarraayyuu hin jirre bu'aa seeraa ykn mirga uuman hin qaban. Mirgi yoo hin jiraanne immoo wanti darbiinsa yerootiin daangeffamu hin jiru jechuudhaan gaaffiin diiggaa waliigalteewwan bu'uurumarraa hin jirree darbiinsa yerootiin kan daangeffamu hin ta'u jedhu.⁸² Gama kanaan, Dhaddachi Ijibbaataa MMWF murtii dirqisiisaa dhaddacha gaafa 7/06/2003 ooleen Lakk.Ga.43226 (Jildii 12ffaa) ta'e irratti, iyyataa-Waldaa Geeta Tireeding fi Baankii Daldala Itoophiyaa gidduutti kenneen; waliigaltee seeraan alaa (unlawful contract) jechuun waliigaltee seerri hin hayyamne ykn kan seeraan dhorkamefi qabiyyee (object) waliigaltichaatiin wal qabatudha. Waliigalteen seeraan ala ta'e (void contract) seera fuulduratti akka hin jirretti kan lakkaawamuufi bu'aa kamiyyuu hin uumnedha. SHH biyya keenyaas kwt 1716 jalatti waliigalteen seeraan alaa seera fuulduratti bu'aa akka hin uumne ibseera. Waliigalteen seeraan alaa kun mana murtiitti yeroo kamittuu, darbiinsa yerootiin osoo hin daangeffamin, dhiyaatee bu'aa seeraafi raawwii hin qabu jedhamuu kan danda'u ta'uunis tumaa kwt 1718 irraa ni hubatama. Waliigalteen tokko ulaagaawan seera waliigalaafi kutaa seera addaa hin guutne yoo ta'e immoo waliigaltichi waliigaltee seeraan alaa (unlawful contract) jedhama osoo hin taane waliigaltee ulaagaa seeraa hin guutne (illegal contract) jedhama. Waliigalteen seeraan alaa waliigaltee hanqinni isaa sirraa'uu hin dandeenyedha jechuun waliigalteen seeraan alaa, waliigaltee bu'uurumarraa hin jirreefi kan darbiinsa yerootiin hin daangeffamne ta'uu ibseera. Murtiin kun kallattii bu'uuraa kan kaa'e ta'ullee ejjennoowwan ibsaman kana, dhimmoota moojula kana keessatti eeramanifi tumaalee SHH rogummaa qaban bu'uura godhannee mariidhaan kan gabbisnu ta'a.

Dhimmi kan biroon mata duree kana jalatti ilaalamuu qabu, darbiinsi yeroo SHH kwt 1845 jalatti ibsamefi Dambii Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Dambii Lakk.151/2005 kwt 32 jalatti ibsamee walitti dhufeensa maali qabu? kan jedhudha. Dambiin Lakk.151/2005 ta'e kwt 32 jalatti; Namni lafa baadiyyaa seeraan ala qabatee argame kamiyyuu hanga wagga 12tti gadidhiisisuuf darbiinsa yerootiin hin daangeffamu. Tumaan kun iftoomina kan hin qabne ta'ullee, namni wagga 12 gadiif lafa

⁸² Planiol M. Treatise on Civil Law 12 ed.Vol. I part I (Translated by Louisiana State Law Institute, 1939) , p.218.

qabate, himannaan narratti dhiyaate darbiinsa yerootiin kan daangeffamudha jechuun falmuu kan hin dandeenye ta'uu bifaa waliigalaatiin nama hubachiisa.

Seerri Hariiroo Hawaasaa (waliigalteewwan ilaachisee seerri addaa), kwt 1808fi 1815 jalatti waliigalteewwan seeraan alaa kamiyuu kan diigamuu danda'an ta'uufi bu'aan diiggaa immoo gareewwan bakka duraaniitti deebisuu akka ta'e ni tuma. Dambiin eerame immoo, haala waliigalteewwan seeraan ala (kan qabiyyee lafaan wal qabatan) raawwataman itti diigamuu danda'an hin ibsu. Dambichi, namni seeraan ala waggaa 12f qabate gadi lakkisuuf hin dirqamu jechuun bu'aa waliigaltee qofa ilaachisee haala kwt 1815 fooyessuu fakkaatuun tumeera. Haa ta'u malee, asirratti, gaaffiin diiggaa waliigaltee bu'uurumarraa hin jirree (kan akka diiggaa waliigaltee bittaafi gurgurtaa lafaa) darbiinsa yeroo waggaa 12tiin daangeffamoo?, darbiinsa yerootiin gonkumaa hin daangeffamu? jedhus qabatamaatti ni ka'a.

Kanaan wal qabatee, dhaddachi Ijibbaataa MMWF murtii dirqisiisaa, Iyyataa-Warquu Taaddasaafi Waamamaa Jiraataa Ilfataa gidduutti dhaddacha gaafa 22/01/2010 ooleen Lakk.Ga.140538 (Jildii 22ffaa) ta'e irratti kenneen; qabiyyeen lafa baadiyyaa waliigaltee seeraan alaatiin qabamuun hanga hin mirkanoofnetti, waggaa 12 booda qabiyyee kana gadi lakkisiisuuf himanni dhiyaatu bu'uura Dambii Lakk.151/2005 kwt 32tiin darbiinsa yeroo waggaa 12tiin daangeffamuu qaba jedheera. Waliigaltee seeraan alaa jechuun waliigaltee bu'uurumarraa hin jirremoo waliigaltee hir'ina fedhii qabu ykn ulaagaa foormii hin guutnedha kan jedhu murtii dirqisiisaa kana keessatti ibsamuu baatullee murtii dirqisiisaa armaan olitti galmee lakk.43226 ta'e irratti ibsi irratti kenname keessatti; garaagarummaan waliigalteewwa seeraan alaafi waliigalteewwan ulaagaa hin guutneefi bu'aa isaan darbiinsa yeroo irratti qabanii waan ibsameef, wal qabsiisuun gosa waliigaltee darbiinsa yerootiin hin daangeffamnee adda baafachuun ni danda'ama.

Falmii qabatamaa kan biroon darbiinsa yerootiin wal qabatee ka'u, himannaan waliigalteewwan foormii barreffamaafi mirkanaa'u seeraan taa'e osoo hin guutin dhiyaatan ilaachisee himataan akka diigamuuf yoo gaafateefi gaaffiin isaas darbiinsa yeroo waggaa kudhaniitiin kan daangeffamu yoo ta'e manni murtii dursee waa'ee ulaagaa foormii guutuufi dhabuumoo waa'ee darbiinsa yeroo dursee ilaala, dhimmi darbiinsa yeroo mormii sadarkaa duraa keessatti kan ka'udha jechuun bu'uura s/d/f/s kwt 245tiin ilaalee himannaan dhiyaate darbiinsa yerootiin daangeffama yoo jedhe al kallattiidhaan waliigaltee ulaagaa hin guutne sana seera qabeessa taasisuu hin ta'uu? kan jedhudha. Falmii kanaan wal qabatee, murtiin

dhaddacha Ijibbaataa MMWFtiin kenne name moojula kana keessatti, armaan gaditti, dhiyaatee waan jiruuf, falmiin kun mariidhaan kan gabbifamu ta'a.

Dhimma 16^{ffaa}

Dhimma⁸³ kana keessatti dhaddachi Ijibbaataa dhimma waliigalteen wal qabatu ilaalee; ‘....Darbiinsi yeroo SHH kwt 1810(2) jalatti eerame raawwii kan qabaatu waliigalteen sababa dandeetti dhabuutiin ykn hir’ina fedhiitiin naaf haa diigamu gaaffiin jedhu yoo dhiyaate qofadha....jedheera.

Dhimma 17^{ffaa}

Dhimma⁸⁴ kana keessatti iyyataan himanna waamamaa irratti dhiyeesseen; waamamaa waliin mana daakuu (wafcoo) Magaalaa Asoosaa Ganda 03 keessatti, lafa kaaree meetira 1000 irratti argamu gaafa 08/03/1998 bitnee, booda gaafa 16/05/2002 immoo manicha qarshii 90,000tti tilmaamameera. Kana keessaa, qarshiin 20,000 baasii manichaatiif keessaa bahee qarshii 70,000 immoo walakkaa isaa ana iyyataadhaaf kennuuf waliigalee kana keessaa qarshii 15,000 naaf kennee qarshii 20,000 immoo ji'a lamaffarrattan siif kenna jedhee naaf hin kennin hafeera. Ani iyyataanis nama wagga 80 fi muuxannoo daldalaan hin qabne waanan ta'eef, waliigaltichis qaama ilaallatu biratti hin mirkanoofne waan ta'eef, waliigaltichi diigamee ani iyyataan gahee isaa waamamaadhaaf kaffalee akkan oolfadhu naaf haa murtaa'u jedheera.

Waamamaan immoo deebii kenneen; waliigalteen erga raawwatamee wagga 6 ta'eera waan ta'eef darbiinsa yerootiin daangeffama. Ani qarshii 20,000 intala isaatti kenneera waan ta'eef himanni isaa kufaa naaf haa ta'u jedheera.

Kanumaan, Manni Murtii Ol'aanaa Godina Asoosaa falmisiisee; himannaan iyyataa bu'uura SHH kwt 1810tiin darbiinsa yeroo wagga lamaatiin daangeffama jedhee Mana Murtii Waliigala Naannoo Benishangulis cimseera.

Itti aansuun, dhimmichi Dhaddacha Ijibbaataa MMWF gahee dhaddachichi immoo; waliigalteen kan taasifame Amajjii bara 2002 yommuu ta'u akka diigamu immoo kan gaafatame gaafa 10/08/2008dha. Waliigalteen tokko bu'uura SHH kwt 1710tiin sababuma

⁸³ Dhimmi kun dhimma Dhaddacha Ijibbaataa MMWFtiin iyyataa-Umar Kadir fi Waamamtoota-Badhaadha Sobboqqaafaa (N-2) gidduutti galmee lakk.48012 (Jildii 12^{ffaa}) ta'e irratti dhaddacha gaafa 03/02/2003 ooleen murtii argatedha.

⁸⁴ Dhimmi kun dhimma Dhaddacha Ijibbaataa MMWFtiin iyyataa-She Adam Farasifi Waamamaa-Musxafaa Filii gidduutti galmee lakk.138591 (Jildii 22^{ffaa}) ta'e irratti dhaddacha gaafa 27/06/2010 ooleen murtii argatedha.

garee tokko fayyadeef qofa kan hin diigamne ta'ullee iyyataan nama waggaa 80 ta'uun isaafi nama muuxannoo hojii daldalaan hin qabne ta'uun isaa galmeed keessaa hubatameera. Haa ta'u malee, iyyataan guyyaa sababni waliigalteen akka hin raggaane taasisu hafe irraa eegalee waggaa lama keessatti waan hin gaafanneef, seerummaa iyyataan gaafates iftoomina kan hin qabne waan ta'eef, murtii manneen murtii jalaa himannichi darbiinsa yeroottiiin daangeffama jechuun kennan sirriidha jechuun cimsee jira.

Dhimma 18^{ffaa}

Dhimma⁸⁵ kana keessatti himattuu himanna waamamtoota irratti dhiyeessiteen; himatamaa 1ffaan mana jirenyaa kiyya fedha kiyya osoo na hin gaafatin himatamaa 2ffaatti waliigaltee barreeffamaa kan hin galmaa'iniin waan gurgureef waliigalteen kun akka naaf diigamu jetteetti.

Waamamtooni deebii kennaniin; himannaan himattuu darbiinsa yeroottiiin daangeffamuu qaba jedhaniiru.

Kana booda, M/M/S/D/F falmisiisee mormii darbiinsa yeroo ka'e fudhatee himannoo himattuu kufaa taasiseera. Itti fufuun, himattuu oliyyattee M/M/O/Fs komii oliyyannoo dhagahee; bu'uura SHH kwt 1723tiin waliigalteen bittaa fi gurgurtaa manaa galmaa'uu qaba, Waliigalteen ammaa garuu hin galmoofne. Bu'uura SHH kwt 1720tiin waliigalteen foormii seeraan taa'e hordofee hin raawwanne immoo wixinee dha malee waliigaltee hin ta'u, Kanaaf, waliigaltee seeraan alaati. Diiggaan waliigaltee seeraan alaa immoo darbiinsa yeroottiiin hin daangeffamu jechuudhaan oliyyattuun waliigalticha diigsifachuuf mirga qabdi; iyyannoonaan diiggaan waliigaltees SHH kwt 1845 fi 1810tiin hin daangeffamu. Waliigalteen ka'umsarrraa hin jiru kan jennu yoo ta'e immoo, wanti diigamu waan hin jirreef, seera waliigalteen alaatiin bakka duraatti deebi'uu qaba jechuun murteessee jira.

Dhimma 19^{ffaa}

Dhimma⁸⁶ kana keessatti iyyattooni himanna waamamtoota irratti dhiyeessaniin; waamamtooni mana jirenyaa isaanii lakkofsi isaa 1352 ta'erraa mana sarvisii kaaree

⁸⁵ Dhimmi kun dhimma Mana Murtii Ol'aanaa Sadarkaa Duraa Federaalatti ilaalam ee Himattuu – Askaalee Tasammaa fi Waamamtoota-Saxxany Getahunfaa (N-2) gidduutti murtii argatedha.

⁸⁶ Murtii dirqisiisaa Dhaddachi Ijibbaataa MMWFtiin, iyyattoota-Kaffaaloo Ayyalaafaa (N-2) fi waamamtoota-Warqinash Balaayifaa (N-2) gidduutti dhaddacha gaafa 25/04/2010 ooleen Lakk.Ga.131151 (Jildii 22ffaa) ta'e irratti kennamedha.

meetira 130 irratti argamu waliigaltee gaafa 22/03/1997 raawwatameen qarshii 70,000n nutti gurguranii waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa itti baasanii waan nuuf kennuu didaniif kaartaa itti baasuun kan isaaniirraa kutanii maqaas akka nuuf nannessan jedhaniiru.

Waamamtoonni deebii kennaniin; waliigalteen kan raawwate gaafa 22/03/1997 yommuu ta'u himannaan kan dhiyaate immoo gaafa 05/02/2008 waan ta'eef, darbiinsa yeroo wagga kudhaniitiin daangeffama jechuun filannoodhaanis falmaniiru.

Kana booda, manni murtii sadarkaa duraa falmisiisee himannaai iyyattootaa darbiinsa yeroo wagga kudhanitiin daangeffama jechuun himannaai kuffiseera. Manni murtii ol'aanaas cimseera.

Itti fufuun, dhimmichi dhaddacha Ijibbaataa MMWF gahee, dhaddachichi immoo; iyyattoonni kan gaafatan kaartaan muramee akka kennamuuf yommuu ta'u kaartaan sarvisii gurgurame irratti kan bahe erga waliigalteen raawwatee booda gaafa 04/05/1998dha. Bu'uura SHH kwt 1846tiin darbiinsi yeroo kan lakkaawamu eegalu guyyaa dirqamni gaafatamuu qabu irraa eegaleeti. Haala kanaan, darbiinsi yeroo himannaai iyyattootaas kan lakkaawamu qabu gaafa waliigalteen raawwate irraa osoo hin taane guyyaa kaartaan hojjetamee kennname irraati waan ta'eef, guyyaa kaartaan hojjetame irraa eegalee immoo wayita lakkaawamu wagga kudhan waan hin guunneef, manneen murtii jalaa himannaai iyyattootaa darbiinsa yerootiin kufaa taasisuun sirrii miti jechuun diigee qajeelfamaan gadi deebiseera.

Dhimma 20^{ffaa}

Dhimma⁸⁷ kana keessatti, waamamtun himannaai iyyataa irratti dhiyeessiteen; iyyataan seeraan ala mana ani dhaamoodhaan dhaale qabatee waan jiruuf akka gadi naaf lakkisu jetteetti.

Iyyataan immoo deebii kenneen; waamamtun na himachuuf mirga hin qabdu. Himannaan ishee darbiinsa yerootiin daangeffama. Ani mana jedhame qarshii 250,000n duutuu irraa bitadheen qabadhee jira jedheera.

Kana booda manneen murtii Sadarkaa Jalqabaafi Ol'aanaa Federaalaa, SHH kwt 1168 caqasuun iyyataan wagga kudha shaniif gibira gabbaree, itti fufiinsaan yoo itti fayyadame

⁸⁷ Murtii Dhaddachi Ijibbaataa MMWF dhaddacha gaafa 18/02/2003 ooleen lakk.Ga.53328 (Jildii 11^{ffaa}) ta'e irratti; Iyyataa-Abdul Mahaammad fi Waamamtuu-Zabanaay Hayilee gidduutti irratti kennname.

qofa himannaan waamamtuu kufaa ta'a jechuun mormiiwwan iyyataa kufaa taasisanii akka gadi lakkisu jechuun murteessaniiru.

Itti aansuun dhimmichi Dhaddacha Ijibbaataa MMWF gahee dhaddachichis; Bu'uura SHH kwt 1723tiin waliigalteen gurgurtaa qabeenya hin sochoonee yoo hin galmoofne waliigaltichi kan ragga'u hin ta'u. Iyyannoон diiggaa waliigaltee kan dhiyaate waliigalteen raawwatee waggaa 13 boodadha. Hanga gaaffiin diiggaa hin dhiyaannetti, waliigalteen sirna barreeffamaa seeraan barbaadamu hin guutne, ka'umsumarraa waliigaltee hin jirredha jedhamuu hin danda'u. Gaaffiin waliigalteen naaf haa diigamuus yeroodhaan kan daangeffamedha. Sababa hanqina foormii waliigalteetiin gaaffiin diiggaa waliigaltee kan dhiyaatu bu'uura SHH kwt 1808(2)fi 1845tiin waggaa kudhan keessattidha. Manneen murtii jalaas ijoo dubbii; iyyataan mana kana gadi lakkisu qabamoo hin qabu jedhu ilaaluun dura mormii iyyataan ammaa himanna waamamtuu darbiinsa yerootiin daangeffama jechuun kaase ilaaluutu irra ture. Haala kanaan mormii darbiinsa yeroo iyyataan kaase osoo hin ilaalin waa'ee ijoo gadi lakkisu qabamoo hin qabu jedhutti ce'ee, foormii waliigaltee bittaafi gurgurtaa bu'uura godhatee xiinxalee, gudunfaa hin taanerra gahuun isaanii sirrii miti jechuudhaan diigeera.

Dhimma 21^{ffaa}

Dhimma⁸⁸ kana keessatti himataan himanna dhiyesseen; abbaan kiyya maqaan isaa Fayyeeraa jedhamu osoo bara 2008 hin du'in dura bara 2002 keessa qabiyyee lafa qonnaa isaa hektaara 3.75 nama Shifarraa Mul'ataa jedhamutti gurguree inni immoo bara 2003 keessa seeraan ala bakka saditti quoduun himatamaa 1ffaa, 2ffaifi 3ffaatti waan kenneef, isaan gaafannaan gadi naaf lakkisu waan didaniif akka gadi naaf lakkisan jedheera.

Himatamtooni deebii kennaniin; nuti lafa kana bosona cirree waggaa dheeraadhaaf qabanne. Erga bulchiinsa gandaatiin marra'amnee waggaa 21 fixneerra waan ta'eef, himannaan himataa darbiinsa yerootiin daangeffama jedhaniiru.

Itti fufuun, manni Murtii Aanaa falmisiisee ragaa namaa bitaafi mirgaa dhagahee, ragooleen namaa himataa abbaan himataa bara 2002 nama Shifarraa jedhamutti gurgure, Shifarraan immoo bara 2003 himatamtootatti gurguruu ibsaniiru. Ragooleen namaa himatamtootaa

⁸⁸ Dhimmi kun dhimma Mana Murtii Aanaa Botor Xoolayitti, Himataa-Mokonniin Fayyeeraa fi Himatamtoota-Dallalee Habteefaa (N-3) gidduutti dhaddacha gaafa 11/08/2011 ooleen Lakk.Ga.08046 ta'e irratti ilaalamee murtii argatedha.

immoo, himatamtoonni bara 1990 eegalee bosona ciranii waggaa 21f itti fayyadamuu mirkaneessaniiru. Jecha ragaa namaa kana wayita madaallu, ragooleen namaa himatamtootaa haala jecha ragaa namaa himataa caalaatti nama amansiisuun himatamtoonni waggaa 21f qabiyee lafaa qabatanii turuu mirkaneessaniiru. Bu'uura Dambii Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa, Dambii Lakk.151/2005 kwt 32tiin immoo namni waggaa 12 oliif qabiyee lafaa nama biroo qabate gadi lakkisuuf hin dirqamu jechuun himanna darbiinsa yerootiin kufaa taasiseera.

Kana booda, himataan Mana Murtii Ol'aanaa Godina Jimmaatti Oliyyatee Manni Murtii Ol'aanaa immoo dhaddacha gaafa 14/10/2012 ooleen Lakk.Ga.50057 ta'e irratti:

“D/kennitoonni qabiyee lafaa kana seeraan ala kan qabatan yoo ta'el ee waggaa 12 booda gadi lakkisuuf kan hin dirqamne ta'uun Dambii Bulchiinsa Lafaa Oromiyaa Lakk.151/2005 kwt 32 jalatti tumamee kan jiru waan ta'eef, kallattii kanaan himannoon oliyyataa d/kennitoonni naannoo waggaa digdamaatiif erga qabatanii booda kan dhiyaate waan ta'eef, darbiinsa yeroo kanaan hafaa ta'uu kan danda'udha malee osoodhuma akka falmii oliyyataatti d/kennitoonni bittaafi gurgurtaadhaan laficha kan argatan ta'ee, kun immoo waliigalticha faallaa seeraafi ija seeraatiin fudhatama kan hin qabne taasisee darbiinsa yerootiin kan hin daangeffamnedha jedhameellee, oliyyataan qabiyee lafaa yeroo abbaan isaa lubbuun jiruyyu harka abbaa isaa hin jirre dhaaluu waan hin dandeenyeef, himannaan oliyyataa kufaa ta'uun sirriidha.” jechuudhaan murtii mana murtii aanaa cimseera.

Dhimma 22^{ffaa}

Dhimma⁸⁹ kana keessatti himattuun himanna dhiyeessiteen; himatamaa 2ffaan abbaa warraa kiyya ta'ee lafa bal'inni isaa hektaara 7.5 ta'e, kan waliin mari'anee bara 1992 irraa eegallee gibira itti gabbarree, maqaa keenyaan waraqaa ragaa itti baafannee hanga bara 2003tti misoomsinee itti fayyadamaa turre, sababa ani bara 2003 gara maatii kiyyaa galeef haala ani hin beekneen himatamaa 1ffaatti waan dabarseef akka gadi naaf lakkisu jedheera.

Himatamaa 1ffaan deebii kenneen; lafa falmiif sababa ta'e himatamaa 1ffaan bara 1997 kennaadhaan himatamaa 2ffaa irraa argatee gibira itti gabbaree, waraqaa ragaa itti baafatee

⁸⁹ Dhimmi kun dhimma Mana Murtii Aanaa Noonnoo Beenjaatti, Himattuu-Abbaabuu Fayyeeraa fi Himatamtoota-Nidawu Shaffaxeefaa (N-2) gidduutti dhaddacha gaafa 09/09/2011 ooleen Lakk.Ga.08656 ta'e irratti ilaalamee murtii argatedha.

himatamaa 1ffaan waggaa 14f itti fayyadamaa jira waan ta'eef, himannaan himattuu darbiinsa yerootiin kufaa naaf haa ta'u jedheera. Himatamaa 2ffaan waamamee deebii dhiyeeffachuuf fedhii waan dhabeef mirgi deebii kennuu isaa bira darbameera.

Itti fufuun, Manni Murtii Aanaa falmisiisee, ragaa namaa bitaafi mirgaas dhagahee, dabalataan waajjirraa qulqulleeffatee dhuma irratti; himatamaa 1ffaan lafa falmiif sababa ta'e himatamaatu naaf kenne haa jedhuyyu malee himatamaa 2ffaa guyya dhagahaa dhiyaatee ani rakkadheen lafa falmiif sababa ta'e qarshii 3500niin himatamaa 1ffaatti gurguradhe jedheera. Himatamaa 1ffaanis falmii afaanii keessatti bittaafi gurgurtaan hin jiru haa jedhuyyu malee ofumaaf immoo qarshii 18,000 himatamaa 2ffaadhaaf kennuu ibseera. Bu'uura Dambii Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa, Dambii Lakk.151/2005 kwt 10tiin kennaan lafaa kan danda'amu miseensa maatiitiif ta'ullee himatamaa 1ffaan miseensa maatii himatamaa 2ffaa akka hin taane mirkanaa'eera. Himatamaa 1ffaan kennaadhaanan argadhe haa jedhuyyu malee kennaan bilisaan malee kaffaltii maallaqaa waan hin qabneef, himatamaa 1ffaan garuu maallaqa kaffaluu isaa ofumaafuu ibseera waan ta'eef, ragaa barreeffamaa kennaan ulaagaa seeraa guute jiraachuu agarsiisus waan hin dhiyeessineef, falmii himatamaa 1ffaan kennaan jira jedhu fudhatama hin qabu. Falmiwwan bitaafi mirgaa irraa himatamaa 1ffaan himatamaa 2ffaa irraa lafa bituun waan hubatamuuf, waliigalteen bittaafi gurgurtaa lafaa immoo bu'uurumarraa akka hin jirretti kan ilaalamu waan ta'eef, himatamaa 1ffaan qabeenya irraa kaafatee akka gadi lakkisu jedheera.

Himatamaa 1ffaan murtii kana komatee, MMO Godina Jimmaatti oliyyannoo fudhateera. Manni murtichaa immoo dhaddacha gaafa 18/10/2011 ooleen Lakk.Ga.50252 ta'e irratti; himatamaa 1ffaan ani qabiyyee falmiif sababa ta'e bara 1997 eegaleen qabadhe haa jedhuyyu malee ragaa isaatiin waan hin mirkaneessineef, ragoleen namaa himattuu immoo himatamaa 1ffaan bara 2003 eegalee lafa qabachuu waan mirkaneessaniif komii himatamaa 1ffaan darbiinsa yeroo ilaachisee kaase fudhatama hin qabu. Himatamaa 1ffaan bittaafi gurgurtaadhaan lafa kana argachuun hin haalamne. Akkaataa tumaa labsii lafa baadiyyaafi heera mootummaatiin immoo qabiyyee lafaa bittaafi gurgurtaadhaan dabarsuun dhorkaa waan ta'eef, himatamaa 1ffaan qabiyyee falmiif sababa ta'erraa mirga hin qabu jechuun murtii mana murtii aanaa gama kanaan cimseera.

Gaaffilee Marii

1. Murtii dhimma 16^{ffa} irratti kenname akkamitti ilaaltu? darbiinsi yeroo kwt 1810 jalatti ibsame haalota hir'ina fedhii uuman hundumaa irratti raawwatiinsa ni qabaataa?

2. Murtii dhimma 17^{ffaa} irratti kennname akkamitti ilaaltu? gaaleen ‘sababni waliigalteen akka hin raggaane taasisu guyyaa hafe irraa eegalee’ jedhu dhimma kana keessatti guyyaa isa kamiidha?
3. Murtii dhimma 18^{ffaa} armaan oliirratti kennname akkamitti ilaaltu?, waliigalteen foormiin hin hordofamne ykn seera qabeessa hin taane hin diigamuu? ni diigama kan jennu yoo ta’e iyyannoон diiggaa darbiinsa yerootiin hin daangeffamuu?, yoo ni daangeffama jenna ta’e (fkn Wagga-10) sana booda waliigaltichi bu’a qabeessa ykn kan raawwatamu hin ta’uu?
4. Waliigalteewan bu’uurummarayyuу hin jirre ykn fudhatama hin qabneen wal qabatee himannaan akka naaf diigamu jedhu tokko yoo dhiyaate, himannichi akka bu’uura SHH kwt 1808fi 1815n dhiyaateetti fudhatamee, darbiinsa yeroo SHH tumaalee waliigaltee ilaallataniin daangeffamamoo hin daangeffamu, ejjennoo kamiin deeggartu? (Waliigaltee bittaafi gurgurtaa lafaa ka’umsa godhadhaa bal’inaan irratti mari’adhaa).
5. Murtii dhimma 19^{ffaa} irratti kennname akkamitti ilaaltu? (Seera rogummaa qabu eeraa irratti mari’adhaa)
6. Murtii dhimma 20^{ffaa} irratti kennname akkamitti ilaaltu?, mormiin darbiinsa yeroo mirga jiru daangessa moo kan hin jirres ni ilaallata?
7. Murtii dhimma 21^{ffaa} irratti kennname akkamitti ilaaltu?, Himatamaan waliigaltee bittaafi gurgurtaatiin lafa argate tokko, mormii darbiinsa yeroo himataan wagga 12 booda na gaafachuu hin danda’u jedhu bu’uura Dambii Lakk.151/2005 kwt 32tiin kaasee falmuu ni danda’amoo hin danda’u?, Bu’uura dambii kanaatiin namni darbiinsa yerootiin fayyadamuu danda’u nama haala kamiin qabatedha?
8. Dhimma 22^{ffaa} keessatti manni murtii aanaa xiinxaluu haa dhabuyyuу malee ijoo dubbii; mormiin darbiinsa yeroo himatamaa 1ffaan kaase bu’uura seeraa qabamoo hin qabu kan jedhu qabatee, ragaas dhagahee, dhuma irratti himatamaa 1ffaan bittaafi gurgurtaadhaan lafa qabachuu hin danda’u waan ta’eef akka gadi lakkisu jedheera. Wayita haalli qabannaa nama himatamee faallaa seeraa ta’u falmiin darbiinsa yeroo bifa mormii sadarkaa duraatiin ka’e bu’uura s/d/f/s kwt 245tiin dursee furmaata argachuu qabamoo hin qabu, himatamaa 1ffaan bara 1997 lafa bittaadhaan qabachuun isaa osoo mirkanaa’ee murtiin mana murtii Ol’aanaa adda ta’a jettuu?, Murtii dhaddachi Ijibbaataa MMWF dhimma 20ffaa irratti kenne waliin akkamitti ilaaltu?

BOQONNAA AFUR

4. WABUMMAA AKKA WALIIGALAATTI

Seensa

Gareen waliigaltee tokko, garee biroon dirqama kaffaluu isaa bahuu dhiisuu ykn akkaataa dirqama seeneetti waliigalticha raawwachuu dhiisuu danda'a jedhee shakkoo danda'a. Yeroo kanatti, gareen mirga maallaqa deebifachuu ykn dirqama hojii raawwachiifachuu qabu, maallaqni isaa kan deebi'uuf ta'uu ykn dirqamni waliigalteen seename kan raawwatamuuf ta'uu wanta caalmaatti mirkaneessu barbaadu. Kunis kan mirkanaa'u, gareen maallaqa deebisuuf ykn dirqama isaa bahuuf waliigaltee uume, wabummaa qabeenyaa ykn maallaqaa akka dhiyeessuuf waliigalteen wabummaa akka uumamu taasisuun ykn haala seera irraa madduun ta'uu danda'a.

Wabummaan waliigalteedhaan uumamu, bifaa waliigalaatiin, wabummaa namaafi qabeenyaa jedhamee qoodamuu kan danda'u yommuu ta'u, isaanis of jalatti qoodinsa adda addaa qabaachuu danda'u. Haala kanaan, boqonnaa kana keessatti; gosooni wabummaa, haala itti gosooni wabummaa adda addaa hundeffaman, bu'aawan seeraa waliigalteen wabummaa gosa adda addaa qabaniifi rakkowwan qabatamoo wabummaan wal qabatan kan ilaalamantaa.

Xumura boqonnaa kanaa irratti, Leenjifamtoonni;

- Maalummaafi haala hundeffama tokkoon tokkoon gosa wabummaa irratti hubannoo qaban ni gabbifatu.
- Waliigaltee konistiraakshinii keessatti gosa wabummaa dirqama waliigaltee konistiraakshinii keessatti eerame akka raawwatamu taasisuuf raawwatamuu, fi amala gosa wabummaa kanaa irratti hubannoo qaban ni cimsatu.
- Ulaagaan mirkaneessaafi galmeessa waliigaltee, waliigalteewwan wabummaa qabeenya hin sochoonee gosa kam irratti akka raawwatiinsa qabaniifi gosa kam irratti akka hin qabne adda baafachuun seerota dhimmoota kana hogganan sirnaan hojiirra oolchu.
- Garaagarummaa wabummaa qabeenya hin sochoonee ajaja mana murtiitiin hundeffamuu, qabeenya murtiin dura kabajamuufi dhorka yeroo bu'uura s/d/f/s kwt

154tiin kennamuu adda baafachuun seericha haala galma barbaadameetiin hojiirra ni oolchu.

- Galmeessi waliigaltee wabummaa qabeenya hin sochoonee, bu'aa seeraa akkamii akka hordofsiisuufi maalummaa mirga dursaa irratti hubannoo qaban ni gabbifatu.
- Wabummaa qabeenya hin sochoonee dhala hafaa taasisu (antichresis) ilaachisees, dhimmoota qabatamoo bu'uura godhachuun, seerota rogummaa qaban waliin ilaaluun irratti marii taasisuudhaan, gahumsa isaanii ni cimsatu.

4.1. Maalummaafi Kaayyoo Wabummaa (Security)

Akkuma armaan olitti ibsame, gareen waliigaltee tokko, garee biroon dirqama kaffaluu isaa bahuu dhiisuu ykn akkaataa dirqama seeneetti waliigalticha raawwachuu dhiisuu danda'a jedhee shakkuu danda'a. Yeroo kanatti, gareen mirga maallaqa deebifachuu ykn dirqama hojii raawwachiifachuu qabu, maallaqni isaa kan deebi'uuf ta'uu ykn dirqamni waliigalteen seename kan raawwatamuuf ta'uu wanta caalmaatti mirkaneessu barbaadu. Kunis kan mirkanaa'uu, gareen maallaqa deebisuuf ykn dirqama isaa bahuuf waliigaltee uume, wabummaa qabeenyaa ykn maallaqaa akka dhiyeessuuf waliigalteen wabummaa akka uumamu taasisuun ykn haala seera irraa madduun ta'uu danda'a. **Waliigalteen wabummaa**, waliigaltee nama maallaqa isaa ykn qabeenya isaa qabsiisuufi abbaa maallaqaa (abbaa mirgaa) giddutti raawwatamuun mirga wabummaa uumu yommuu ta'u, **mirgi wabummaa** (security right) immoo mirga qabeenyaa, kaffaltiin ykn dirqamni tokko akka raawwatamu mirkaneessuuf waliigaltee wabummaa uumamu irraa maddudha.⁹⁰

Waliigalteen wabummaa, gareewan waliigaltee bilisa ta'anii sochii daldalaa qajeelaa ta'e akka gaggeessan taasisa.⁹¹ Kana malees, wabummaan sochii diinagdee cimaa fi amansiisaa taasisuu danda'a. Kanaaf, wabummaan meeshaa sochiin daldalaa itti fufinsa qabuufi amanamaa ta'e akka jiraatu jajjabeessuun guddinni dinagdee barbaadamu akka dhufu taasisuudha jechuun ni danda'ama.⁹² Kaayyoofi bu'aan wabummaa gosa adda addaa kan wal fakkaatu yoo ta'e illee gosa dirqamaa itti wabii ta'anii fi wanta ykn nama wabummaaf

⁹⁰ Asress Adimi, Examining Suitability of the Draft Ethiopian Personal Property Security Rights' Law to the Local Context, Hawassa University Journal of Law, Volume 2, July 2018, P.14.

⁹¹ Moojula Seera Waliigaltee Fooyya'e, Moojula Wiirtuu Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa Federaalaatiin Leenjifamtoota Leenjiin Hojii Duraatiif kan qophaa'e, Fuula 30.

⁹² Miiljalee Olii.

dhiyaatuun gargar ta'uu danda'u. Wabummaan haala kamiinuu hundeffamu, idaa qabatamaatti jiru ykn gara fuulduraatti jiraachuu malu irratti hirkatee hundaa'a. Dirqamni abbaa idaa muummeefi waliigalteen wabummaa kan hin raggaane yoo ta'e illee namni wabii ta'e tokko, abbaan idaa muummee dandeettii kan hin qabne ta'uu ykn fedhii guutuu kan hin kennine ta'uu osoo beekuu yoo waliigaltee wabummaa raawwate dirqamni wabummaa akkaataa SHH kwt 1923(2) jalatti tumameen ni ragga'a. Bu'uura SHH kwt 1924tiin immoo hangi wabummaa hanga idaa muummee abbaa idaa caaluu kan hin dandeenye ta'uunifi waliigalteenakkanaa yoo raawwatames hangi wabummaa hanga idaa muummeetti akka gadi deebi'uu taasifama malee waliigalteen wabummaa sababa kanaaf hin diigamu.

Seerri kun, foormii waliigaltee wabummaa ilaachisees, kwt 1725fi 1922 jalatti barreffamaan ta'uu kan qabu ta'uu, wabummaan ifa ta'uu kan qabuuffi tilmaama sammutiin uumamuu kan hin dandeenye ta'uu tuma. Kana malees, waliigaltee wabummaa keessatti hangi maallaqaa wabummaan seenameef yoo hin ibsamne waliigaltichi kan diigamu ta'uu tumee jira. Bu'uura SHH kwt 1930tiin waliigalteen abbaa idaafi abbaa mirgaa gidduutti raawwatame dhimma dhalaan kan haguuge yoo ta'e wabiin dhala kaffaluuf itti gaafatamummaa qaba. Kanaan ala, dhimmi dhalaan osoo waliigaltee keessatti hin caqafamin wabiin akka itti gaafatamu taasisuun waliigalticha waan ulfeessuuf yeroo kanatti wabiin itti gaafatamummaa hin qabu.

Kanaan wal qabatee, dhaddachi Ijibbaataa MMWFs murtii dirqisiisaa iyyataa-Fiqiree Girmaafi Waamamaa-Dastaa Caammisoo gidduutti dhaddacha gaafa 25/01/2008 ooleen Lakk.Ga.104061 ta'e irratti Jildii 19ffaa irratti SHH kwt 1922(3) caqasee kenneen; waliigalteen wabummaa tokko hanga itti gaafatamummaa wabii ykn hangi itti gaafatamummaa maallaqaan meeqa akka ta'e waliigaltee wabummaa irratti kan hin ibsine yoo ta'e kan diigamudha jechuun murtii kennee jira.

4.2. Gosoota Dirqamoota Wabummaa

Wabummaan, wabummaa namaafi qabeenyaa jedhamee bakka gurguddaa lamatti qoodamuu ni danada'a.⁹³

4.2.1. Wabummaa Namaa (Suretyship)

Wabummaa nama jechuun SHH kutaa 4ffaa kwt 1922 irraa eegalaniit jiran jalatti afaan Ingiliffaatiin ‘Suretyship’ kan jedhamu yommuu ta'u hiikni isaas wayita abbaan idaa akkaataa waliigalteetti dirqama isaa bahuu dadhabu abbaa idaa bakka bu'ee dirqama abbaa

⁹³ Miiljalee Olii.

idaa abbaa mirgaatiif bahuuf waliigaltee seenamu' jechuudha. As keessatti gareewwan sadii kan jiran yommuu ta'u isaanis abbaa mirgaa, abbaa idaafi wabiidha. Abbaa idaa muummersa idaan yoo hin jiraanne, dirqamni wabummaa uumamuu hin danda'u. Yeroo baay'ee wabummaanakkanaa kan hundeffamu, idaan muummee gaafatamuun dura ta'us, wayita idaan gaafatamutti yookiin erga idaan gaafatamu jalqabee boodallee hundeffamuu ni danda'a.

SHH kwt 1944 jalatti, namni wabii ta'e, idaa abbaa idaa muummeerra jiru erga kaffalee booda, bakka abbaa mirgaa bu'un abbaa idaa muummee irraa gaafachuuf mirga qaba. Kana malees, seerichi kwt 1935 jalatti, wabiin akkuma himatameen mirga abbaa idaa muummee waliin falmadhu jechuu kan qabu ta'uu ibsa. Dabalataan, wabiin, haala wabummaa kennname irraa kan ka'ee akka hafu yoo taasifame malee, mormii abbaan idaa muummee abbaa mirgaa irratti kaasuu danda'u kaasee falmachuu ni danda'a.

Wabummaan namaa bif a lama qabaachuu kan danda'u yommuu ta'u, isaanis; Wabummaa Salphaa (Qeenxee) fi Wabummaa Waliiniiti.

4.2.1.1. Wabummaa Qeenxee ykn Salphaa (Simple Guarantee)

Wabummaan qeenxee wabummaa SHH kwt 1934 jalatti tumame ta'ee, hiikni isaas gosa wabummaa wayita abbaan idaa muummee dirqama isaa bahu dadhabu qofa gaafatamudha. Haala kanaan abbaan mirgaa, wabiin dirqama wabummaa isaa akka bahu kan gaafatu, abbaan idaa muummee dirqama isaa bahuu kan hin dandeenye ta'uu yoo mirkanoeffate qofa dha. Kasaaruun abbaa idaa yoo mana murtiin mirkanaa'ee malee, wabiin yeroo himatamu, dura abbaa idaa waliin falmadhu jechuuf mirga qaba. Mormii kana yoo wabiin kaasuu baate garuu abbaan maallaqichaa abbaa idaa gaafachuun osoo isarraa hin egamiin qabeenya wabii irra idaan jiru akka kaffalamu gochu danda'a. Wabiin mormii jedhamee kana yoo kaasee bakka qabeenyi abbaa idaa muummee jiru qajeelchuu fi baasii falmii kanaaf barbaachisuu abbaa maallaqichaatiif kennun irraa eegama. Kana gochuu yoo baate mirga abbaa idaa muummee waliin falmadhu jechuu akka hin qabaanne Seerichi kwt 1935 jalatti tumeera. Akka qajeeltootti wabummaan hunduu wabummaa qeenxeeti jedhamee tilmaamama.

Kanaan wal qabatee, ogeessota seeraa gidduutti falmiiwan jiran keessaa tokko wabiin yoom mirga 'dhaqii abbaa idaa muummee waliin falmi' jechuu qaba kan jedhu ilaachisee erga murtiin abbaa idaa muummee irratti kennamee booda adeemsa raawwii irratti immoo abbaa

idaa muummee waliin himatameeti kan jedhu dha. Falmiiwwan kun qabatamaatti kan jiran ta'ullee 1ffaa-SHH kwt 1935 jalatti wabiin akkuma himatameen mirga kana qaba waan jedhuuf, kun immoo mirga bu'uuraa (subsistantive right) ta'uu waan agarsiisuuf, 2ffaa-Wabiin qabeenya abbaa idaa abbaa mirgaatti agarsiisuufi baasii gahaa falmii abbaa idaa waliin taasisuuf barbaachisu dursee abbaa mirgaatii kennuuf dirqama qaba jechuun falmii raawwii irratti kan hin kaane ta'uu waan agarsiiseef ejjennoon ogeessota raawwii irratti ka'a jedhanii falmanii dhama qabeessa hin fakkaatu.

Haaluma wal fakkaatuun Dhaddachi Ijibbaataa MMWFs, murtii dirqisiisaa iyyataa-Maammoo Goobanaafi Waamamaa-Warqinaa Takilamariyaam jedhamu gidduutti dhaddacha gaafa 5/2/2000 ooleen Lakk.Ga.25115 (Jildii 5ffaa) ta'e irratti kenneen '....SHH kwt 1931fi 1939 eeruudhaan manni murtii Sadarkaa duraa Federaalaan namni wabii qeenxee (simple guarantor) ta'e abbaa idaa muummee waliin himatamuu hin qabu jechuun wabii himanna keessaa baasuun sirrii miti jechuudhaan waliin himatamuu akka qabu agarsiisee murtiiwwan manneen murtii jalaa diigeera.

4.2.1.2. Wabummaa Waliinii (Joint Guarantee)

Bu'uura SHH kwt 1933tiin, waliigalteen wabummaa waliinii kan uumamu; namni wabii ta'e tokko abbaa idaa muummee waliin itti gaafatamaadha jedhee ykn jecha wal fakkaataa kan biroodhaanis ibsee dirqama yoo seenedha. Haala kanaan, abbaan mirgaa osoo abbaa idaatiin naaf kaffali hin jedhin wabii himachuuf, ykn qabeenya wabummaan qabatee harka isaa jiru gurgurachuuf mirga qaba. Wabiin, abbaa idaa waliin falmadhu jechuuf mirga hin qabu.

Wabummaan nama, turtii itti gaafatamummaafi gosa itti gaafatamummaa hordofsiisuu bu'uura godhatees qoodamuu danda'a.⁹⁴ Kunis; wabummaa dirqama wabummaa yeroo murtaa'ee fi yeroo hin murtoofneef raawwatamu

Hangi dirqamaafi yeroon itti kaffalamu adda bahee yoo beekame, gasti wabummaa dirqama akkanaa mirkaneessuuf seenamu wabummaa yeroon murtaa'e kan jedhamu yommuu ta'u, dhimma hangi dirqama muummee fi yeroon kaffaltii isaa hin murtoofneef immoo dirqama wabummaa hangi isaa murtaa'ee seenuu wabummaa hundeessuun ni danda'ama. Gosti wabummaa inni lammaffaa kun; wabummaa raawwiin isaa haala irratti hundaa'ee fuulduuratti raawwatamu (continuous guarantee) jedhama. Wabummaan kun, SHH kwt 1925 jalatti ibsamee jira. Hojjetaa waajjira mootummaatti qacarame galii sassaabu tokkoof, maallaqa

⁹⁴ Miiljalee Olii.

baaxiin isaa murtaa'eef wabii ta'uun, gosa wabii 2^{ffaa} kanaaf fakkeenya ta'uu danda'a. Kanaan wal qabatee, dhimmi kanaa gadii kan ilaalamu ta'a.

Dhimma 23^{ffaa}

Dhimma⁹⁵ kana keessatti waldaa waamamaan himannaa nama Biniyaam Asaffaa (himatamaa 1ffaajalaa) jedhamuufi iyyataa (himatamaa 2ffaajalaa) irratti dhiyeesseen; namni Biinyaam Asaffaa jedhamu hojjetaa mana kuusaa ta'ee wayita qacarametti iyyataan miidhaa hanga qarshii 50,000 gahutti tokkummaafi qeenxeedhaan itti gaafatamummaa fudhachuuf wabii ta'ee mallatteesseera waan ta'eef, namni Biinyaam jedhamu kun maallaqa qarshii 111,552 baankii akka galchuuf itti kennamee fudhatee waan badeef, qabeenyis bakka iyyataan jirutti lakkaawamee qarshiin 5643.49 waan hir'iseef, yakkaanis waan adabameef iyyataa waliin ta'uun tokkummaafi qeenxeedhaan akka naaf kaffalan jedheera.

Himatamaa 1ffaan jalaa deebii kenneen; ani kutaa qabeenyaan hojjedha malee maallaqa baankii galchuuf itti gaafatamummaa hin qabu kan jedhe yommuu ta'u iyyataanis haaluman wabummaa seeneen ani qarshii 5643.49f qofan itti gaafatama jedheera.

Kana booda, Manni Murtii Sad.Duraa Federaalaa falmisiisee; himatamaa 1ffaan jalaa qarshii 111,552 Baankii kan hin galchine ta'uunifi qarshii 5643.49 kan hir'ise ta'uun ragaadhaan kan mirkanaa'e ta'uurrayyuu waan amaneef, iyyataan bu'uura SHH kwt 1933(1)fi 1897tiin qabeenya hir'ateef wabummaa waan seeneef himatamaa 1ffa waliin tokkummaafi qeenxeedhaan qarshii 5643.49 akka kaffalan. Himatamaa 1ffaan qarshii 111,552 dhala waliin akka kaffalu jechuun murteesseera.

Waldaa waamamaan murtii kana komatee Manni Murtii Ol'aanaa Federaalaa immoo; ...iyyataan wabummaa kan seene qabeenya adeemsa hojii keessatti hir'ateef qofa osoo hin taane maallaqa badeefi qabeenya hir'ateef ta'uun isaa waliigaltee isaan mallatteessan irraa waan hubatamuuf, MMSDFs waliigaltee wabummaa gita hojii waliin wal qabsiisee hiikuun isaa sirrii waan hin taaneef, iyyataan ammaa hanga qarshii 50,000tti himatamaa 1ffa jalaa waliin tokkummaafi qeenxeedhaan itti gaafatamummaa qaba jedhee fooyyesseera. Manni Murtii Waliigala Federaalaas murtii kana cimseera.

⁹⁵ Dhimmi kun dhimma Dhaddacha Ijibbaataa MMWFtiin iyyataa-Sofoniyaas Habte Mariyaamifi Waamamaa-Waldaa Dhuunfaa Kaalidis Kofii gidduutti dhaddacha gaafa 28/07/2010 ilaalamee galmeek lakk.109392 (Jildii 20^{ffaa}) ta'e irratti murtii argatedha.

Itti aansuun, dhimmichi dhaddacha ijibbaataa gahee Dhaddachi Ijibbaataa MMWFs; Iyyataan wabummaa kan seene qabeenya adeemsa hojii keessatti hir'ateef qofa osoo hin taane maallaqa badefi qabeenya hir'ateef ta'uun isaa waliigaltee isaan mallatteessan irraa hubatameera. Biniyaam hojjetaa waldaa waamamaa ta'ee wayita hojjetutti maallaqa harka isaa gale balleessuun isaas mirkanaa'ee osoo jiruu maallaqni inni balleesse dirqama wabummaa iyyataan ammaa seeneen ala jechuun waan hin danda'amneef, kaffali jedhamuun sirriidha jechuun murtii dhaddacha idilee MMWF cimseera.

Gaaffii Marii

1. Murtii dhimma 23^{ffaa} irratti kennname akkamitti ilaaltu?, waliigalteen wabummaa isaanii hir'ina hojjetaan adeemsa hojii keessatti haala hojii isaatiin wal qabatuun uume kan jedhu osoo ta'ee garaagarummaa uumu qabaa?

Qabxii biroon kanaan wal qabatee ilaalamuu qabu tokko, wabummaa yeroo baay'ee baankiwwan kennan yommuu ta'u, darbee darbee baankiwwan kontiraakterri tokko waajjira ykn dhaabbata tokkoof hojii konistiraakshinii hojjatee dirqama isaa akkaataa waliigalteetti akka buhu mirkaneessuuf wabummaa kennuu ni danda'u. Kunis bifaa maallaqa wabummaaf qabsiisuun kaa'uutiin yoo kontiraakterri dirqama isaa hin baane waajjirri ykn dhaabbatni fayyadamaa ta'e gaafatee maallaqa akka fudhatu taasisuunidha. Adeemsa falmii kontiraakteraafi waajjiraa keessattillee (kontirakterri dirqama isaa kan bahe ta'uufi dhabuun mirkanaa'uu baatullee) waajjirri maallaqa isaa haalduree tokko malee fudhachuuf mirga waan qabuuf (boodarra dirqama isaa buhuun yoo mirkanaa'e mirgi deebifachuu akkuma jirutti ta'ee), wabummaan gosa akkanaa kun tooftaa miidhaa akka qooddatan taasisuuti.

Labsiin Bulchiinsa Faayinaansii Mootummaa Federaalaa, Labsii Lakk. 648/2009 kwt 2(20) (Labsii Lakk.970/2008 akka fooyya'etti) fi Dambii Lakk.17/1997 kwt 5 jalatti wabummaan waliigaltee (Contract Security) wabummaa dirqama waliigaltee kabachiisuuf seenamuu ta'uufi kunis wayita kontiraakterri dirqama isaa kamiyyuu hin baane kontiraaktera bakka bu'anii mootummaa federaalaatiif kaffaluuf boondii kaffaltii kennamu ta'uu ibsa. Keewwatni kun bifaa waliigalaatiin kan tumamedha. Qabatamaatti garuu waliigalteen wabummaa akkanaa kun yeroo gaaffii kaffaltii daangessuudhaan, keessattuu guyyaan akkaataa waliigalteetti dirqamni kontiraakteraa itti xumuramuu qabu osoo hin darbin gaafachuun maallaqa fudhachuun danda'amu gabaabsuudhaan haala kaayyoo waliigaltichaa fashaleessuun

waliigaltee qopheessuu, waliigaltichis haal duree akka qabaatu taasifamaa jira. Akka fakkeenyatti, waliigaltee wabummaa raawwii (performance bank guarantee), Baankiin Innatifi Dhaabbatni Ijaarsaa Sancharii jedhamu gidduutti gaafa Caamsaa 01/2009 raawwatame fi garagalchi isaa galmee Mana Murtii Ol'aanaa Godina Arsii, Lakk.isaa 88610 ta'e keessatti argamu irraa, waliigalteen wabummaa raawwii hojii ijaarsaa guyyoota dhibba tokkoof shantamaaf qofa kan turu ta'uun ibsamee waliigalameera.

Dhimma 24^{ffaa}

Dhimma ⁹⁶ kana keessatti korporeeshinii himataan himanna himatamtoota irratti dhiyeesseen; himataan himatamaa 1ffaa waliin gaafa 30/10/2004 waliigaltee raawwateen himatamaan himataaf biqiltuu shonkoora 'tishuu kaalcharii' ykn 'tissue culture' baay'inni isaa miliyona kudhan ta'e dhiyeessuuf, biqiltuu shonkoora tokkoof gatii qarshii 4.50n walumaagalatti qarshii 47,700,000 kaffaluuf waliigalamee ture. Gatii ittiin waliigalame keessaa qarshii 22,093,709 karaa herrega baankii isaaniitiin galii taasifameef jira. Himatamaa 1ffaan sababa rakkoo isa mudateetiin yeroon akka dheeratuuf gaafatee bara 2005 irraa gara 2006tti kan dheerateef ta'ullee biqiltuu miliyona kudhan keessaa 654,060 (Kuma Dhibba Ja'aafi Shantamii Afurifi Jaatama) qofa kan dhiyeesse waan ta'eef kun immoo gatii waliigaltee keessaa himatamaan kun kan raawwate qarshii 2,943,270 (Miliyona Lamafi Kuma Dhibba Sagaliifi Kuma Afurtamii Sadiifi Dhibba Lamaafi Torbaatama) ta'a. Bu'uura waliigaltee keenya haaromsameetiin himataan hanga gaafa 21/02/2006tti biqiltoota hunda nu harkaan gahuu qaba ture, haa ta'u malee sababa yeroon nu harkaan hin geenyef miindaa hojjettootaafi lafa qopheessuuf baasii hedduu baaseera. Akkaataa waliigaltee keenyatti immoo himatamaan yoo gartokkeen ykn guutummatti dhiyeessuu baate himataan waliigalticha addaan kutuu waan danda'uuf addaan kuteera. Himatamaa 2ffaan immoo yoo himatamaa 1ffaan raawwachuu dadhabe maallaqicha deebisuuf wabii ta'eera waan ta'eef, lamaanuu itti gaafatamummaa qabu. Kanaaf, waliigaltee addaan kutuun keenya sirrii ta'uun nuuf mirkanaa'ee qarshii 19,150,439.35 (Miliyona Kudha Sagaliifi Kuma Dhibba Tokkoofi Kuma Shantamaafi Dhibba Afurifi Soddomii Sagaliifi Saantima Soddomii Shan), dhala dhibbeentaa sagaliin shallagamu kan wagga tokkoo 1,723,539.51 (Miliyona Tokkoofi Kuma Dhibba Torbaafi Kuma Digdamii Sadiifi Dhibba Shaniifi Soddomii Sagaliifi Saantima Shantamii Tokko), fi baasiwwan adda addaa akka naaf kaffalan jedheera.

⁹⁶ Dhimmi kun dhimma Dhaddacha Dhaabbi Bahaa MMWOTTI Himataa- Korporeeshinii Shukkaaraafi Himatamtoota- Nuurus Baayoo Tekinooloijiifi Agiroo Indastirii I/G/Isaa Murtaa'efi Baankii Intarnaashinalii Addis gidduutti galmee lakk.200950 ta'e irratti dhaddacha gaafa 24/05/2010 ooleen murtii argatedha.

Himatamaa 1ffaan deebii kenneen; waliigalteen jiraachuu amanuudhaan miidhaan kan gahe sababa himataatinidha jedheera. Himatamaa 2ffaan immoo; himataan yeroo kaffaltii nu gaafachuu qabu keessatti waan nu hin gaafanneef nu himachuuf mirga hin qabu. Waliigaltee wabii kaffaltii duraa qarshii 22,500,000fi bondii raawwii qarshii 4,500,000 kennuun keenya hin haalamu. Otuma itti gaafatamaa jedhamneeyyuu dhalaafi kisaaraadhaaf itti gaafatamummaa hin qabnu. Nuti waliigaltee haaromsame hin beeknu jedheera.

Itti fufuun, manni murtichaa bitaafi mirga falmisiisee ragaas dhagahee; ragoleen dhagahaman himatamaa 1ffaan badii qabaachuu waan mirkaneessaniif himatamaa 1ffaan itti gaafatamummaa qaba erga jedhee booda ijoo dubbii; himatamaa 2ffaan itti gaafatamummaa qaba moo hin qabu jedhu immoo wayita ilaaludirqama wabummaa himatamaa 2ffaan gaafa 13/11/2004fi 17/11/2004, duraa duubaan, raawwii boondii irra deebii fi wabii sadarkaa jalqabaa kaffaltii duraa ta'ee seeneen, gaaffiin kaffaltii kan dhiyaachuu qabu hanga gaafa 13/11/2006tti kan jedhudha. Haa ta'u malee, waliigaltichuma keessatti fooyya'insi (modifications) yoo jiraate nu beeksisu baatanis itti gaafatamummaa jalaa hin baanu jechuun ifatti waliigaltee seenanii waan jiraniif, himatamtooni himataadhaaf qarshii hangi isaa 22,500,000 ta'een wabummaa kaffaltii duraa, qarshii hangi isaa 4,500,000 ta'een immoo irra deebiin bondii raawwii waan kenneef, waliigalteen himataafi himatamaa 1ffaa gidduutti raawwatame immoo fooyya'eera waan ta'eef bu'uura dirqama seeneetiin himatamaa 2ffaanis itti gaafatamummaa qaba jedheera.

Gaaffii Marii

1. Murtii dhimma 24^{ffaa} irratti himatamaa 2ffaa ilaalcisee kennname akkamitti ilaaltu?, wabiin sadarkaa jalqabaa kaffaltii duraafi raawwiin bondii irra deebii tokkomoo garaagar, gaafa 13/11/2006 booda himataan gaafachuuf mirga qabaa?

4.2.2. Wabummaa Qabeenyaa

Wabummaan, qabeenya wabummaaf dhiyaatu bu'uura godhachuun wabummaa qabeenya socho'aafi wabummaa qabeenya hin sochoonee jedhamuu danda'a.

4.2.2.1. Wabii Qabeenya Socho'aa (Pledge)

Bu'uura SHH kwt 2825tiin waliigalteen wabummaa qabeenya socho'aa waliigaltee abbaan idaa dirqama seene tokko raawwachuu jecha qabeenya socho'u tokko abbaa maallaqaatiif (mirgaatiif) dabarsuu dha. Abbaan idaa qabeenyichaa abbaa mirgaatti dabarsuun harkaan

gahuu kan qabu ta'uunis kwt 2832 jalatti tumameera. Seerri kun, kwt 2852 jalatti wabummaa gosa akkanaa keessatti mirgi qabeenya hordofuu akka hin jirre tuma.

Bu'uura kwt 2843 fi 2844 tiin namni qabeenya socho'u gurguruuf aangoo ykn mirga hin qabnes wabummaan kennuu ni danda'u. Keewwatni 2856 immoo dursanii akkasitti waliigaluu baatanis abbaan mirgaa qabeenya socho'u wabiin qabate akka fudhatu akka isaa murtaa'u gaafachuu kan danda'u ta'uu tuma.

4.2.2.2. Wabii Qabeenya Hin Sochoonee

Qabeenyi hin sochoone, wabummaadhaaf bifa adda addaatiin qabama. Gosti inni tokko; wabummaa qabeenya hin sochoonee osoo qabeenyi harka abbaa idaatii hin bahin uumamu (mortgage) yommuu ta'u, inni 2ffaan immoo wabummaa qabeenya hin sochoone harka abbaa maallaqaatti dabarsuudhaan uumamu (antichresis) dha. Mata duree kana jalatti, gasti lamaanuu kan ilaalamani ta'u.

4.2.2.2.1. Wabummaa Qabeenya Hin Sochoonee Osoo Qabeenyi Harka Abbaa Idaatii Hin Bahin Uumamu (Mortgage)

Maddi wabummaa gosa ibsame kanaa sadii yommuu ta'u, isaanis: Seera, waliigaltee, fi ajaja mana murtiiti.

a. Wabummaa Qabeenya Hin Sochoonee Seeraan Hundeffamu

Gosti wabii kun, SHH kwt 3042 fi 3043 jalatti kan ibsame yommuu ta'u, wabiin kun haala lamaan hundeffamuu danda'a. Isaanis;

- 1) Qabeenyi dhaabbataan waliigalteen gurgurame tokko, nama gurgureef akka wabiitti tajaajila. Kunis, namni gurgure kaffaltii gatii gurguraa fi dirqamoota biroo waliigalticharra Miiljaleeniif qabeenyichi akka wabiitti qabamuu jechuu dha.
- 2) Namni qabeenya dhaabbataa quoddachuu mirga qabu (Co-partitioner), qabeenya dhaabbataa, kan quodinsaan harka quoddattoota kan biroo seene, irratti mirga wabummaa seera irraa madde kan qabu ta'uun SHH kwt 3043 jalatti tumameera. Gaheen nama waliin quoddachuu qabuu yoo hir'ate ykn qabeenya gahee isaa keessa oole, akka gadi lakkisu yoo murtaa'e, kasaaraa isaan kuun kaffaluuffi qabaniif gaheen isaan kaanii wabii ta'aaf. Kunis, akkuma gosa wabiiwwan isaan kaanii mirga qabeenya gahee warra kaanii hordofuu (real right) kan gonfachiisuudha.

b. Wabummaa Qabeenya Hin Sochoonee Ajaja Mana Murtiitiin Hundeeffamu

Gosti wabummaa kun, himannoon mana murtiitti erga dhiyaateen booda qabeenya himatamaa (abbaa idaa) kan hin sochoone irratti ajaja mana murtiitiin himataan (abbaan maallaqaa) wabii akka argatu sirna itti taasifamu ta'uun SHH kwt 3044 jalatti tumeera. Sirna kanaan, abbaan seeraa ykn jaarsoleen araaraa murtiin ykn ajajni isaan kennan akka raawwatamuuf ajaja garee tokkoof kennuun mirkaneessu. Wabiin kunis, kan kennamu garee murtiin ykn ajajni kennameefiifi dha.

Kanaan wal qabatee, dhimmi qabatamaatti yeroo baay'ee falmisiisu, ajajni haala kwt 3044fi haala s/d/f/s kwt 154tiin kennamu (Temporary Injunction) tokkomoo garaagar kan jedhu dha. Kana malees, qabatamaatti darbee darbee, s/d/f/s kwt 151 fi 154 wal jala dabarsuun ogeessonni wayita itti fayyadaman ni mul'ata. Gareen falmii tokko, ajaja kabachiisa murtiin duraa (attachment before judgement), seera deemsaa kwt 151 jalatti ibsame argachuuf; namni himatame raawwii gufachiisuuf ykn akka lafarra harkifatu taasisuuf yaadee gocha adda addaa raawwachaa jiraachuu isaa agarsiisuu qaba. Osoo ajajni kun hin kennamin dura, himannaan sababa himannoo qabaachuun isaafi wabii gahaan raawwiif oolu biroon kan hin jirre ta'uunis qulqulla'u qaba. Kaayyoон tumaa kanaa; himatamaan raawwii gufachiisuuf qabeenya isaa akka hin dabarsine ykn hin baqachiisne taasisuudha. Ajajni ittisa yeroo (temporary injunction) immoo, bu'uura s/d/f/s kwt 154n, kennamuuf; gochi qabeenya falmiif sababa ta'e ilaachisee raawwatamaa jiru garee biroo kan miidhu ta'uu qaba. Kaayyoон kwt kanaa; qabeenyi falmiif sababa ta'e hanga murtiin kennamutti osoo hin manca'in, eegamee akka turu taasisuudha. Bu'uura SHH kwt 3044tiin immoo ajajni kan kennamu, murtiin tokko haala amansiisaa ta'een akka raawwatamuu danda'u mirkaneessuufidha. Akka waliigalaatti, hariiroo tumaalee armaan olitti ibsamii ilaachisee, dhimma qabatamaa armaan gadii bu'uura godhachuun, mariidhaan gabbisuun, ejjennoo wal fakkaataatti dhufuunakkuma jirutti ta'ee, garaagarummaa tumaalee kanaa adda baafachuuf; kaayyoон tumaalee kanaa, sirni qabeenyichi itti akka dhorkamuuf gaafatamu, hariiroo qabeenyi dhorkamuufi falmichi qaban, turtiin yeroo dhorkaafi bu'aawan seeraa ajajni kennamu hordofsiisu ilaalamuu qabu.

c. Wabummaa Qabeenya Hin Sochoonee Waliigalteen Hundeeffamu

Akka waliigalaatti ‘**wabummaan**’ namni dirqama waliigaltee seene tokko waliigaltee isaa kabajee akka raawwatuuf adeemsa itti garee 3ffaan abbaa mirgaatiif kan raawwatamu ta'uu isaa mirkaneessuu fi abbaa idaa bakka bu'ee dirqamicha bahuuf itti waliigalu dha. Wabummaan kun dirqama bu'uuraatti hirkatee dirqama uumamu dha. Dirqamni bu'uuraa

fudhatama yoo dhabe dirqamni wabummaas fudhatama hin qabu. Akkaatuma kwt 1923 jalatti tumameen, abbaa idaa dandeettii hin qabneef ykn eeyyamaan ala ykn dogoggoraan waliigaltee raawwateef namni wabii ta'e tokko hanqinni jiraachuu osoo beekuu waliigaltee wabummaa yoo seene waliigalteen wabummaa fudhatama hin dhabu.

Mata duree kana jalatti, dhimmi addatti ka'uu qabu kan biroon, dhimma waliigaltee wabummaa qabeenya hin sochoonee baankii waliin raawwatamuuti. Baankiwwan yeroo hedduu liqii kennuudhaaf qabeenya socho'uu ykn hin sochoone wabummaan kan qabatan ta'uun kan beekamudha. Waliigalteen wabummaa qabeenya kun bifa waliigalaatiin kan hoogganamu tumaalee SHHtiin ta'us, tumaalee SHH kana keessaa muraasni labsiilee adda addaatiin fooyya'aniiru. Fooyya'iinsa duraa kan taasisee Labsii Lakk.65/89 jedhamu yommuu ta'u, labsiin kun tumaalee SHH waliigaltee wabummaa hogganan keessaa kwt 2851 fi 3060 ifaan fooyyesseera. Labsichi kwt 2 jalatti yoo idaan yeroo waliigalteen ibsame keessatti hin deebine ta'e baankiin qabeenya socho'aafi qabeenya hin sochoonee, kan wabummaan qabate, caalbaasiidhaan akka gurguruu danda'uuf waliigaluun kan danda'amu ta'uu ibsa. Labsichi, itti fufuun, baankiin wayita gurguraa raawwatutti seera adeemsaa hordofuu kan qabu ta'uufi sababa adeemsa hordofuu dhabuutiin miidhaa yoo geessise, itti gaafatatummaan baankiitti dhufuu kan danda'u ta'uus tumeera.

Adeemsa keessa, labsiin lakk.65/1989 haqamee, labsii qabeenyota baankiin qabaman ilaachisee bahe, Labsii Lakk 97/90tiin bakka bu'eera. Labsiin kun immoo kwt 3 jalatti abbaan idaa yeroo waliigalteedhaan daangeffame keessatti idaa isaa kaffalee yoo hin xumurre, baankiin akekachiisa (of-eeggannoo) ji'a tokkoo kennuudhaan caalbaasiidhaan qabeenya wabummaadhaan qabate akka gurguruufi mirga abbaa qabeenyummaa nama bitateef dabarsuuf aangessuun kan danda'amu ta'uu ibsa. Kana malees, keewwatichi caalbaasii yeroo 2ffaa irratti bitataan yoo hin argamne ta'e bu'uura tilmaama qabeenya waliigaltee liqii keessatti eerameen qabeenyicha fudhachuufi mirgi abbaa qabeenyummaa gara maqaa baankichaatti akka naanna'u taasisuu kan danda'u ta'uu tumeera. Labsiin Lakk.216/92 (Kan fooyya'e) immoo, kwt 3 jalatti haala itti caalbaasii 2^{ffaa}n booda baankiin qabeenya wabummaan qabate itti fudhatu ilaachisee bu'uura tilmaama qabeenya waliigaltee keessatti ibsameen osoo hin taane shallaggii ka'umsa caalbaasiitiin ta'uu qaba jechuun fooyyesseera. Labsiwwan kunneen, baankiin qabeenya wabummaan qabatee gara mana murtiitti fiduun osoo irraa hin eegamiin ofii isaatiin akka gurguru dandeessisuuf seerota bahanidha.

Akka bu'uuraatti, waliigalteen wabummaa qabeenya hin sochoonee, akkaataa SHH kwt 3045(1), 1725 fi 1723 fi 1727tiin barreeffamaan ta'ee qaama waliigaltee fi ragaa galmeessu ykn mana murtii fuulduratti godhamuu qaba. Haa ta'u malee, Manni Maree Bakka Bu'oota Uummataa Itoophiyaa, Labsii Lakk.639/2001 ta'e baasuudhaan kwt 1723 fooyesseera. Kunis, waa'een mirkaneessaafi galmeessaa Baankii fi Dhaabbattoota Faayinaansii Xixiqqaa irratti raawwatiinsa hin qabu jechuun haala kwt 1723tti cita xiqqaa 3ffaa dabale fakkaatuun kan raawwatamedha.

Manni maree kun, hiikkoo dhaddachi Ijibbaataa SHH kwt 1723 ilaachisee kenne fudhateera. Labsichi kwt 3(1) jalatti waliigaltee wabummaa hojiirra oolmaa labsichaan dura taasifame ilaachisees mormiin mana murtiitti ykn qaama aangoo qabu fuulduratti waan hin raawwatamneef fudhatama hin qabaatu jedhu ka'uu hin danda'u jechuun duubatti deebi'ee waliigalteewwan dursanii raawwataman irratti akka raawwii qabaatu tumeera. Cita xiqqaan lama immoo haala duubatti deebi'ee murtiwwan dursamee kennname gatii dhabsiisuun tumameera.

Waliigalteewwan wabummaa qabeenya hin sochoonee baankiifi dhaabbilee armaan olitti eeramaniin raawwataman akkuma jirutti ta'ee, bu'uura SHH kwt 3052tiin waliigalteen wabummaa qabeenya hin sochoonee qaama 3ffaa fi waliigaltoota irratti gatii kan qabaatu gaafa mana qopheessatti galma'eerra jalqabeeti. Kun gosa wabummaa qabeenya hin sochoonee hundarrattuu raawwatiinsa ni qabaata. Seerri kun, kwt 3057 jalatti immoo wabummaan kun bu'aa kan qabaatu qabeenyichi garee biraatii darbee osoo hin galmaa'in dura yoo galmaa'e qofa ta'uu ibsa. Galmeen waliigaltee wabummaa kunis, wagga kudhanii booda yoo irra deebi'ee galmaa'e malee bu'aa seeraa akka hin qabne keewwatni 3058 ifatti ibsa.

Waliigalteen wabummaa qabeenya hin sochoonee, abbaa idaatiin ykn garee 3ffaa faayidaa abbaa idaatiif seenuu barbaaduun raawwatamuun danda'a. SHH kwt 3049fi 3050 jalatti wabummaa kennuf dandeettiin kan barbaachisu ta'uun, namni wabummaa kennuu danda'u nama mirga qabeenyicha garee 3ffaadhaaf dabarsuu qabu ta'uun, namni idaa nama biraatiif qabeenya wabiin kennu aangoo qabeenya gurguruu qofa osoo hin ta'in, kennaanis dabarsuuf aangoo qabaachuu akka qabu tumameera.

Kanaan wal qabatee, darbee darbee falmiin ka'u, qonnaan bulaan mirga itti fayyadamaa lafa qonnaa irraa qabu qabsiisee maallaqa liqeeffachuu ni danda'amoo Hin danda'u, yoo ni danda'a ta'e qonnaan bulaan sun kaffaluu yoo dadhabe abbaan maallaqaa haala kamiin

qabiyyee lafaa irratti raawwachiifata kan jedhudha. Falmisiisummaan dhimma kanaaakkuma jirutti ta'ee, mirga itti fayyadamaa lafaa qabsiisuun maallaqa liqeeffachuun bu'aa lafti guddina dinagdee biyya tokko keessatti gumaachuun ala qonnaan bulaa kan fayyadu waan ta'eef hojmaata mirga itti fayyadama lafaa qabsiisuutiin wal qabatee rakkooowwan jiran mariin kan gabbisnu ta'a.

Dabalataan, dhimmi mata duree kana jalatti ilaalamuu qabu, qabeenya hin sochoone tokko wabummaan qabachuun bu'aa seeraaakkamii hordofsiisa? kan jedhudha. SHH kwt 3059 jalatti haala ifa ta'een, namni ykn qaamni wabummaan qabateefi galmeessise mirga dursaa kan qabu ta'u tumeera. Keewwatichi abbaan maallaqaa mirga dursaa qabu, abbootii maallaqaa biroo dura gurgurtaa qabeenyicharraa maallaqa isaa argachuu kan danda'u ta'uufi, maallaqni yeroon kaffaltii isaa gahe kamiyyuu yoo jiraate, qaamni mirga gaafachuu ykn mirga wabummaa qabu akka qabeenyichi qabamuufi gurguramu gaafachuu kan danda'u ta'u tuma. Itti fufuun, seerichi, kwt 3081fi 3082 jalatti abbootiin maallaqaa tokkoo ol ta'uun qabeenya hin sochoone tokko yoo qabatan, guyyaa galmees bu'uura godhatee mirgi kaffaltii dursaa kan argamu ta'u tumeera.

Qajeeltoon namni dursee mirga galmeessifate mirga kaffaltii dursee argachuu qaba, "first in time, first in right" jedhu, akkuma jirutti ta'ee, darbee darbee qabatamaatti wayita seeronni biroon qaamolee ykn namoota adda addaatif mirga kaffaltii dursa argachuu eegan, nama wabummaan qabateefi moo nama seeraan mirgi eegameefitu mirga dursaa argata kan jedhu falmisiisaadha. Haala kanaan, seerota adda addaa keessatti kaffaltii mootummaadhaaf kaffalamu, miindaa hojjettootaaf kaffalamuufi namoota qabeenyicha wabiidhaan qabatan gidduutti falmiin mirga dursaa irra deddeebiin ni ka'a.

Bu'uura Labsii Taaksii Galii Federaalaa, Labsii Lakk.286/94fi Labsii Taaksii Galii Oromiyaa, Labsii Lakk.74/95, kwt 80(1) "...mirgi dursaa liqeessitoota biroo wabummaan qabeenya qabatan akkuma eegametti ta'ee, akkaataa labsii kanaatiin guyyaa gibiri kaffalamuu qaburraa eegalee hanga kaffalamee dhumutti yeroo jiru keessatti qabeenya nama dirqama gibira kaffaluu qabu irratti, abbaan taayitaa gibiraa, mirgi qabu kan idaa kamiyyuu ni dursa..." jedha. Keewwatni kun, namoonni qabeenya bu'uura SHH kwt 3059 fi itti aananiin wabiin qabatan mootummaan dura maallaqa isaanii mirga sasaabachuu akka qaban ni ibsa.

Labsiin Hojjetaafi Hojjechiisaa, Labsii Lakk.377/96 (Labsii Lakk.1156/2011) immoo kwt.167 jalatti; Kaffaltii hariiroo hojjiirraa madduufi hojjetaan gaafatu kamiyyuu, idaawwan ykn kaffaltiwwan biroo dursa ni argata jechuun tumeera.

Gaaffiin asirratti ka'u, tumaalee kunniin haala wal simuun hojiirra oolchuun ni danda'amamoo hin danda'u kan jedhudha. Kanaan wal qabatee, Dhaddachi Ijibbaataa MMWFs murtii dirqisiisaa iyyataa-Baankii Abisiiniyaafi Waamamaa-Abduu Ahmad gidduutti dhaddacha gaafa 26/06/2001 ooleen Lakk.Ga.40921 ta'e irratti labsiwwan galii, hojjetaafi hojjechiisaafi SHH kwt 3059 caqasee kenneen; wayita kaffaltiin mootummaa, miindaan hojjettootaafi nama wabummaan qabatee wal faana gaafatamu mirga kaffaltii dursaa kan qabu hojjetaa ta'uu ibsuun murtii dirqisiisaa kenneera. Dhimmi kun, bifa gaaffii mariitiin armaan gaditti ka'ee mariidhaan kan gabbifamu ta'a.

Dhimma 25^{ffaa}

Dhimma⁹⁷ kana keessatti murtiin abbaa mirgaa qarshii 300,000 murtiin abbaa idaa irratti murteessifatee gal mee raawwii saaqee osoo jiruu adeemsa keessa mana jirenyaa murtiin abbaa idaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee Kutaa Magaalaa Boolee keessatti argamu irratti dhoorki akka kennamuuf gaafateera. Manni murtichaas dhaddacha gaafa 10/09/1999 ooleen ajaja dhorkaa kenneera. Kana booda, 1ffaa-namni obbo Qalamuu Warqee jedhamu, ani manicha ajaja MMO Bulchiinsa Magaalaa Hawasaatiin gaafa 04/03/2000 dhoorkisiifadhee waanan jiruuf, 2ffaa-Baankiin Hibrat dameen Lidataa ajaja MMO Godina Adda Adaamaatiin dura manicha wabummaadhaan qabadhee mana qopheessaatti galmeessisee waanan jiruuf, 3ffaa- Baankiin Hibrat Damee Hawasaa ajaja MMO Godina Addaa Adaamaatiin booda wabummaan qabadhee waanan jiruuf qabeenyi manaa kabajame (dhorkame) gurguramuu hin qabu jechuun sadanuu iyyannoo isaanii dhiyeeffataniiru.

Kanumaan, MMO falmisiissee murtii kenneen; Obbo Qalamuun manicha kan dhoorkisiise murtiin abbaa mirgaa booda waan ta'eef, mirga dursaa kan qabu murtiin abbaa mirgaati. Kanaaf, Obbo Qalamuun mallaqni hafu yoo jiraate gaafachuu malee gurgurtaa mormuu hin danda'u. Baankiin Hibrat Dameen Lidataa wabummaan qabatus gurgurtaa mormuu hin danda'u. Garuu, caalbaasiin gaafa buhu qofa wabummaan qabachuun isaa akka labsamuuf gaafachuu ni danda'a. Baankiin Hibrat Dameen Hawaasaa immoo dhorkaan booda wabummaan manicha waan qabateef wabummaan isaa manicha waliin kan darbu hin ta'u. Kanaaf, mirga dursaa kan qabu murtiin abbaa mirgaati jechuudhaan iyyannoo isaanii kufaa taasiseera.

⁹⁷ Dhimmi kun dhimma Mana Murtii Ol'aanaa Godina Adda Adaamatti lakk.Ga. 03544 ta'erratti adeemsa raawwii keessa murtii argatedha.

Dhimma 26^{ffaa}

Dhimma kana keessatti, Dhaddachi Ijibbaataa murtii⁹⁸ dirqisiisaa kenneen; iyyataan iyyannoo murtiin dura dhiyeeffateen waamamaa 2ffaa irratti himanna maallaqaa dhiyeeffadheen jira. Yoo irratti naaf murtaa'ee akkan qabeenya isaa irratti kabachiifachuu danda'uuf qabeenyi isaa garee 3ffaatti akka hin darbine dhorkamee naaf haa turu jedhee gaafateera. Kun gaaffii akkaataa SHH kwt 3044tti dhiyaachuu isaa agarsiisa. Ajajni bu'uura s/d/f/s kwt 154tiin murtiin dura osoo gareewwan falmiirra jiranii kennamus ajajoota qabeenyi hin sochoone kan garee biroo ta'e tokko akka hin gurguramne dhorkisiisuun murtiin akka raawwatamu taasisan keessaa tokkodha. Haala kanaan, iyyataan qabeenya waamamtuu 2ffaa dhorkisiisee qabeenyicha irratti mirga wabummaa argachuun isaa mirkanaa'eera. Iyyataan wabummaa ajaja mana murtiitiin kennameen qabeenyicha waan qabateef namni haala kanaan qabate immoo bu'uura SHH kwt 3059(1)tiin mirga dursaa waan qabuuf, manneen murtii jalaatumaalee rogummaa hin qabne caqasun iyyataan maallaqa gurgurtaa keessaa dурсее maallaqa isaa argachuun qaba jechuun murteessee jira.

Dhimma 27^{ffaa}

Dhimma⁹⁹ kana keessatti Manni Maree Federeeshinii Murtii kenneen; Iyyattuun qarshii 270 nama Yimar Chokkol jedhamurraa liqeeffattee sababa maallaqicha deebisuu dadhabdeef qabiyyee lafaa isheerra kuttee walakkaa lafa ishee nama Yimar jedhamuuf waliigaltee gaafa 26/10/1988 raawwatameen kennuun ishee, gaafa 13/11/2002 immoo waliigaltee kana fooyessuudhaan dhimma iddo man a jireenyaa irratti iyyattuufi waamamaan wal dhabanii jaarsa irratti wayita araaraman iddo ijaarsa manaa meetira 8x9 waamamaadhaaf kennuun ishees haala Heera Mootummaa FDRI kwt 40(3)fi (4), fi Labsii Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Amaaraa, Labsii Lakk.133/1998; tumaa lafti qabeenya uummataa hin gurguramnefi hin jijiiramnedha jedhuufi qonnaan bultoonni mirga qabiyyee isaaniirraa buqqa'uu dhabuu qabu jedhu kan faallessu waan ta'eef, waliigaltichi bu'urumarraayyuu seeraan alaafi kan diigamudha. Manneen Murtii jalaas tumaalee Lafti qonnaan bulaa wabummaadhaan ykn idaadhaaf hin qabamu jedhu osoo hin ilaalin waliigaltichi dirqamaan

⁹⁸ Murtii dirqisiisaa, Dhaddachi Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Federaalaa, iyyataa-Baankii Daldala Itoophiyaa- Waamamtoota-Waleliny Ayyalewufaa (N-2) gidduutti dhaddacha gaafa 15/02/2000 ooleen Lakk.Ga.29269 (Jildii 7^{ffaa}) ta'e irratti kenne kan ilaallatudha.

⁹⁹ Dhimmi kun dhimma Manni Maree Federeeshinii MFDRI Iyyattuu-Qabballee Asaffaafi Waamamaa-Ayyeleny Derribew gidduutti Bara Hojii Paarlamaa 4ffaa, Wagga 5ffaa, Walgahii Idilee 2ffaa, gaafa 18/10/2007 ooleen murteesedha.

osoo hin taane fedhii bitaafi mirgaatiin kan raawwatedha jechuun waliigalticha diiguu dhabuun isaanii sirii miti jechuun murteessee jira.

Dhimma 28^{ffaa}

Dhimma¹⁰⁰ kana keessatti d/kennaan himannaa mana murtii Aanaa Magaalaa Bishoofutti oliyyattuu irratti dhiyeesseen; oliyyattuun lafa mana jireenyaa Magaalaa Bishooftuu Ganda 05 Naannoo Addaa Mandubbee jedhamutti kan argamu, bal'inni isaa k.m.140 ta'e ahaadii waliigaltee seera qabeessa hin taaneen sababa qarshii 6000 rakkina koo ittiin oolee qarshii ishee akkan deebisuuf waliigallee osoo jirruu lafa mana jireenyaa waan narraa fudhatteef waliigalteen naaf diigamee lafa akka naaf lakkistu jedheera.

Oliyyattuun immoo deebii kenniteen; d/kennaan ammaa waliigaltee gaafa 05/01/2001 nu gidduutti raawwatameen qarshii 6000 liqeeffatee waan kaffalu dhabee lafa muree haadha warraa isaa waliin irratti mallatteessee naaf kenneera. D/kennaan ammaa yeroo ani mana ijaaree, bishaan galchus waan morme hin qabu. Waliigalteen raawwate kunis fedhii isaaniitiin malee dogoggorsaan miti. D/kennaan yeroo lafichi safarameefi yeroo dhimma karaa bahumsaafi galumsaa irratti wal falminus waan morme hin qabu. Kanaaf, himannaan isaa kufaa naaf haa ta'u jetteetti.

Itti fufuun, Manni Murtii Aanaa bitaafi mirga falmisiisee dabalataan qulqulleessee d/kennaan yeroo lafti safaramu hin mormine. Waliigalteen raawwatame sababa d/kennaan maallaqa liqeeffate kaffaluu dadhabeef kennuu agarsiisa. Oliyyattuun bara 2001 keessa mana ijaarrattee keessa galuun isheefi waliigalteen fedhii isaaniitiin raawwatamuunis hubatameera. Erga Mana Murtii Hawaasummaa Gandaatti waa'een karaa bahumsaafi galumsaa murtaa'ee booda, d/kennaan kan himate ta'uunis waan hubatameef d/kennaan mirga hin qabu kan jedhe yommuu ta'u, d/kennaan ammaa murtii kana komachuun MMO Godina Shawaa Bahaatti oliyyatee manni murtii ol'aanaa immoo waliigalteen kennaa gatii fudhatanii waan hin taasifamneef, bittaafi gurgurtaan lafaa immoo heeraanis dhorkaa waan ta'eef, qabiyyee lafaa bitame irratti immoo namni mana ijaaree mirga irratti hin argatu waan ta'eef, waliigaltee gaafa 05/01/2001 raawwatame diignee bitaafi mirgi bakka duraan turanitti akka deebi'an jedheera.

Kana booda oliyyattuun ammaa dhaddacha Dhaabbii Bahaa MMWOTTI oliyyattee dhaddachichi immoo;sadarkaa jalqabaatti bu'uurri falmii bitaafi mirgaa waliigaltee gaafa

¹⁰⁰ Dhimmi kun dhimma Dhaddacha Dhaabbii Bahaa MMWOTTI Oliyyattuu-Tsahaay Baqqalaafi D/kennaan-Tashoomaa Abaataa gidduutti dhaddacha gaafa 02/03/2012 ooleen Lakk.Ga.30879 ta'e irratti murtii argatedha.

05/01/2001 raawwatame yommuu ta'u waliigaltee kana raawwachuu isaa d/kennaan ammaa hin haalle. Akkaataa waliigaltee kanaatti immoo, d/kennaan ammaa qarshii 6000 oliyyattuu ammaarraa liqeeffatee qarshii kana deebisuu kan dadhabee ta'uufi humnas kan hin qabne ta'uu eeruudhaan sababa kanaan iddo man jireenyaa kutee oliyyattuu ammaatiif kennuu ibseera. D/kennaan ammaa falmii afaanii mana murtii aanaatti dhaddacha gaafa 18/06/2011 ooleen taasise keessattis oliyyattuu ammaatiif kutee kennuu amaneera. Haala kanaan erga kenneen booda falmii d/kennaan ammaa akka waan hin kennineefi kennaan dhorkaa ta'eetti kaase fudhatama hin qabu. Kana malees, d/kennaan himannaa isaa keessatti dogoggoraanan kenne haa jedhuyyuu malee waantota isa dogoggorsan kan hin eerre ta'uurrayyuu waliigaltee barreeffamaa keessatti sababa itti kennuu danda'eef ibsee waan jiruuf falmiin d/kennaa gama kanaanis fudhatama hin qabu. Gama birootiin, falmii d/kennaan ammaa akka waan iddoon mana jirenyaa falmiif sababa ta'e ganda baadiyyaa keessatti argamuutti kaases falmii haarayaa ta'uurrayyuu mana murtii aanaatti himannaa dhiyeesse keessatti haala ifa ta'een iddoon mana jirenyaa Magaalaa Bishoofuu ganda 05 keessatti kan argamu ta'uu ibseera waan ta'eef falmiin gama kanaan ka'es fudhatama hin qabu. Akka waliigalaatti, manni murtii ol'aanaa gama tokkoon akka waan bittaafi gurgurtaan lafaa raawwateetti gama birootiin immoo akka waan sababa liqiitiin iddoon mana jirenyaa qabameetti fudhachuun, kana malees, akka waan iddoon mana jirenyaa Labsii Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa, Labsii Lakk.130/1999n buluutti fudhatee bifa wal dhahaa ta'een xiinxaluun sirrii miti jechuun murtii mana murtii ol'aanaatiin kenname diigee murtii mana murtii aanaatiin kenname cimseera.

Gaaffilee Marii

1. Dhimma 25^{ffa} kana keessatti mirga dursaa kan qabu eenu?, murtiin Baankii Hibrat Damee Lidataa ilaachisee kenname sirrii isiniti fakkaataa?, wabummaa manichaa dursaan qabaachuun isaa mirgi isa gonfachiisu hin jiruu?, manni Murtii manicha raawwii murtiitiif ajajuun isaa sirriidhaa? Maaliif?, ajaja Manni Murtii Baankii Hibrat Damee Hawaasaa irratti kenne kwt 3057(2) waliin akkamitti ilaalam?
2. Waliigalteen wabummaa qabeenya hin sochoonee ilaachisee yeroo tokko yoo galmaa'e qaamni aangoo galmeessuu qabu qabeenyi hin sochoone takkaa wabummaadhaaf qabameera waan ta'eef 2ffaa hin galmaa'u jechuudhaan wayita galmeessuu didan ni mul'ata. Isin yaadni kun sirriidha jettuu? Maalif?
3. Bu'uura SHH kwt 3049fi 3050tiin abbaan idaa tokko qabeenya hin sochoone ilaachisee mirga (aangoo) gurguruu nama biroo irraa bakka bu'ummaadhaan yoo

argate qabeenyicha qabsiisee maallaqa liqeffachuuf mirga ni qabamoo hin qabu, keewwattooni kun aangoo maallaqaan dabarsuufi aangoo kennaan tola dabarsuu maalif adda baasan isinitti fakkaata?

4. Obbo Gammadaan hojjataa Waajjira Galii ta'ee qacaramee hojji irra osoo jiruu hir'inni maallaqaa yoo isa mudate itti gaafatamuuf, obbo Nagaasaan waliigaltee wabii qarshii 50,000 seenaniru. Waggoottan baay'ee booda Obbo Gammadaa irratti hir'inni qr. 10,000 odiitiidhaan argameera. Wabiin isaas qarshiidhuma kana abbaa idaa waliin akka kaffalan gaafatamanii wabiin gama isaatiin hir'iinni amma jedhame kun mul'achuu isaatiin dura, wabummaan koo akka narraa bu'uu Waajjirichaaf beeksiisa kenneen ture waan ta'eef wabummaan koo narraa hafeera, ittiin gaafatamuus hin qabu jechuun falmateera. Manni murtii gama isaatiin wabummaan waliigaltee waan ta'eef akka hafu kan taasifamuu bu'uura seera irra jiruun ta'uu qaba. Ulaagaalee SHH kwt 1806 fi 1807 jalatti ibsamani osoo hin guutiin dirqamni koo hafaa ta'eera jechuun hin danda'aamu waan ta'eef, qarshicha wabiin abbaa idaa waliin ta'uun akka kaffalan irratti murteesseera. Murtiin kun sirriidhamoo miti, maalif?
5. Murtii dhimma 26^{ffaa} irratti kennname akkamitti ilaaltu?, garaagarummaafi tokkummaan wabummaa qabeenyaa hin sochoonee ajaja mana murtiitiin hundeeffamuu (SHH 3044), Dhorka yeroo (S/d/f/s kwt 154), ajaja kabachiisa qabeenyaa murtiin duraa (S/d/f/s kwt 151)fi ajaja kabachiisa qabeenyaa murtiin boodaa (S/d/f/s kwt 414) Maali?, ajajoota kana keessaa kamtu qabeenyaa hin sochoone gabaa keessaa baasa? (akka hin gurguramne, hin qabsiifamnefi mirgi kamiyyuu akka hin uumamne taasisuun), haala itti iyyannoos isaa dhiyaatu, kaayyoo tokkoon tokkoon keewwattoota kanaafi bu'aa seeraa isaanii bu'uura godhadhaa garaagarummaa isaanii irratti mari'adhaa.
6. Murtii dhimma 27^{ffaa} irratti kennname akkamitti ilaaltu?, qonnaan bulaan mirga itti fayyadamaa lafa qonnaa irraa qabu qabsiisee maallaqa liqeffachuu ni danda'amoo hin danda'u, yoo ni danda'a ta'e qonnaan bulaan sun kaffaluu yoo dadhabe abbaan maallaqaa haala kamiin qabiyyee lafaa irratti raawwachiiifata?, wabummaan qabsiisuun qonnaan bulaa harkaa qabiyyee hin baasu waan ta'eef SHH kwt 3049 fi Heera Mootummaa FDRI kwt 40 waliin wal bira qabaa irratti mari'adhaa.
7. Murtii dhimma 28^{ffaa} irratti kennname akkamitti ilaaltu? Sababa idaa kaffaluu dadhabeef lafa kutanii kenuun ni danda'amoo hin danda'amu?
8. Murtii dirqisiisaa dhaddachi Ijibbaataa MMWF, iyyataa-Baankii Abisiiniyaafi Waamamaa-Abduu Ahmad gidduutti dhaddacha gaafa 26/06/2001 ooleen

Lakk.Ga.40921 ta'e irratti kenne (kan armaan olitti eerame) akkamitti ilaaltu?, qajeeltoo seera boodarra baheetu fudhatama qaba jedhumoo qajeeltoo hiikkoo seeraa seera addaa dhimma mirga dursaa hogganutu fudhatama qaba jedhutu ilaalamalama?, (Labsiileen naannoos ilaalcha keessa galchuun irratti mari'adhaa)

4.2.2.2.2. Waliigaltee Wabummaa Qabeenya Hin Sochoone Dhala Hafaa Taasisu (Qabeenyicha Abbaa Maallaqaa Harkaan Gahuun Uumamu) (Antichresis)

Bu'uura SHH kwt 3117tiin waliigaltee wabummaa qabeenya hin sochoone dabarsuun uumamu (Antichresis) jechuun waliigaltee abbaan idaa dirqama isaa kan raawwatu ta'uu mirkaneessuuf, qabeenya hin sochoone abbaa mirgaatiif dabarsuuf raawwatudha. Waliigalteen kun qabeenya hin sochoone abbaa maallaqaatti dabarsanii kennuudhaan uumama. Seericha kwt 3121 jalatti abbaan idaa qabeenya hin sochoone kan wabummaan qabame abbaa maallaqaatti dabarsuu kan qabu ta'uunifi hanga dabarsutti, waliigalteen raawwatame bu'aa waliigalteen wabummaa qabeenya hin sochoonee (mortgage) uumu kan qabaatu ta'uun tumeera. Wabummaan gosa akkanaa waliigalteedhaan qofa hundeffama. Haaluma wal fakkaatuun, kwt 3124 jalatti abbaan maallaqaa qabeenyicha qabate maallaqa liqeesseef dhalli naaf kaffalamuu qaba jechuun gaafachuu kan hin dandeenye ta'uun tumameera.

Seerri kun haala kanaan haa tumuyyuu malee, boodarra, Labsiin Lafaafi Mana Darbaa Magaalaa Qabeenya Mootummaa taasisuuf bahe, Labsii Lakk.47/1967, kwt 4, 12fi 17tiin lafaafi mana wabummaadhaan abbaa maallaqaatti dabarsuun maallaqa liqeeffachuun (Antichresis) dhorkaadha jechuun waliigaltee wabummaa kana hafaa taasiseera. Haa ta'u malee, dhaddachi Ijibbaataa MMWF, murtii dirqisiisaa iyyattoota-Nugusee Hayileefaa (N-2)fi waamamtoota-Hurreessa Dabalfa (N-2) gidduutti dhaddacha gaafa 26/07/2004 ooleen Lakk.Ga.72463 (Jildii 13ffaa) ta'e irratti dhimma waliigaltee 'antichresis' ilaalchisee kenneen; gosa waliigaltee wabummaa qabeenya hin sochoonee 'antichresis' jedhamuuf beekamtii kennee, SHH kwt 3117, 3124 fi 3128 caqasee iyyattoonni mana lakk.isaa 777 ta'e waamamtootatti kennanii qarshii 2500 bara 1984 kan liqeeffatan ta'uun kan mirkanaa'e ta'ullee maallaqicha deebisanii manicha deebifachuuf darbiinsi yeroo waggaan kudhanii SHH kwt 1845 jalatti tumame hin daangessu jedheera.

Kana malees, dhimma kanaan wal qabatee yeroo baay'ee qabatamaatti namoonni kondominiyeemii gurguran waliigaltee liqii fakkeessuun waliif mallatteessanii akka waan sababa idaatiin qabeenyichi (kondominiyeemiin) qabameetti waliigaltee keessatti ibsuun wayita nama bite jedhamutti dabarsan ni mul'atu. Dambiin dhimma gurgurtaa hoogganu, kondominiyeemiin tokko gurguramuu kan danda'u idaan mootummaa kaffalamee xumuramee wagga shan booda qofa ta'uu waan ibsuuf, namoonni immoo wagga shan osoo hin eegin walitti gurguruu yoo barbaadan qaawwaa seeraa uumamu danda'u jalaa miliquuf waliigalteewwan lama; waliigaltee bittaafi gurgurtaafi waliigaltee liqii qopheessuun waliif mallatteessuun sababa idaatiin hanga ji'a tokkootti qabatee ji'a tokko boodas yoon maallaqa isaa deebisuu hin dandeenye ta'e abbaan maallaqaa qabeenyicha ni fudhata jechuun waliif galu. As keessatti waliigalteen liqii fi qabeenyi wabummaan qabamee (abbaa maallaqatti darbe) kun deeggarsa seeraa qabaa? kan jedhu falmisiisaa ta'a jechuudha. Falmiin kun, dhimma qabatamaa armaan gadii waliin irratti mari'atamee kan gabbifamu ta'a.

Dhimma 29^{ffaa}

Dhimma¹⁰¹ kana keessatti waamantuun himanna iyyataa irratti dhiyeessiteen; iyyataan sababa tokko malee waliigaltee sobaafi ulaagaa foormii hin guunneen kondominiyeemii mucaa kiyyaa, kan du'e, qabatee waan jiruuf manicha gadi lakkisee akka na harkaan gahu jetteetti.

Iyyataan deebii kenneen; mucaan waamantuwayita lubbuun jiru waliigaltee “antichresis” gaafa 30/10/1999 raawwatameen manicha qabsiisee qarshii 350,000 liqeeffatee manaafi sanada isaa waan na harkaan gaheef, himannaan waamantu kufaadha jedheera.

Kana booda, manni murtii Sadarkaa Jalqabaa Federaala iyyataan waliigaltee “antichresis”n qabadhe haa jedhuyyu malee akkaataa seeraan taa'een waliigalticha galme qabeenya hin sochoonee keessatti galmeessuu isaa ragaa mirkaneessu waan hin dhiyeessineef iyyataan waamantuudhaaf akka gadi lakkisu jedheera. Manni murtii ol'aanaa murtii kana cimseera.

Itti fufuun, iyyataan dhaddacha Ijibbaataa MMWFtti iyyannoo dhiyeeffatee dhaddachichis; waliigalteen bittaafi gurgurtaa kondominiyemii kan raawwatame yeroo dhorkaa keessatti ta'uu bitaafi mirgaan hin haalamne. Iyyataan yeroo dhorkaa kana keessatti waliigaltee

¹⁰¹ Murtii dirqisiisaa Dhaddacha Ijibbaataa MMWFtiin, iyyataa-Sabsibee Abbabaafi waamantu-Fiqirtee Kaaysay gidduutti dhaddacha gaafa 30/08/2009 ooleen Lakk.Ga.117953 (Jildii 21^{ffaa}) ta'e irratti kennamedha.

raawwatameen, waliigaltee faallaa seeraa ta'een of harkaan gahee waan jiruuf, waliigaltee seera fuulduratti ragga'aa ta'een manicha qabate jechuun hin danda'amu. Kana malees, iyyataan waliigaltee "antichresis"tiin qabachuu kan ibse yommuu ta'u waliigalteen kun SHH kwt 3117-3130tti tumaalee jiraniin hogganama. Haala kanaan, seerichi kwt 3117 jalatti waliigaltee "antichresis" jechuun "waliigaltee abbaan idaa dirqama isaa kan bahu ta'uu mirkaneessuuf qabeenya hin sochoone dabarsee abbaa maallaqaatiif itti kenuu" ta'uu ibsa. Keewwatni 3118 immoo waliigaltee kana hundeessuuf tumaaleen waliigaltee wabummaa qabeenya hin sochoonee (Mortgage) raawwatiinsa kan qabu ta'uu ibsa. Bu'uura kanaan, kwt 3052fi 3053 jalatti waliigalteen "antichresis" galmaa'uu kan qabu ta'uufi yoo hin galmoofne gatii ykn bu'aa kan hin qabne ta'uun kan tumame ta'ullee iyyataan galmee qabeenya hin sochoonee keessatti hin galmeessisne ta'uun mirkanaa'eera waan ta'eef, kan galmee kondominiyemichaatiin wal qabates iyyannoo maqaan naaf haa naanna'u jechuun iyyataan Waajjira Bulchiinsa Qabiyyee Lafaa Kutaa Magaalaa Lidataatti dhiyesseen ala haala seerri ajajuun waan hin galmoofneef, seerris gurgurtaa dhorkee waan jiruuf, waliigalteen "antichresis" iyyataafi du'aa gidduutti raawwatameera jechuun hin danda'amu jechuun murtii manneen murtii jalaa cimseera.

Gaaffilee Marii

1. Murtii dhimma 29^{ffaa} irratti kenname akkamitti ilaaltu?, waliigalteen "antichresis" kan hin danda'amne ta'uun Labsii Lakk.47/67fi 31/67n haqameeramoo hin haqamne?

BOQONNAA SHAN

5. MIRKANEESSA WALIIGALTEEWANII (PROOF OF CONTRACTS)

Seensa

Manneen murtii falmiilee murtiidhaan kan gudunfan jalqaba ijoowwan dubbii dhimmicha murteessuuf barbaachisoo ta'an bu'uura seera deemsatiin erga adda baasanii booda seera rogummaa qabu waliin ilaalanii ta'uun ifadha. Gudunfaan kunis, firriwwan dubbii jiraachuun isaanii ykn dhugaa ta'uun isaanii mirkanaa'e irratti kan hundaa'u waan ta'eef, mirkaneessi firriwwan dubbii bakka gareen falmitootaas ta'e manni murtii xiyyeffannoo itti kennuu qabanidha. Haaluma kanaan boqonnaa kana jalatti dhimma waliigalteewaniitiin wal qabatee dirqamni mirkaneessuu eenyurra akka jiru, ragoleen fudhatamummaa qaban ragaa akkamiti?, waliigalteewwan barreffamaan hundeffamuun dirqama ta'e ragaa namaatiin mirkana'uu kan danda'an ta'uufi dhabuu, foormiin waliigaltee tokkoo yoom akka ulaagaa ragga'insa waliigaltichatti ykn immoo mirkaneessaatti tumame kan jedhuufi rakkooowwan qabatamaa tilmaama seeraatiin wal qabatan adda baafatu.

Xumura boqonnaa kanaa irratti, Leenjifamtoonni;

- Dhimma jiraachuu waliigalteefi jiraachuu dhabuu waliigaltee irratti garee dirqama qabu adda baafatu.
- Waliigalteewwan barreffamaan hundeffamuu qabu jedhaman ilaachisee gosa ragaawan dhiyaachuu ykn fudhatamummaa qabanii irratti hubannoo qaban ni gabbifatu.
- Waliigalteewwan barreffamaan hundeffamuu qabu ilaachisee yoom mirkaneessa isaatiif ragaan nاما dhiyaachuu akka danda'u ilaachisee hubannoo qaban ni cimsatu.
- Waliigalteewwan liqii maallaqaa waldaa liqiifi qusannaarraa qonnaan bultoonni liqeeffatan ilaachisee hubannoo qaban ni gabbifatu.
- Waliigalteewwan barreffamaan mirkanaa'uu qabu jedhaman kan akka liqii maallaqaa ilaachisee rakkooowwan qabatamaa jiran adda baasuun hubannoo isaanii ni cimsatu.
- Kaffaltiwwan waliigaltee gosa muraasaan wal qabatan ilaachisee gosa tilmaama seeraa seericha keessatti tumame irratti hubannoo qaban ni gabbifatu.

5.1. Dirqama Mirkaneessuufi Fudhatamummaa Ragaawan Waliigalteewwan Adda Addaa

Barreeffamoota adda addaa keessaa akka hubatamutti dirqamni mirkaneessu; dirqama ragaa dhiyeessuufi dirqama amansiisuu jedhamanii bakka lamatti qoodamanii argamu. Dirqamni ragaa dhiyeessuu dirqama qaamni tokko ragaa himannaas isaa ykn deebii isaa deeggaru akka dhiyeessu qabu isa taasisudha.¹⁰² Qaamni dirqama kana qabu ragaa gahaa firii dubbii isaa ittiin mirkaneessu hin dhiyeessine taanaan manni murtii ragaa gahaa hin dhiyeessine jedhee himannaas isaa kuffisuu danda'a.

Dirqamni amansiisuu immoo, dirqama qaamni falmii tokko ragaa qulqulluu gahaa ta'e dhiyeessuudhaan dhugummaa falmii isaa mirkaneessee abbaa seeraa itti amansiisu dha. Dirqamni amansiisuu kun humna amansiisuu ragaatiin wal qabata.¹⁰³ Qaamni tokko mo'achuu kan danda'u, yoo haala amansiisaa ta'een jiraachuu ykn jiraachuu dhabuu, raawwachuu ykn raawwachuu dhabuu ijoo dubbii mirkaneesse qofa dha.¹⁰⁴

Qoodinsi kun akkuma jirutti ta'ee, akka qajeeltootti adeemsa falmii dhimma sivilii keessatti, qaamni firii dubbii tokko ibse (firiin dubbi tokko jira jedhee himate) dirqama mirkaneessuu qaba.¹⁰⁵ Seerri biyya keenyaas falmiiwwan hariiroo hawaasaatiin wal qabatee, akka waliigalaatti, eenyutu dirqama mirkaneessuu (burden of proof) qaba kan jedhu ilaachisee haala faffaca'een kan hoogganu ta'ullee waliigalteewwaniin wal qabatee garuu SHH kwt 2001 jalatti qaamni dirqamni tokko akka raawwatamuuf barbaadu dirqamichi jiraachuu mirkaneessuu qaba jechuun tumeera. Seerri kun cita xiqaalama jalatti immoo qaamni dirqamni kun badeera (extinguished), seera fuuldratti fudhatama hin qabu (void), jijiirameera (varied) jedhu tokko immoo firii dubbii (haala) waliigaltichi akka badu taasisan, fudhatama dhabsiisanii fi jijiirsisan mirkaneessuuf dirqama akka qaban ni ibsa.

S/d/f/s biyya keenyaas, kwt 258 fi 259 jalatti, himatamaan himannaas himataa amanee ijoo seeraa ykn firii dubbii biroo kaasee himataan seerummaa gaafate argachuuf mirga hin qabu

¹⁰² Williams, C R., Burdens and Standards in Civil Litigation, Sydney L. Rev. 165, 2003, p.4.

¹⁰³ Miiljalee Olii.

¹⁰⁴ Kaysay Debesu and Andualem Eshetu, Teaching material on Law of eEvidence, Justice System and Legal Research Institute, Nov.2008, p.186.

¹⁰⁵ Miiljalee 102, Fuula.4.

yoo jedhe malee ragaa dhageesifachuudhaan dirqama mirkaneessuu qabu bahuuf mirga jalqabuu kan qabu himataa akka ta'e ibseera. Itti aansee, himatamaanis deebii isaa ibsee, itti fufuun ragaa isaa kan dhageessifatu ta'uus tumeera.

Armaan olitti, gareewwan falmii keessaa eenyutu ragaa isaa dhiyeessuuf dirqama seeraa qaba kan jedhu kan ilaalle yommuu ta'u, SHH kwt 2002 jalatti immoo gareen dirqama qabu kun akkaataa seericha boqonnaa 7 jalatti eerameen ragaawan namaa, ragaa barreeffamaa, tilmaama seeraa, jecha amantaa ykn kakuu garee falmiitiin dhiyaatuun mirkaneessuun kan danda'amu ta'uu tuma. Keewwatni kun, gama tokkoon gosa ragaawan dhiyaachuu danda'anii tarreessuudhaan gama birootiin immoo akkaataa qajeeltoowwan boqonnaa 7 jalatti eeramanii qofaan ragaan kan dhiyaatu ta'uu agarsiisuun ragaan fudhatama qabu kam? kan jedhu ilaachisees daangessee kaa'eera.

Fudhatamummaa ragaa ilaachisee, akka waliigalaatti seerri ifatti yoo dhorke malee firii dubbii tokko ragaa gosa kaminiyyuu mirkanaa'u danda'a. Kana jechuun ragaan tokko firii dubbii mirkaneessuuf rogummaa yoo qabaate akka qajeeltootti fudhatama ni qabaata; yoo seerri ifatti dhorke garuu fudhatamummaa hin qabaatu jechuudha. Kanaan wal qabatee Dhaddachi ijibbaataa MMWFs murtii dirqisiisaa dhaddacha gaafa 6/04/2002 ooleen Lakk.Ga.47551 (Jildii 9) ta'e irratti Iyyataa-Dhaabbata Maxxansa Daldala fi Waamamaa-Kaasuu Mulaat gidduutti ilaalee kenne irratti "...ragaan addaa akka dhiyaatu seerri yoo dirqisiise malee firii dubbii tokko ragaa **kamiin iyyuu mirkaneessuun** danda'ama" jechuudhaan qajeeltoon bu'uuraa seera ragaa kun biyya keenya keessattis hojii irra ooluu akka qabu murteesseera waan ta'eef akka qajeeltootti fudhachuun barbaachisaadha.

Bifa waliigalaatiin, fudhatamummaan (admissibility) ragaa haala armaan oliitiin kan ibsamu ta'ullee, seeronni sababa addaa addaatiin firiiwan dubbii tokko tokko mirkaneessuuf ragooleen gosa akkanaa hin dhiyaatan jechuun adda baasuun ni tumu. Haaluma kanaan, SHH biyya keenyaa kwt 2003 jalatti wayita seerri haala adda ta'een waliigalteen tokko barreeffamaan raawwatamuu qaba jechuun tumu jiraachuun waliigalteewan kanaa ragaa namaa ykn tilmaama seeraatiin mirkanaa'u hin danda'u; yoo sanadni waliigalteen jiraachuun agarsiisu sun baduun, hatamuunifi manca'uun mirkanaa'e qofa ragaa namaatiin mirkaneessuun kan danda'amu ta'u ibsa. Seerri eerame kun kwt 1678(3) jalatti waliigalteen barreeffamaan ta'u qaba jedhamee seeraan taa'e yoo foormii sana hordofee hin raawwatamne ta'e hin ragga'u jechuun akka qajeeltootti kaa'eera waan ta'eef, bakka jalqabumarraayyuu barreeffamaan hin hundeffaminitti ragaa namaa dhiyeeffachuun

hundeffamuu isaa mirkaneessuun hin danda'amu. Kana malees, seerri kun kwt 2004 jalatti gareewwan waliigaltee ragaawwan goсаakkanaa dhiyaachuu (fudhatamuu) hin qaban ykn haala itti fudhatamu hir'isuun waliigaluu kan hin dandeenye ta'uu ibsee akka tumaa dirqisiisoo tokkootti kaa'eera. Kanaan wal qabatee dhaddachi Ijibbaataa MMWFs murtii dirqisiisaa dhaddacha gaafa 10/08/2005 ooleen Lakk.Ga.84330 ta'e irratti iyyataa-Mangistuu Ashoofi waamamtoota-Immabaat Xilaahunfaa (N-5) giddutti kenneen; wayita sanadni orijinaalli badu sanadni koppiin kan ilaalamu dursee sanadni orijinaalli baduun isaa yoo mirkanaa'eefi sirrummaan koppiis qaama ilaallaturraa yoo mirkanaa'eefi ragoleen namaas kan dhagahaman jechi waliigaltichaa maal kan jedhu hubachiisuuf barbaachisaa yoo ta'e qofadha jechuun kallattii kaa'eera.

5.1.1. Mirkaneessa Waliigaltee Liqii

Bu'uura SHH kwt 2472tiin, hangi maallaqa liqeefatamee qarshii 500 ol yoo ta'e waliigalteen liqii kan mirkanaa'u danda'u ragaa barreffamaa, jecha amantaafi kakachuun qofa ta'uu fi namni qarshii 500 ol deebiseera jedhee falmus haaluma kanaan qofa kan mirkaneessuu danda'u ta'uu tuma. Kana jechuun, ragaan bareffamaa kan barbaachisu jiraachuu waliigaltee liqii mirkaneessuuf malee waliigaltee liqii dirqama barreffamaan uumamuu akka qabuufi yoo uumamuu baate hin ragga'u jechuuf miti. Tumaan waliigaltee imaanaa ilaalchisee seeruma kana kwt 2782 jalatti eerames, tumaalee liqii ilaalchisanii tumamaniin hoogganamu.

Qabatamaatti liqii maallaqaatiin wal qabatee, yeroo baay'ee qonnaan bultoonni waliigaltee barreffamaatiin maallaqa qarshii 50,000 Waldaa Liqiifi Qusannaarraa liqeefanneerra jechuun erga mallatteessanii booda, adeemsa keessa wayita deebisuu dadhaban; nuti maallaqa callaa qarshii 50,000 waldaa kanarraa harkatti hin fudhanne. Waldaan kun soolarii tajaajila adda addaa kennuu dhaabbata birooraa akka fudhannu taasissee waliigaltee liqii irratti nu mallatteessise. Soolariin fudhanne sun immoo akka yaadametti tajaajila hin kennine jechuun falmu. Falmiin kun kan agarsiisu, qonnaan bultoonni liqeefachuu isaaniitiif kan mallatteessan ta'uu isaaniifi ka'umsa irratti garuu waliigaltee wayita hundeessan akka waliigaltee liqiitti maallaqa kan of harkaan hin geenyе ta'uudha. Dhimma kana keessatti falmiin qonnaan bultootaa ragga'uu waliigalteetiin kan wal qabatu ta'ullee liqin jiraachuun immoo akkaataa SHH kwt 2472tiin ifatti mirkanaa'eera waan ta'eef dhimma ulaagaa ragga'uu qulqulleessuun osoo hin barbaachisin waliigalteen liqii jiraachuun mirkanaa'eera waan ta'eef kaffali jechuun murteessuun ni danda'ama jechuudha.

Dhimma 30^{ffaa}

Dhimmi¹⁰⁶ kun himanna waamamaan M/M/S/D/Ftti iyyataa irratti dhiyeesseen kan eegale yommuu ta'u, qabiyyeen isaa; iyyataan ammaa qarshii 180,000 adaraadhaan kan ani itti kennadhe naaf deebisuu dide waan ta'eef akka naaf deebisu kan jedhudha. Iyyataan ammaa akka hin fuune ibsee falmeera.

Kana booda, M/M/S/D falmisiisee ragaa namaa dhagahee; ragooleen namaa qarshiin iyyataatti kennamuu mirkaneessaniiru jechuun iyyataan waamamaadhaaf akka kaffalu jechuun murteesseera. Iyyataan M/M/Otti oliyyatus murtichi cimeera. Dhimmichi kanumaan dhaddacha ijibbaataa kan gahe yommuu ta'u dhaddachichis murtii kenneen;....dhimmi imaanaa qarshii callaa kan ilaalamu bu'uura SHH kwt 2782 fi 2472 (1) fi (2)tiin (tumaailee liqa qarshii ilaallatan) waan ta'eef ragaan namaa fudhatama hin qabu. Dhimmichi kan mirkana'uu ragaa sanadaan qofa dha. Ragaa sanadaa immoo waamamaan waan hin dhiyeeffanneef wanti iyyataa dirqisiisu hin jiru jechuun murteesseera.

Dhimma 31^{ffaa}

Dhimma¹⁰⁷ kana keessatti waamamaan himanna iyyataa irratti MMO Godina Arsiitti dhiyeesseen; ani sababa karaan qabeenya kiyyarra baheef qarshii 86,440 beenyaa fudheen ture. Iyyataan fira haadha warraa kiyyaa waan ta'eef, baadiyyaa fuutee hin deemin qarshii kana natti kennadhu naan jedhee anis qarshii 70,000 akkuma hidhamee jirutti gaafa 13/01/2001 bakka ragaan namaa jirutti itti kennadheera. Kana booda, gaafannaan waan naaf deebisuu dideef akka irratti naaf murtaa'u jedheera.

Iyyataan deebii kenneen; ani maallaqan irraa fuudhe hin qabu. Maallaqni liqii ykn adaraa qarshii 500 ol barreeffamaan qofa mirkanaa'uu qaba jedheera.

Kana booda, MMO ragaa namaa bitaafi mirgaa dhagahee iyyataan maallaqa jedhame adaraadhaan irraa fuudhuun isaa mirkanaa'eera waan ta'eef, qarshii 70,000 akka deebisuuf jedheera. Dhaddachi Idilee fi Dhaddachi Ijibbaataa MMWOs cimsaniiru.

¹⁰⁶ Dhimmi kun dhimma dhaddacha ijibbaata M/M/W/Ftiin lakk.Ga.60204 (Jildii 12^{ffaa}) irratti dhaddacha gaafa 14/10/2003 ooleen Iyyataa-Taaddasee Damooree fi waamamaa -Geetaahun Lechaamoo gidduutti ilaalam ee murtii argatedha.

¹⁰⁷ Dhimmi kun dhimma Dhaddacha Ijibbaataa MMWFtiin Iyyataa-Adam Yusuufifi Waamamaa-Abdusalam Mahaammad gidduutti dhaddacha gaafa 29/11/2003 ooleen Lakk.Ga.64887 (Jildii 13^{ffaa}) ta'e irratti murtii argatedha.

Itti fufuun, dhimmichi Dhaddacha Ijibbaataa gahee dhaddachichis;bu'uura SHH kwt 2800tiin namni tokko qabeenya isaarra balaan hafuu hin dandeenye tokko irra gahuuf yoo ta'eefi balaa kana jalaa miliqsuuf jecha qabeenya kana namni biroon adaraadhaan akka kaa'uuf yoo itti kennate seerri imaanaaakkasiitiif eegumsa addaa kan taasisuu yommuu ta'u gosti imaanaa kun imaanaa barbaachisaa jedhama. Imaanaan kun imaanaa qabeenya dhumataa seericha kwt 2782 jalatti ibsamerraad addadha. Seerri kun, kwt 2802(2) jalatti imaanaa barbaachisaan akkasii ragaa gosa kamiiniyyuu mirkanaa'uu danda'a jedha. Waamamaan wayita beenyaa fudhatee gara naannoo mana jirenyaa isaa badiyaatti deemuuf jedhu iyyataan si saamuu danda'u jedhee imaanaadhaan kan irraa fuudhe ta'uun ragaa namaatiin mirkanaa'eera waan ta'eef, iyyataan akka deebisu jedhamuun sirriidha jedhee murtii manneen murtii jalaa cimseera.

Dhimma 32^{ffaa}

Dhimma¹⁰⁸ kana keessatti waamamaan himanna dhiyesseen; iyyataan ammaa qr.105, 000 narraa liqeefatee naaf deebisu dide waan ta'eef akka naaf deebisu kan jedhe yommuu ta'u, iyyataan immoo ani sanada liqii irratti liqeefadheera jedhee mallatteessuun koo sirrii dha. Garuu, waamamaan kun erga na mallatteessisee booda qarshii siif kenna jedhee osoo naaf hin kennin bade. Ani qarshii irraa hin fudhanne jedheera.

Kana booda, M/M/S/D/F falmisiisee; iyyataan waligaltee liqaa irratti mallatteessuu isaa waan hin haalleef, bu'uura S/H/H keew.2005 fi 2006tiin deebisuuf dirqama qaba jedheera. M/M/Os murticha cimseera. Iyyataan ammaa; ani qarshii liqii jedhame jalqabumaayyu hin fuune (qarshichi na harka hin geeny), osoo na harka hin gahin kaffali jedhamuun kiyya sirrii miti jedhee iyyanno dhaddacha ijibbaataatti kan dhiyefate ta'us dhaddachi ijibbaataa cimseera.

Dhimma 33^{ffaa}

Dhimma¹⁰⁹ kana keessatti iyyataan himanna mana murtii jalaatti dhiyesseen; waamamaan qarshii 50,000 bilbilaan akka ani liqeessuuf na gaafatee narraa liqeefatee naaf deebisu dide waan ta'eef, akka naaf kanfaluu jedheera.

¹⁰⁸ Dhimmi kun dhimma dhaddacha ijibbaataa M/M/W/Ftti Lakk.Ga.59882 irratti iyyattuu-Asegdedech Zergawu fi waamamaa- Ayyalee Nidaneh gidduutti ilaalame dha.

¹⁰⁹ Dhimmi kun dhimma dhaddacha Ijibbaataa MMWFtti Lakk.Ga. 31737 (Jildii 5^{ffaa}) irratti Iyyataa-Gabiruu G/Masqal fi Waamamaa-Qees Gebre Medin Redaa gidduutti ilaalame dha.

Waamamaan ammaa immoo deebii kenneen; qarshicha fuudhachuu ibsee garuu qarshii ani duraan liqeesseef naaf deebise malee irraa hin liqeefanne jedheera.

Kanumaan, manneen murtii jalaa; iyyataan ammaa bu'uura 2472tiin liqiin qarshii 500 olii barreffamaan kan mirkanaa'uu qabu waan ta'eef, haaala sanaan waan hin mirkaneessineef fudhatama hin qabu jedhaniiru.

Itti fufuun, dhimmichi dhaddacha ijibbaataa gahee dhaddachi ijibbaataa immoo;....iyyataan ammaa qarshii 50, 000 waamaadhaaf kan liqeesse ta'uu ragaan barreffamaa inni itti karaa baankii waamamaaf erge ni mirkaneessa. Waamamaan immoo kan duraan iyyataadhaaf liqeesee isa deebifate ta'uu amma hin mirkaneessine. Kanaaf, iyyataadhaaf akka kanfalu jechuudhaan sagalee caalmaatiin murteessaniiru. Sagaleen adda immoo; bu'uura S/H/H kwt 2001 fi 2472tiin dirqama mirkaneessuu kan qabu iyyataadha. Waamamaan kan liqeeffate ta'uu hin amanne. Ragaan sanadaa liqii kana mirkaneesse hin dhiyaanne. Sanadni qarshiin karaa baankii waamamaadhaaf ergamuu agarsiisu liqiin jiraachuu hin mirkaneessu... jedheera.

Dhimma 34^{ffaa}

Dhimma¹¹⁰ kana keessatti himataan himanna dhiyeesseen; ...himatamaan biyya alaan si erga jechuun viizaa sobaan gowwomsee qarshii 39,000 karaa baankii, qarshii 11,000 immoo harkatti fudhatee, qorannoo meedikaalaaf baasii qarshii 3500, nyaata, sireefi geejibaaf qarshii 15,000 waan na baasiseef, beenyaa hamilee qarshii 1000 itti dabalee, waliigalatti qarshii 75,000 akka naaf kaffalu kan jedhe yommuu ta'u himatamaan haaleera.

Kana booda, manni murtichaa himatamaan ragaa hin qabu jedheera jechuun ragaa himataa dhagahee ragooleen himataa;himatamaan biyya alaan si erga jedhee qarshii 50,000n waliigalan. Kana keessaa immoo qarshii 39,000 karaa baankii ergeeraaf. Qarshii 11,000 immoo himatamaan harkatti fudhate jedhee himataan nutti him. Jaarsa irrattis kun dubbatamuu ibsaniiru jechuun dhuma irratti; himatamaan himataa biyya alaatti erguuf qarshii 50,000n waliigaluun mirkanaa'eera. Kana keessaa himataan qarshii 39,000 lakkofsa herregaa himatamaatti dhangalaasunis ragaa namaafi barreffamaatiin mirkanaa'eera. Himatamaan waliigaltee ykn waada gale kana raawwachuu erga hin dandeenyee maallaqa kana deebisuuf dirqama qaba. Himatamaan hojii kana raawwachuufis hayyama kan hin

¹¹⁰ Dhimmi kun dhimma Mana Murtii Ol'aanaa Godina Jimmaatti Himataa- Awwal Jamaalifi himatamaa- Ahmad Maxar giddutti dhaddacha gaafa 25/10/2011 ooleen Lakk.Ga.44719 ta'e irratti murtii argatedha.

qabne; hojichis seeraan alaafi yakka waan ta'eef, qarshii karaa baankii fudhate deebisuu qaba. Baasiiwan kan biroo garuu himataan waan hin mirkaneessineef, kufaa goonee qarshii 39,000 qofa garuu dhala %9 waliin akka kaffalu jechuun bu'uura SHH kwt 1808(2)fi 1815tiin murteesee jira.

Gaaffilee Marii

1. Dhimma 30^{ffaa} fi 31^{ffaa} armaan olii akkamitti ilaaltu?, garaagarummaan gosa imaan SHH kwt 2782fi 2800 jalatti eeramanii maali?, dhimma 31ffaa keessatti gosti firriwan dubbi ibsaman ulaagaa ‘imaanaa barbaachisaa’ ni guutaa?
2. Akkaataa dhimma 32^{ffaa} armaan oliitti namni qarshiin kan harka hin geeny ta'uu ibsee falmuu hin danda'uu?, falmuu maaltu dhorka?, dhimma liqa qarshii irratti gonkumaa qabiyyee waliigaltee kaasanii falmuun hin danda'amuu?, falmuu ni danda'a kan jennu yoo ta'e immoo akkaataa seeraatti dirqama mirkaneessuu isaa yoo bahe injifachuu hin danda'uu?
3. Dhimma 33^{ffaa} irratti yaada sagalee caalmaa ni fudhattuu?, dirqamni mirkaneessuu garee tokkorraa gara biraatti kan ce'u yoomidha?, waamamaan dirqama hin qabuu?
4. Murtii dhimma 34^{ffaa} irratti kenname akkamitti ilaaltu?, dhimmi waliigaltee kanaa seera qabeessa yoo hin taane namni ragaa namaatiin qarshiin harkatti kennamu mirkaneessuu ni danda'amoo hin danda'u?

5.1.2. Mirkaneessa Waliigaltee Bittaafi Gurgurtaa Qabeenya Hin Sochoonee

Waliigaltee gurgurtaa ilaachisee SHH kwt.2226 jalatti:

“a contract whereby one of the parties, the seller, undertakes to deliver a thing and transfer its ownership to another party, the buyer, in consideration of a price expressed in money which the buyer undertakes to pay him” jedha.

Bu'uura tumaa kanaatiin, gurgurataan qabeenyichaa fi abbummaa qabeenyichaa bitataa harkaan gahuu fi dabarsuuf, bitataan qarshii kaffaluuf waliigaluu qabu. Kana malees, bitataan gurgurataa irraa meeshaa harka galfatuuuf hanga gatii kaffaluu qarshiidhaan tilmaamamee waliigalticha irratti ibsamuu qaba.

Waliigalteen gurgurtaa kun qabeenya socho'uu fi hin sochoone ilaallata. Seerri kun kwt 2267(2) fi 1186(2) jalatti immoo waliigalteen gurgurtaa qabeenyoota socho'aa addaa ilaalchisee seerootni kan biroon waa'ee galmeessa fi mirga abbaa qabeenyummaa dabarsuu ilaallatan raawwatiinsa kan qaban ta'uu tuma.

Seerri kun, kwt 2875-2895 jalattis tumaalee waliigaltee gurgurtaa qabeenya hin sochoone ilaallatan tarreesseera. Qabeenyota hin sochoone keessaa lafti qabeenya hin gurguramne waan ta'eef, yeroo ammaatti tumaaleen kun raawwatiinsi isaanii bittaafi gurgurtaa manaa irratti ta'a. Haala kanaan, waliigaltee bittaafi gurgurtaa manaatiin wal qabatee, yeroo baay'ee qabatamaatti falmiin jiru waliigalteen bittaafi gurgurtaa haala kwt 2877 jalatti eerameen barreffamaan taasifamee jennaan gahaadhamoo?, dabalataan akkaataa kwt 1723tiin mirkanaa'uu qaba? kan jedhudha. Falmiin kun ammallee ogeessota gidduutti darbee darbee kan ka'u ta'ullee Dhaddachi Ijibbaataa MMWF, murtii dirqisiisiisa, iyyattuu- Aadde Gorfee G/Hiwot fi waamamtuu-Abarraash Dubbaargeefaa (N-2) gidduutti, dhaddacha gaafa 30/08/1999 ooleen Lakk.Ga.21448 ta'eefi Jildii 4^{ffaa} irratti kenneen; mirga abbaa qabeenyummaa qabeenya hin sochoonee dabarsuuf waliigalteen taasifamu mana murtii ykn qaama waliigaltee raawwachiisuuf aangoo qabu fuulduratti yoo hin raawwatamin bu'aa ykn fudhatamummaa hin qabaatu. Waliigalteen bittaafi gurgurtaa manaa barreffamaan raawwatamuun qofti gahaa miti. SHH keewwatni 1723, tumaa waliigalaa waa'ee galmeessaa ilaallatudha. Tumaa waliigalaa kana tumaa addaa kwt 2877 waliin hojiirra oolchuun ni danda'ama jechuudhaan kallattii kaa'eera.

Dhimma 35^{ffaa}

Dhimma¹¹¹ kana keessatti himattuun himanna himatamaa irratti dhiyessiteen; himatamaan waliigaltee bittaafi gurgurtaa manaa gaafa 19/06/2004 raawwatameen mana, Magaalaa Jimmaa, Ganda Ginjoo keessatti argamu, lakk.kaartaa isaa 2341/2002 ta'e qarshii 75,000niin natti gurguree qarshii 65,000 fudhatee qarshii hafe immoo gibira hanga bara 2004tti jiru kaffalee xumuree nagahee isaa naaf kennee fudhachuuf waliigallee, kaffalee manas na simachiisee maqaa naaf nanneessuu waan dideef, gibira irra jiru kaffalee qarshii 10,000 fudhatee maqaa akka naaf naannessu, yoo fedhii hin qabu ta'e immoo baasii ani ijaarsaaf baase tilmaamamee baasiwwan biroofi dhala waliin akka naaf kaffalu jedheera.

¹¹¹ Dhimmi kun Mana Murtii Ol'aanaa Godina Jimmaatti himattuu-Alawiyyaa Abbaa Jabalifi Himatamaa-Mulugeetaa Zargaa gidduutti dhaddacha gaafa 05/10/2011 ooleen Lakk.Ga.44786 ta'e irratti ilaalamree murtaa'edha.

Manni Murtii Ol'aanaa himatamaan deebii akka kenuuf ajajee, waamamee waan hin dhiyaatin hafeef, bakka inni hin jirretti falmiin akka itti fufu ajajee, ragaa namaa himattuun dhiyeeffatte dhagahee, dhuma irratti murtii sagalee caalmaatiin kenneen; ragooleen namaafi barreeffamaa himatamaan himattuu waliin waliigaltee bittaafi gurgurtaa manaa kan qabu ta'uufi himatamaan akkaataa waliigalteetti dirqama isaa kan hin baane ta'u mirkaneessaniiru. Waliigalteen mandara keessatti kan raawwatame ta'ullee himatamaan dhiyaatee rogummaa ragaa barreeffamaa kan hin mormine waan ta'eef, waa'ee seera qabeessummaa isaa xiinxaluun hin barbaachisu. Utuma dhiyaatee mormees waliigalteen qaama dhimmi ilaallatu biratti galmaa'u baatus, bu'uura SHH kwt 1675fi 1731tiin waliigalteen dhiyaate isaan gidduutti seera waan ta'eef, himattuunis manicha simattee kan itti jiraachaa jirtu ta'uun waan mirkanaa'eef, waliigalteen kun seera qabeessadha. Himatamaan akkaataa waliigalteetti kan hin raawwanne ta'uun waan mirkanaa'eef, gibira kaffalee qarshii himatturratti hafu fudhatee qaama ilaallatu biratti dhiyaatee maqaa akka naannessu, yoo fedhii hin qabu ta'e immoo qarshii 65,000, dhala %9n, Sadabbii qarshii 6,000fi kaffaltii abbaa seerummaa akka kaffalu, fooyya'insa himattuun erga bittee taasiste ilaachsee mirga himachuu qabdi jedheera.

Abbaan seeraa yaada addaa kenne immoo; waliigalteen bittaafi gurgurtaa kun qaama aangoo qabuun waan hin mirkanoofneef, yoo hin mirkanoofne immoo dhaddachi Ijibbaataa MMWF murtiiwwan dirqisiisoo kenneen akka wixineetti ilaalamu waan jedheef, himatamaanis dhiyaatee waan hin amanneef, himannaan himattuu deeggarsa seeraa hin qabu jedhamee kufaa ta'uun qaba jedheera.

Dhimma 36^{ffa}

Dhimma¹¹² kana keessatti iyyattuun himannaa mana murtii Ol'aanaa Godina Adda Adaamaatti dhiyeessiteen; ani waamamaa 1ffa waliin osoon adeemsa diiggaa gaa'ilaa keessa jiruu mana maqaa kiyyaan galmaa'ee jirufi harka kiyya jiru sababuma bakka bu'ummaa fudhateen na dhabsiisuuf jecha waliigaltee qaama aangoo qabu biratti hin galmoofneen waamamaa 2ffaatti akka waan dursanii gaafa 03/08/2002 waliigaltee raawwataniifakkeessuun qarshii 400,000n gurguruun sirrii waan hin taaneef, waliigalteen kun akka naaf diigamu jetteetti.

¹¹² Dhimmi kun dhimma Dhaddacha Ijibbaataa MMWOTIIN iyyattuu-Sa'aadaa Mahaammadifi Waamamtoota-Abdulqadir Dabaleefaa (N-2) gidduutti ilaalamee murtaa'edha.

Waamamtoonni immoo deebii kennaniin; nuti waliigaltee kan raawwanne bakka bu'ummaa iyyattuun waamamaa 1ffaadhaaf kenniteenidha. Himannaan ishee darbiinsa yeroo wagga a lamaatiin daangeffama jedhaniiru.

Kana booda, manni murtii Ol'aanaa himanna iyyattuu darbiinsa yerootiin kufaa taasissee, oliyyannoodhaanis cimee dhaddacha ijibbaataa MMWF gahee dhaddachichi immoo himannaan kun darbiinsa yerootiin hin daangeffamu jechuun murtii manneen murtii naannoo diigee qajeelfamaan mana murtii ol'aanaatti gadi deebiseera.

Itti fufuun, Manni Murtii Ol'aanaa irra deebi'uudhaan; iyyattuun waliigalteen gaafa 03/08/2002 raawwatame kan sobaa ta'uu isaatiif ragaa dhiyeffatte hin qabdu. Waamamaa 2ffaan bakka bu'ummaa iyyattuun waamamaa 1ffaadhaaf kennite ilaalee bite waan ta'eef, yaada gaariidhaan bitate. Waamamaa 2ffaan yaada gaariidhaan bitate waan ta'eef, waliigalteen hin diigamu. Iyyattuun miidhamteetti yoo ta'e waamamaa 1ffaa gaafatti malee waliigalteen kan diigamu miti jedheera.

Manni Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddachi Dhaabbii Bahaa murtii kana kan cimse yommuu ta'u, dhaddachi Ijibbaataa MMWO immoo; akkaataa tumaa SHH kwt 2001(1)tiin garee dirqamni waliigaltee irraa maddu jiraachuu isaa falmu tokko ragaa falmii isaa dhugoomsu dhiyeessuuf ni dirqama. Gosti ragaa falmii waliigalteen wal qabatu ilaachisee dhiyaachuu qabu tumaa SHH kwt 2002 jalatti tarreffameera. Kaayyoon Seerri waliigalteen yeroo foormii addaa kanneen akka barreffamaan ta'u, galmaa'uufi qaama aangoon kennameef fuulduratti raawwatamuun hordofuu qaba jechuun dirqisiisufis eegumsa garee 3ffaaf gochuufi ragummaaf waan barbaadamuufidha. Qabeenya hin sochoone irratti waliigalteen taasifamu barruun ta'ee kan qaama waliigalticha galmeessuuf aangeffame fuulduratti raawwatame ta'ee fi qaamuma kanaan galmaa'e ta'uu akka qabu tumaan SHH kwt 2877fi 1723(1) ni agarsiisa. Qabiyyeen waliigaltee qabeenya hin sochoonee irratti taasifamees guyyaa isaa dabalatee kan mirkanaa'u qabu ragaa barruun ta'ee ragaan kunis ragaa gahaafi amantaan irratti gatamu (conclusive evidence) akka ta'e tumaan kwt 2005(1) ni agarsiisa. Kanaaf, qabiyyee waliigaltee kanaa kan wal falmitoonni irratti waliif hin galin ragaa namaatiin mirkaneessuun hin danda'amu. Gara dhimma amma harkaa qabnuutti wayita deebinu, iyyattuun guyyaa waliigalteen raawwatame kan sobaati jettee falmiteetti waan ta'eef, gama birootiin immoo waliigalteen gaafa 30/11/2003 iyyattuufi waamamaa 1ffaa gidduutti erga waliigalteen haalame kun raawwatame jedhamee booda raawwatame haala kamiin akka ta'e ifa waan hin taaneef, kun osoo hin qulqulla'in waamamaan yaada

gaariidhaan bitate gudunfaa jedhurra gahuun sirrii miti. Kana malees, waliigalteen gaafa 03/05/2002 raawwatame jedhame kan taasifame qabeenya hin sochoone irratti ta'uunifi waliigaltichi kan hin galmoofne ta'uun hin haalamne. Falmiin wal falmitousa gidduutti ka'e kunis qabiyee kan ilaallatuufi guyaa waliigalteen raawwataamee ilaachisee waliigaltichi qaama aangoo qabu fuulduratti raawwatamee waan hin galmoofneef, yeroo kanatti guyaa waliigalteen raawwatamee ragaa namaatiin qulqullaa'uu qaba jechuun murtii manneen murtii jalaa diigee ragaan nammaa dhagahamee murtii akka kennamu jechuun qajeelfamaan gadi deebiseera.

Gaaffilee Marii

1. Murtii dhimma 35^{ffaa} irratti kennname akkamitti ilaaltu? Manni murtii dhimma seera qabeessummaa (ulaagaa foormii guutuufi dhabuu) waliigaltee bittaafi gurgurtaa ofumaan to'achuuf itti gaafatamummaa qabamoo hin qabu?
2. Murtii dhimma 36^{ffaa} irratti kennname akkamitti ilaaltu?, guyaan waliigalteen itti raawwatamee ragaa namaatiin qulqullaa'uu qaba jedhamuun sirriidha moo miti?

5.1.3. Mirkaneessa Waliigalteewwan Kennaa Qabeenya Hin Sochoonee

Seerri hariroo hawaasaa kwt 2427 jalatti "kennaa" jechuun waliigaltee namni tokko qabeenya isaa namma biroodhaaf itti kenu ykn yaada namma birootiif kennutiin dirqama itti seenu jechuu akka ta'e ibsa. Ulaagaawwan foormii waliigalteen kennaa guutuu qabu kwt 2443 jalatti tumameera. Haala kanaan, waliigalteen kennaa wayita raawwatamu foormii dhaamoon ifaan (public will) itti godhamu hordofuu qaba. Bu'uura kwt 881(2)tiin dhaamoon ifaa kunis ragaa namma afurii fuulduratti godhamee, ragoolee namma kanaafis dubbifamuun isaa agarsiisamuu qaba. Seerichi kwt 882 jalatti immoo waliigaltichi qaama gama kanaan aangoo qabu ykn mana murtii duratti yoo ta'e ragaan namma lamaa gahaa ta'uu ibsa.

Kanaan wal qabatee, qabatamaatti falmiin ka'u foormiin waliigaltee kennaa ulaagaawwan armaan olii yoo guute, dabalataan ulaagaa SHH kwt 1723 jalatti caqasame guutuu qabamoo hin qabu kan jedhudha. Gama kanaan addaan baateen manneen murtii jidduutti ni mul'ata. Haa ta'u malee, dhaddachi Ijibbaataa MMWF, murtii dirqisiisaa iyyataa-Alehiny Gabrehiwotifi waamamtoota-Axinash Baqqalaafaa (N-3) gidduutti dhaddacha gaafa 2/11/2001 ta'e irratti Lakk.Ga.39803 (Jildii 12ffaa) ta'e irratti SHH kwt 1723(1), 2443fi 881

xiinxalee kenneen; waliigalteen kennaa qabeenya hin sochoone ilaalcissee taasifame qaama aangoo mirkaneessuufi galmeessuu qabu fuulduratti raawwatamuu baatullee kan ragga'u ta'uu danda'a jedheera. Murtiin kun ulaagaa mirkaneessuu kwt 1723 jalatti eerame hafaa waan taasisuuf, dhimma wal fakkaataa irratti dirqisiisummaa kan qabaatudha.

Dhimma 37^{ffa}

Dhimmi¹¹³ kun kan eegale Mana Murtii Ol'aanaa Goojjam Lixaatti yommuu ta'u, waamamtoonni ammaa himanna karra guddistuu isaaniitiin dhiyaateen; iyyataan mana jireenyaa akkoo keenyaa, nuti abbaa keenya kan du'e bakka buunee dhaaluuf mirga qabnu seeraan ala qabatee waan jiruuf akka gadi nuuf lakkisu jedhaniiru.

Iyyataan immoo deebii kenneen; ani mana kana akkoo waamamtootaa irraan kennaadhaan argadhe. Akkoon waamamtootaa kan naaf kennites sababa ani ishee xooraa tureefi qarshii 10,000 liqeefattee naaf deebisuu dadhabdeefidha. Haala kanaan maqaa naaf naannessuuf duutuun iyyannoo qaama ilaallatutti dhiyeefattee osoo adeemsarra jirtuu bara 2000 keessa duute. Osoo isheen hin du'in dura bara 1997 keessa manni naaf kennname sababa lolaatiin diigamee irra deebi'ee kan biroo ijareen jira.

Kana booda, manni murtii ol'aanaa falmisiisee, qulqulleeffatee falmiin iyyataa deeggarsa seeraa waan hin qabneef, iyyataan mana falmiif sababa ta'e waamamtootaa akka gadi lakkisu jedheera. MMWNA murtii mana murtii ol'aanaa naannichaa cimseera.

Itti fufuun, dhimmichi dhaddacha Ijibbaataa MMWF gahee dhaddachichis; bu'uura SHH kwt 2443tiin waliigalteen kennaa qabeenya hin sochoonee foormii dhaamoon ifaa (public will) itti godhamu hordofuu qaba. Haala itti dhaamoon ifaa godhamu immoo kwt 881(2) jalatti tumameera. SHH kwt 2436(1) jalatti immoo namni kennaan taasifameef kennaa sana fudhachuun kan qabu ta'uun tumameera. Kennaa fudhachuun mallattoo barreeffaamaanimoo?, gochaan, afaniin mirkanaa'aa gaaffiin jedhu akkuma jirutti ta'ee, dhimmi kun madaallii ragaa manneen murtii jalaa taasisaniin iyyataan kan fudhate ta'uun hin mirkanoofne jechuun gudunfaarra kan gahan waan ta'eef, dhaddachi kun dhimma sana keessa hin seenu. Iyyataan kennaa sana fudhachuun hin mirkanoofne erga jennee immoo bu'uura kwt 2436(2)tiin du'a

¹¹³ Dhimmi kun murtii dirqisiisaa Dhaddachi Ijibbaataa MMWF, iyyataa-Geetaachoo Bayyanaafi waamamtoota-Daa'ima Taabot Baqqalaafaa (N-2) giddutti dhaddacha gaafa 17/11/2004 ta'e irratti Lakk.Ga.61421 (Jildii 13^{ffa}) ta'e irratti kennedha.

nama kennaa kenneetiin booda fudhadheera jechuun deeggarsa seeraa hin qabu. Kanaaf, falmiin iyyataa gama kanaan kufaadha.

Falmii iyyataan kennaan qabeenya hin sochoonee bu'uura SHH kwt 1723tiin raawwatamuu hin qabu jechuun kaase garuu dhaddachi kunis gal mee lakk.39803 ta'e irratti murtii dirqisiisa kenneera waan ta'eef, manni murtii jalaa keewwatni 1723 kennaa irratti raawwatiinsa qaba jechuun isaa sirrii miti. Kana malees, manni murtii jalaa SHH kwt 2024 caqasee maallaqni iyyataan liqesse jedhu akka kaffalametti lakkaawama jechuun isaa sirrii miti. Haala manneen murtii jalaa SHH kwt 1723fi 2024 caqasuun itti xiinxalan sirrii ta'uu baatanillee bu'uura kwt 2436tiin iyyataan kennaa fudhachuun isaa kan hin mirkanoofne ta'uun waan hubatameef, kunis sababa guddaa murtiin mana murtii jalaa akka cimu taasisu waan ta'eef, iyyataan akka gadi lakkisu jedhamuun isaa sirriidha.

Gaaffilee Marii

1. Murtii dhimma 37^{ffa} irratti kennae akkamitti ilaaltu?, kennaa fudhachuun haala kamiin mirkanaa'a?

5.2. Ragaa Barreffamaa

Sanada jechuun waanta yaadni namaa qubeedhaan, jechaan ykn mallatoodhaan irratti ibsamee, galmaa'ee (waraabamee) dhimma sana qabatee turuuf tajaajilu dha.¹¹⁴ Namoonni tokko tokko sanadni ykn barreffamni kan qabate hin gadhiisu, akka namaa hin hirraanfatu, hin jijiiramu, akkuma ka'aanitti tura jechuudhaan barbaachisummaan (amanamummaan) sanadaa oli ka'aa ta'uu ibsu.¹¹⁵ Gosti ragaa kun bifaa Sanadaa, Suuraa, Teeppii fi kkf fakkaatuun akka ragaa qabiyyeetti mana murtiitti dhiyaatu.¹¹⁶ Egaa as keessatti dhimmi dagatamuun hin qabne firii dubbii mirkaneessuuf kan nu barbaachisu sanada dhiyaate osoo hin taane qabiyyee sanada sanaa ta'uu dha.

Sanadaan wal qabatee mirkaneessi gosti lama jiraachuu kan danda'u yommuu ta'u, isaanis; Mirkaneessa Raawwanna Sanadaa (Proof of Execution of a Document) fi Mirkaneessa

¹¹⁴ PAUL ROBERTS AND ADRIAN ZUCKERMAN, Criminal Evidence, Oxford University Press, 2004, p-10.

¹¹⁵ Miiljalee Olii.

¹¹⁶ Digafe Desalegn, Qabannaa ijoo dubbii, Leenjitoota Leenjii Hojiin Duraa Wiirtuu Leenjii Abbootii Seeraafi Abbaa Alangaa Federaalaatiif qophaa'e, 2000, p-17

Qabiyyee Sanadaa (Proof of Contents of a Document) jedhamanii beekamu.¹¹⁷ Mirkaneessi inni jalqabaa sanadichi qaama fedha isaatiin raawwateera jedhameen raawwatamuu fi dhabuu kan ilaallatu yommuu ta'u mirkaneessi inni lammafaan immoo mirkaneessa keessoo sanadaa ilaallatu dha.

Mata duree dirqama mirkaneessuufi fudhatamummaa jedhu jalatti akka qajeeltootti ragaan namaa firii dubpii gosa kamiyyuu mirkaneessuuf kan dhiyaachuu danda'u ta'uufi haala addaatiin seerri waliigalteen gosa akkanaa ragaa barreffamaa qofaan mirkanaa'a wayita jedhu ragaan namaa fudhatama kan hin qabne ta'uu kan ilaalle yommuu ta'u mata duree kana jalatti immoo gosa ragaa keessaa ragaa barreffamaa addatti ilaalleerra.

SHH kwt 2005 jalatti ragaan barreffamaa dhiyaatu tokko jecha irratti waliif galame fi guyyaa waliigalticha keessa jiru ilaachisee namoota waliigaltee uuman gidduttii ragaa gosa kamiinuu kan kufaa ta'uu hin dandeenye (ragaa gahaa amantaa guutuun irratti gatamu) (conclusive) fi sadarkaa ragummaa guddaa kan qabu ta'uu ibsa. Namoota bakka bu'iinsaan fayyadamoo ta'anii fi dhaaltota namoota waliigaltee raawwatanii ilaachisees waliigalteen barreffamaa kun gosa ragaa kamiinuu kufaa ta'uu hin danda'u.¹¹⁸

Haa ta'u malee, bu'uura S/H/H kwt 2006tiin namoonni waliigaltee raawwatan jechi barreffama keessa jiru jecha irratti waliif gale miti jedhanii mormuu kan danda'an nama jechichi 'kanumadha' jedhu kakachiifachuudhaan qofa dha. Kanaafuu, jechi ragaa barreffamaa keessa jiru jecha nuti irratti waliif hin galledha waan ta'eef jechi irratti waliif galle kan biroodha jechuudhaan jecha kan biroo faallaa ta'e sana ibsuudhaan ragaa namaatiin mirkaneessuun waliigaltee barreffamaa gatii dhabsiisuu (jecha ifatti barreffame) gatii dhabsiisuu waan ta'eef, kun immoo kaayyoo waliigalteen tokko akka barreffamaan ta'u jedhameef dadhabsiisuu waan danda'uuf ragaan namaa haala akkanaa mirkaneessuuf hin hayyamamu. Garee 3ffaan garuu ragaan namaatiin mirkaneeffachuu kan danda'u ta'un seeruma kana kwt 2009 jalatti ibsameera.

Gama birootiin Seerri kun kwt 2007 fi 2008 jalatti qaamni waliigalteen barreffamaa qaama ilaallatuun hin mirkana'in (authenticated) irratti dhiyaate tokko barreffamni ykn mallattoon waliigalticha irra jiru kan koo miti jedhee mormuu akka danda'u fi yeroo kanatti manni murtii akka qulqulleffachuu danda'u tumeera. Kana jalatti qabxiin ka'uu danda'u mallattoo

¹¹⁷ Miiljalee 114, Fuula.317. As a general rule, the party who wishes to adduce a document in evidence will also need to prove 'due execution', that is, that the writing or signature on the document has not been forged.

¹¹⁸ Qajeeltoo "parol evidence rule" jedhutu dhorka. When contracting parties integrate their written agreement, the parol evidence rule bars them from introducing certain types of extrinsic evidence at trial.

ykn barreffama haalame manni murtii akkamitti qulqulleeffata kan jedhu dha. Sirna seera **common law** keessatti ragaan yeroo mallatteeffamu arge, ragaan mallattoo ykn barreffama nama barreesee beeku fi ragaan nama barreesee barreffama ykn mallattoo haalame mirkaneessuuf ni gargaara. Dhaddachi Ijibbaataa MMWFs murtii dirqisiisaa Iyyataa-Eliyaas Simeefi Waamamtuu-Zannabach Tamasgen gidduutti dhaddacha gaafa 29/11/2008 ooleen Lakk.Ga.114553 ta'e irratti waliigaltee liqii ilaachisee kenneen; wayita mallatoon sanada waliigalteerra jiru haalamutti qorannoo tekinkaatiin mallatoon kan eenyuu akka ta'e wayita beekuun rakkisaa ta'u ragaa namaa wayita waliigalteen raawwatame jiran dhagahuun mallatoon kan eenyuu akka ta'e adda baafachuun ni danda'ama jechuun murtii kennee jira.

Akka SHH kwt 2016tti daldalaan tokko yaadannoo ofiif barreesse akka ragaatti ofii isaatiif dhiyeeffachuu kan hin dandeenye ta'uun kan tumame yommuu ta'u keewwatni itti aanus barreffamoonnifi xalayaawan namni tokko dhuunfaa isaatti mana ofiitti barreessu nama barreesse saniif ragaa ta'uu kan hin dandeenye ta'uufi nama barreesse sana irratti garuu ragaa ta'uu kan danda'u ta'uu tuma.

Dhimma 38^{ffa}

Dhimma¹¹⁹ kana keessatti iyyataan himanna Mana Murtii Aanaa Adaamii Tulluutti waamamtoota irratti dhiyeesseen; waamamaa 1ffaan sangaa na jalaa fudhatteetta jechuun sangaa gaarree gurraachaa tilmaamni isaa qarshii 8000 ta'u na jalaa fudhatee naaf deebisuuf jaarsa irratti waliigaltee gaafa 26/12/2005 barreffameen sangicha gaafa 03/13/2006tti deebisuuf mallatteessee waan deebisuu dideef, wayita sanattis waamamaa 2ffaan wabii isaa waan ta'eef, waliin ta'uun itti gaafatamummaa qabu. Kana malees, waliigaltee liqii gaafa 27/08/2006 barreffameen qarshii 6000 liqeefatee waan deebisuu dideef, tilmaama sangaafi liqii akka naaf kaffalan jedheera.

Waamamtooni deebii kennaniin; qabxiwwan addaa addaa kaasuun waliigalteen liqiis kan sobaati jechuun haalaniiru.

Kana booda, manni murtii Aanaa falmisiisee waliigalteen barreffamaa iyyataan dhiyeesse haqaafi laqaa waan qabuuf orijinaala akka dhiyeessu ajajee, iyyataanis orijinaala kan jedhu dhiyeesseera.

¹¹⁹ Dhimmi kun dhimma Dhaddacha Ijibbaataa MMWFtiin Iyyataa-Radii Tafarraafi Waamamtoota-Abbihuu Baqqalaafaa (N-2) gidduutti dhaddacha gaafa 17/05/2010 ooleen Lakk.Ga.106535 (Jildii 19^{ffa}) ta'e irratti murtii argatedha.

Itti fufuun, manni murtii aanichaa waliigaltee dhiyeessise kana ilaaluun waliigaltee orijinaala jedhamee dhiyaate irraa akka hubatamutti; bara 2006 kan jedhu haqamee bara 2005 taasifameera, waamamaa 2ffaanis nama qabeenya nama biroo fudhate jedhamee jaarsa irratti amaneef waliigalteen wabummaa taasise jalqabumarraayyuu fudhatama waan hin qabneef, waliigaltee inni kan biroon immoo ragoolee namaas waan hin qabneef, sababoota kanaan waamamtoonni itti gaafatamummaa hin qaban jechuun himanna iyyataa kufaa taasiseera. Manni Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Bahaafi Dhaddachi Ijibbaataa MMWOs murticha cimsaniiru.

Kana booda, dhimmichi Dhaddacha Ijibbaataa MMWF gahee dhaddachichi immoo; akka bu'uuraatti, iyyataan ammaa himanna isaa mirkanoeffachuuf ragoolee namaafi barreffamaa kan dhiyeeffate ta'uun hin haalamne. Manneen murtii jalaa ragaa namaa hin dhagahu kan jedhan SHH kwt 2005 ka'umsa godhatanii ta'uu isaas hubanneerra. Iyyataan waliigaltee lamaan irrattiyuu ragaan namaa naaf haa dhagahamu kan jechaa jiru ragoolee namaa waliigalticharratti mallatteessan malee kan biroos miti. Keewwatni kunis qabiyyee waliigaltee falmisiisa ilaachisee ragaan namaa hin dhagahamu jedha malee ragooleen namaa waliigalticharratti mallatteessan waa'ee jiraachufi jiraachuu dhabuu waliigaltichaa ilaachisee akka ragaa hin baane kan dhorke miti. Iyyataan ragoolee namaa lakkawatee osoo jiruu osoo hin dhagahin bira darbuun sirrii waan hin taaneef, mirga dhagahamuufi ragaan mirkanoeffachuu iyyataas waan hin kabajneef, murtiwwan manneen murtii jalaa diignee ragaan akka dhagahamee murtaa'u jechuun qajeelfamaan gadi deebisneerra' jedheera.

Dhimma 39^{ffaa}

Dhimma¹²⁰ kana keessatti waamamaan himanna mana Murtii Aanaa Guutoo Giddaatti iyyattoota irratti dhiyesseen; iyyattoonni waliigaltee gaafa 17/11/2003 mallatteeffameen mana qarshii 20,000n natti gurguranii maallaqa fudhatanii sanadaafi mana na harkaan gahuu waan didaniif akkaataa waliigalteetti akka naaf raawwatan jedheera.

Iyyattoonni immoo deebii kennaniin; nuti mana kan gurgurre qarshii 40,000nidha. Waamamaan qarshii kana guyyaa 10 keessatti kaffaluuf waliigalullee nuuf hin kennine. Sababa kanaan manafi ragaa harkaan gahuun hin danda'amne waan ta'eef, himannaan isaa kufaa nuuf haa ta'u jedhaniiru.

¹²⁰ Dhimmi kun dhimma Dhaddacha Ijibbaataa MMWFtiin Iyyattoota-Shifarrawu Dajaneefaifi Waamamaa-Siisaay Abbabuu gidduutti dhaddacha gaafa 19/02/2005 ooleen Lakk.Ga.78398 (Jildii 19^{ffaa}) ta'e irratti murtii argatedha.

Kana booda, Manni Murtii Aanaa falmisiisii; waliigalteen bittaafi gurgurtaa manaa iyyattoonni qarshii 20,000n mana gurguruufi fudhachuu isaanii waan ibsuuf, jechi waliigaltee barreeffamaa keessatti ibsame immoo bu'uura SHH kwt 2005tiin kan amantaan guutuun irratti gatamu waan ta'eef, iyyattoonni akkaataa waliigalteetti akka raawwatan jedheera. Manni Murtii Ol'aanaa Godina Wallagga Bahaafi Dhaddachi Ijibbaataa MMWOs murtii kana cimsaniiru.

Itti aansuun, dhimmichi Dhaddacha Ijibbaataa MMWF gahee dhaddachichis;.....Bu'uura SHH kwt 1678(c), 1719(2)fi 1723tiin waliigalteen bittaafi gurgurtaa manaa ragga'e jiraachuuf waliigaltichi barreeffamaan ta'ee qaama mirkaneessuuf aangoo qabu fuuldurattis ta'uu qaba. Waliigalteen bittaafi gurgurtaa manaa gaafa 17/11/2003 bitaafi mirga gidduutti raawwateera jedhame waliigaltee qaama aangoo qabuun mirkanaa'e miti. Seerichi kwt 2005(1) jalatti immoo amantaa guutuun irratti gatama kan jedhe waliigaltee haala armaan olitti eerameen ulaagaa bu'uuraa guute irrattidha malee kan hin mirkanoofne irratti miti. Mirgi bu'uura iyyattoonni hanga gurgurtaa ibsaniin maqaa waliif naannessuuakkuma jirutti ta'ee waamamaan waliigaltee haala kanaan ulaagaa foormii hin guutne dhiyeessee akka raawwatamuuf gaafachuun deeggarsa seeraa waan hin qabneef, manneen murtii jalaa dogoggora bu'uura seeraa raawwataniiru jechuun sagalee caalmaatiin kan diigan yommuu ta'u, sagaleen addaa immoo 'sadarkaan barumsaa iyyattootaa qulqulleessuun SHH kwt 1728(3) bu'uura godhatanii dhimma kana murteessu wayya' jechuun yaada addaa isaa kaawwateera.

Gaaffilee Marii

1. Dhimma 38^{ffa} armaan olii keessatti murtii kennname akkamitti ilaaltu?, SHH kwt 2005 jalatti ragaawan namaa hin dhagahaman kan jedhu namoota raga ta'anii waliigaltee irratti mallatteessan hin dabalatu?
2. Dhimma 39^{ffa} irratti murtii kennname akkamitti ilaaltu?, SHH kwt 2005(1) jalatti waliigaltee mirkanaa'eefi hin mirkanoofnee jechuun addaan ni baasaa?
3. Bu'uura SHH keewwata 2006 fi 2007tiin namni tokko mallattoo ykn barreeffama yoo morme namni mallatoon jalaa mormame namoota mallattoo nama mormee (kan isaa miti jedhamee) beekan akka ragaatti dhiyeessuudhaan mallatoon kan nama mormee ta'uu mirkaneessuun hin danda'amuu?, namoota mallatteessuu argan dhiyeessuun hoo hin danda'amumoo ragaan namaa wayita ogeessi teknikaa adda baasuu dadhabumoo sadarkuma jalqabaatti mallattoo mirkaneessuuf dhiyaachuu danda'uu?, adeemsa

ogeessaan qorachiisuu keessatti mallattooleen nama mallattoon isaa akka qoratamu barbaadamee ***haala gahaa ta'een*** waajjiroota ***amanamaa*** irraa dhiyaachuu kan hin dandeenye yoo ta'e falli jiru maal ta'a?

5.3. Tilmaamota Kaffaltiin Raawwatamuu Mirkaneessan

Akkuma armaan olitti eerame, tooftaa firiiwan dubpii ittiin mirkanaa'an keessaa tokko tilmaama seeraatinidha. Akka waliigalaatti tilmaamni mana murtiitiin fudhatamu bakka lamatti¹²¹ qoodamuu kan danda'u yommuu ta'u, isaaniis; filmaama firii dubpii (factual presumption) fi tilmaama seeraa (legal presumption)ti.

Tilmaamni firii dubpii tilmaama manni mutii taateewwan uumamaa hordofan fi barmaata naannoo irraa bu'uureffatee firii dubbiin tokko jiraachuu yoo mirkanaa'e firiin dubpii kan biraa jiraachuu isaa fudhachuu danda'u dha. Manni murtii tilmaama firii dubpii kana kan fudhatu firii dubpii mirkanaa'e tokko irraa ka'ee ta'uu qaba.¹²²

Tilmaamonni seeraa (presumptions of law) immoo, tilmaama seerri manni murtii akka fudhatuuf ifatti kaa'e yoo ta'u, manni murtii yoo fedhe qofa osoo hin taane dirqama fudhachuu qaba. Manni murtii tilmaama seeraa fudhachuu diduu hin danda'u.¹²³ Yeroo baay'ees jechoota akka "shall be deemed or presumed" jedhamaniin ibsama. Tilmaamni seeraa kun tilmaama seeraa ragaa faallaatiin fashalaa'uu danda'u (rebuttable) fi hin dandeenye (irrebuttable) jedhamee bakka lamatti qoodamuu danda'a. Tilmaamni seeraa ragaa faallaatiin fashalaa'uu hin dandeenye, qajeeltoo seera muummee ragaan irratti hin dhiyaannedha.

Tilmaamni seeraa ragaadhaan fashalaa'uu danda'u, garee tilmaamichi fudhatameef irraa dirqama mirkaneessuu hambisee dirqama mirkaneessuu garee faallaatti ceesisa.¹²⁴ Gareen fayyadamaa tilmaama seeraa ta'e firiiwan dubpii bu'uuraa yoo mirkaneesse manni murtii tilmaama seeraa fudhachuuf kan dirqamufi gareen faallaa ijoo dubpii adda bahee beekamu tokko ilaachisee ragaa isaa dhiyeeffachuun tilmaama seerri kaa'e yoo hin fashaleessine immoo manni murtii garee fayyadamaa tilmaamaa ta'eef murteessuu danda'a. Gareen faallaa

¹²¹ Ethiopian Bar Review, 3rd edition, p.74.

¹²² E.Morgan, The Law of Rebuttable Presumptions in Maine, Maine Law Review, 1964, p.177.

¹²³ Miiljalee Olii.

¹²⁴ Miiljalee Olii.

ragaa isaa dhiyeeffatee mana murtii yoo hubachiise immoo, gareen fayyadamaa tilmaama seeraa ta'e ragaa isaa dhiyeeffachuu ni danda'a.¹²⁵

Kanaan wal qabatee, qabxii biroon ilaalamuu qabu, tilmaama SHH kwt 2020 hanga 2024 jalatti ilaalam dha. Tumaaleen kun SHH keessatti kan caqafaman ta'anis ofii isaaniitiin qajeeltoowwan seera ragaa (Evidencial rule) ta'ani dha.¹²⁶ Tilmaamotni kun tilmaama idaawan tokko tokko haaldureewwan seeraan kaa'aman jiraachuun isaanii yoo beekame idaan akka kaffalametti fudhatamu dha.¹²⁷ Isaan keessaa qabatamatti kan falmisiisu tilmaama idaawan SHH kwt 2024 jalatti tarreffaman yoo ta'u idaawan kaffaltiwwan keewwaticha jalatti tarreffaman guyyaa kaffalamuu qaban irraa eegalee waggaan lama yoo darbe akka kaffalamanitti kan fudhatamu dha.

Tilmaama kanaan wal qabatee wanti falmisiisu tokko yeroo akkamii raawwatiinsa qaba kan jedhu dha. Abbaan idaa tilmaama kanaan fayyadamaa ta'u mana murtiitti dhiyaatee kaffalticha raawwadheera tilmaamni kun naaf haa fudhatamu jedhee yoo falme manni murtii tilmaama kana fudhachuuf akka qabu kan falmisiisu miti. Haa ta'u malee, dhimma himatamaan dhiyaatee hin falmanne irratti manni murtii yeroo mataa isaatti kaasee raawwatiinsa akka qabaatu gochuu qabaa? himatamaan dhiyaatee idaa akka hin kaffaliin osoo ifatti hin haaliin tilmaamni kun akka fudhatamuuf yoo gaafate manni murtii haala kamiin ilaaluu qaba? Kan jedhuuf seerichi kan ifatti kaa'e miti. Kana irraa kan ka'e haala raawwatiinsa isaa irratti ogeessotni seeraa biyya keenyaa ejjennoo garaagaraa calaqqisiisu. Ogeessonni tokko tokko tilmaamonni SHH kwt 2020-2024tti jiran seera bu'uuraa (SHH) keessatti waan argamaniif manni murtii kaka'umsa mataa isaatiin hojiirra oolchuu qaba kan jedhan yommuu ta'u kaan immoo falmamuu qaba jedhu. Dhaddachi Ijibbaataa MMWF immoo tilmaama akkanaa gareen falmitootaa yoo hin kaasiin yookaan dhiyatani yoo hin falmatiin illee manni murtii ofumaa kaasee hojii irra oolchuu akka qabu murteesseera.¹²⁸

¹²⁵ Miiljalee Olii.

¹²⁶Tumaaleen kun kutaa 3ffaa boqonnaa 7 ffaa mata duree “Proof in Relation to Contracts” jedhu jalatti argamu. Tumaaleen SHH kew.2001-2026 jiran qajeeltoowwan seera ragaa dhimmoota waliigaltee ilaallatani dha.

¹²⁷ Tilmaamotni idaan akka kaffalametti fudhataman kunniin abbaan mirgaa (creditor) sanada abbaa idaaf yoo deebise kwt 2020, sanadni harka abbaa mirgaa idaan kaffalamuu isaa kan argisiisu yoo ta'e kwt 2021, idaa haadhoon kaffalamuu isaa nagaheen yoo kennname dhallis akka kaffalametti fudhatama kwt 2022(2), kaffaltiwwan namoota kwt 2023 jalatti tarreffamaniif guyyaa kaffalamuu qaban irraa eegalee ji'i jaha yoo darbe akka kaffalametti kan lakkaa'amu ta'uu, kaffaltiwwan namoota kwt.2024 jalatti tarreffamaniif guyyaa kaffalamuu qabu irraa eegalee waggaan lama yoo darbe akka kaffalametti kan fudhatamu ta'uu ibsu dha.

¹²⁸ Murtii dirqisiisaa Dhaddachi Ijibbaataa MMWF, Iyyataa-Phaawuloos Ruumichoo fi Caaltuu Mardaasaa gidduutti dhaddacha gaafa 29/11/1997 oooleen Lakk.Ga.15493 (Jildii 1^{ffa}) ta'e irratti kenne. Dhaddachichi Daani'el Alamuu fi Roomaawerq Yemaanebirhan gidduuttis galmee lakk.14047 (Jildii 1^{ffa}) ta'e irratti haala wal

Kun akkuma jirutti ta'ee, akka waliigalaatti tilmaamotni SHH kwt 2020-2024tti jiran tooftaa mirkaneessaa (means of proof) ta'uun mata duree jalatti ibsaman SHH Boqonnaa 7ffaa irraa waan hubatamuuf, bu'uura SHH kwt 2001(2) tinis gareen dirqamni waliigaltee hin jiru, hafaa ta'eera jedhee falmu mirkaneessuu waan qabuuf,¹²⁹ dirqamni mirkaneessuu kun deebii isaa hordofee kan dhufu waan ta'eef falmii dhimma waliigaltee keessatti abbaan idaa bilisa ta'uuf dirqama falmachuu (burden of pleading) fi dirqama mirkaneessuu kan qabu ta'uu isaa hubannoo keessa galchuun madaalunis barbaachisaadha.

Dhimma 40^{ffaa}

Dhimma¹³⁰ kana keessatti bakka bu'aan iyyataa himanna M/M/S/D/F tti waamamaa irratti dhiyeesseen; waamamaan gatii kira manaa akka naaf kaffalu kan jedhe yommuu ta'u, waamamaan waraqaan waamichaa isa ga'ee waan hin dhiyaatiiniif dhimmichi bakka inni hin jirretti ilaalamereera.

Manni murtichaas falmisiisee, murtii kenneen; himatamaan kira wagga lamaa asii akka kaffalu; kan wagga lama dura ture garuu akka SHH kwt.2024 akka kaffalametti lakka'aama jedheera. M/M/O Federaalaas dhimmicha ol iyyannoodhaan ilaalee, murtii mana murtii sadarkaa duraa federaalaa cimseera.

Kana booda, dhimmichi Dhaddacha Ijibbaataa M/M/W/F gahee dhaddachichis murtii sagalee caalmaatiin kenneen; Tilmaamni seeraa kwt 2024 jalatti ibsame darbiinsa yeroo SHH kwt 1845 jalatti ibsame irraa adda dha. Darbiinsa yeroo gareewwan falmitootaa osoo hin kaasiin manni murtii ofii isaatiin kaasuu hin qaban kan jedhu tumaalee darbiinsa yeroo ilaallatan malee tumaalee tilmaama seeraa dirqama mirkaneessuu garee tokko irraa gara garee kaaniitti dabarsan kan ilaallatan miti. Tilmaama seeraa kwt 2020-2024 jiran *ragaa kamiyyuu dhiyeessuun faallessuun akka hin danda'amne* SHH kwt 2026(1) irraa ni hubatama. Tumaaleen kun qaama tumaalee seera bu'uuraa (substantive) ijaa ta'aniif, manneen murtii dirqama hojiirra oolchuu qabu. Akkuma tumaalee seera waliigaltee *kamiitti iyuu gareen falmu kaases kaasuu baates manni murtii hojii irra oolchuu (raawwatinsa akka qabaatu gochuu) qabani dha*. Kanaafuu, firriwwan dubbii tumaan SHH kwt 2024 akka raawwatinsa

fakkaatuun tilmaama kana osoo himatamaan hin kaasiin manni murtii ofumaa kaasuun ilaaluu akka qabu murteesseera.

¹²⁹ Art.2001 (2) “One who alleges that an obligation is void, has been varied or is extinguished shall prove the facts causing such nullity, variation or extinction.”

¹³⁰ Dhimmi kun Dhaddacha Ijibbaataa MMWFTiin Lakk.Ga.17068 ta'e irratti Iyyataa-Ejensii Bulchiinsa Manneen Kira fi Waamamaa-Mr. Bironi Atikpo gidduutti ilaalamee dhimma murtii argatedha.

qabaatu taasisan mana murtiidhaaf yoo dhiyaatan manni murtii tilmaama seeraa tumaa kanaan haguuggame raawwatinsa akka qabaatu gochuuf dirqama qabu. Akka s/d/f/s kwt 89tis gareen tilmaama seeraan fayyadamu firii dubbii tilmaamni seeraa irratti fudhatamu ifatti waakkachuuf dirqama akka hin qabne kaa'a. Kanaafuu, *firiwwan dubbii tilmaamni seeraa irratti fudhatamu* himatamaan ifatti fi tarreessee waakkachuun irraa hin eegamu. Firiin dubbii mana murtiif dhiyaate tilmaama seeraa kanaan kan hammatamu yoo ta'e himatamaan *haales haaluu baates* manneen murtii raawwatiinsa akka qabaatu gochuutu irraa eegama.

Dhimmichi bakka himatamaan hin jirretti ilaalamuun isaas tumaalee seeraa raawwatinsa dirqamaa qaban irratti jijiirama fidu hin qabu. Dhimma qabanne irrattis himataan kaffaltii kiraan manaa himataan gaafatu gar tokko yeroo gaafachuu qabu waggaa lama kan darbe ta'uu himanna dhiyaate irraa ni hubatama. Kana yoo ta'e immoo, himatamaan kaasuu dhaa baatus ykn dhimmichi bakka inni hin jirretti ilaalamus tumaa SHH kwt 2024 jalatti ilaalam raawwatinsa akka qabaatu gochuun idaan akka kaffalametti fudhachuun sirrii dha" jechuun murtii mana murtii jalaa sagalee caalmaan cimsee murteesseera.

Sagaleen xiqaan yaadaan adda bahe immoo, dhimma bakka himatamaan hin jirretti ilaalam (Ex-parte) himatamaan himannicha akka amanetti fudhatamu qaba. Tilmaamni SHH kwt.2024 jalatti ibsame wayita himatamaan dhiyaatee hin falmanne kan raawwatiinsa qabu miti. Tumaan S/d/f/s kwt 89 dirqama deebii kennachuun falmii taasisuu himatamaa kan hambisu miti. Raawwatinsa kan qabaatus gareen falmitootaa lameen yoo jiraatani dha. Tilmaamni kwt 2020-2024 jiru kun himatamaan yoo haale malee raawwatiinsa hin qabu. Himatamaan dhiyaatee yoo hin falmanne akka amanetti fudhatamu qaba waan ta'eef, dhimma bakka himatamaan hin jirretti ilaalam irratti raawwatiinsa hin qabu jedheera.

Dhimma 41^{ffaa}

Dhimma¹³¹ kana keessatti iyyataan himanna MMSDFtti waamamaa irratti dhiyesseen; waamamaan waliigaltee barreeffamaatiin bilbila lakk.isaa 200778 ta'e galfatee erga itti fayyadamaa turee booda qarshii 5873.20 waan hin kaffalin hafeef akka naaf kaffalu jedheera.

¹³¹ Dhimmi kun dhimma Dhaddacha Ijibbaataa MMWFtiin Iyyataa-Korporeeshinii Telekominikeeshinii Itoophiyaafi Waamamaa-Jarman Ginaahoo gidduutti lakk.Ga.61331 (Jildii 13^{ffaa}) ta'e irratti dhaddacha gaafa 10/02/2004 ooleen murtii argatedha.

Waamamaan deebii kenneen kan haale yommuu ta'u manni murtichaa falmisiisee, dhuma irratti; idaan gaafatame idaa ji'a ji'aan kaffalamu waan ta'eef, bu'uura SHH kwt 2024(F)tiin akka kaffalametti tilmaamama jechuun himanna kufaa taasiseera.

Manni Murtii Ol'aanaas murtii kana kan cimse yommuu ta'u, dhimmichi Dhaddacha Ijibbaataa MMWF gahee dhaddachichis; Dhimmi idaa kaffaltii tajaajila bilbilaa SHH kwt 2024 keessatti hin tarreeffamne. Keewwatichi waa'ee liqii maallaqaa muummee osoo hin taane waa'ee dhala isaa ilaallata. Inumaayyu, dhimmi ammaa immoo waa'ee idaa bilbilaati malee waa'ee liqii maallaqaa waan hin taaneef, keewwatichi dhimma kaffaltii itti fayyadama bilbilaatiif rogummaa hin qabu jechuun erga diigee booda irra deebi'uun ragaan qulqulleessuun akka murteessan jechuun qajeelfamaan gadi deebiseera.

Gaaffilee Marii

1. Dhimma 40^{ffa} armaan olii keessatti yaada Dhaddachi Ijibbaataa MMWF gosti tilmaamaa SHH kwt 2024 jalatti eerame 'irrebutable presumptions of law' dha jedhu akkamitti ilaaltu?, yaada dhaddachi ijibbaataa xiinxala isaa keessatti; '..tilmaama SHH kwt 2024 jalatti eerame himatamaan kaasus kaasuudhaa baatus, haalus haaluudhaa baatus firiin dubbii dhiyaate tilmaama seeraa kana kan qabate yoo ta'e manni murtii ofii kaasuu qaba kan jedhu irratti waliigaltuu?, yaada sagalee xiqqaa hoo akkamitti ilaaltu?
2. Murtii dhimma 41^{ffa} irratti kenname akkamitti ilaaltu?, tilmaamni kwt 2024 jalatti eerame kaffaltiwwan tajaajila bilbilaa ni ilaallatamoo hin ilaallatu?

Madda Wabii

I. Kitaabotaafi Barreeffamoota Addaa Addaa

1. Arthur Von Mehren (Editor), Contracts in General, International Encyclopedia of Comparative Law, Marthinus NijHoff Publishers, Vomue 7, 1982.
2. Asress Adimi, Examining Suitability of the Draft Ethiopian Personal Property Security Rights' Law to the Local Context, Hawassa University Journal of Law, Volume 2, July 2018.
3. Cento G.Veljanovski, Economic Principles of Law, Cambridge University Press, 2007. Available at: <http://ssrn.com/abstract=1003434>
4. Digafe Desalegn, Qabannaa ijoo dubbii, Leenjitoota Leenjii Hojiin Duraa Wiirtuu Leenjii Abbootii Seeraafi Abbaa Alangaa Federaalaatiif qophaa'e, 2000.
5. E.Morgan, The Law of Rebuttable Presumptions in Maine, Maine Law Review, 1964.
6. Éric Brousseau, Did The Common Law Bias the Economics of Contract..And May It Change?.Law and Economics in Civil Law Countries, vol 6, 2001.
7. Ethiopian Bar Review, 3rd edition.
8. George Krzeczonowich, Formation and Effects of Contracts in Ethiopian Law, Faculty of Law, Addis Ababa University, 1983. Available at www.abyssinialaw.com
9. Guest , A. G. (ed.) *Anson's Law of Contract* 26th ed..Oxford University Press, 1986.
10. Hazard (eds), *XXth Century Comparative and Conflicts Law: Legal Essays in Honor of Hessel E. Yntema* (Leiden: A.W. Sijthoff, 1961).
11. Husein Ahmed Tura, Interpretation of Contracts under the Ethiopian Civil Code: Subjective or Objective Method?, Student Law Review Vol.2 No.1 July 2011.
12. John P.Dawson and W.Barnett Harvey, Cases and Materials on Contracts and Contract Remedies, Newyork, 1959.
13. Julian Hermida, Convergence of Civil Law and Common Law Contracts in the Space Field, The Lauterpacht Research Centre for International Law of the University of Cambridge, Faculty of Law.
14. Kaysay Debesu and Andualem Eshetu, Teaching material on Law of Evidence, Justice System and Legal Research Institute, Nov.2008.
15. Lantera Nadew, Vod Agreement and Voidable Contracts:The Need to Elucidate Ambiguities of Their Effects, Mizan Law Review Vol. 2 No.1, Jan 2008.

16. Moojula Seera Waliigaltee irratti Fooyya'e, Wiirtuu Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa Federaalaatti, Leenjifamtoota Leenjii Hojiin Duraatiif qophaa'e.
17. Nancy S.Kim, Relative Consent and Contract Law, Nevada Law Journal, Volume 18, 2017.
18. Paul Roberts and Adrian Zuckerman, Criminal Evidence, Oxford University Press, 2004.
19. Planiol M. Treatise on Civil Law 12 ed.Vol. I part I (Translated by Louisiana State Law Institute, 1939) .
20. Rene, D., "Existe-t-il un droit occidental?" in Kurt H. Nadelmann, Arthur T. von Mehren and John N.
21. Stephen A Smith, Atiyah's Introduction to the Law of Contract, Clarendon Press, Oxford, 2005.
22. Wayne Barnes, The French Subjective Theory of Contract: Separating Rhetoric from Reality, (Works-in-progress presentation, Texas Wesleyan University School of Law, August 26, 2008).
23. Williams, C R., Burdens and Standards in Civil Litigation, Sydney L. Rev. 165, 2003.
24. William Tetley, Mixed Jurisdictions: Common Law v. Civil Law (Codified and Uncodified), **Louisiana Law Review**, Volume 60 | Number 3, 2000.

II. Seerota Addaa Addaa

1. Heera Mootummaa Rippabiliika Federaalawaa Dimokiraatawaa Itoophiyaa, Labsii Lakk.1/1995.
2. Seera Deemsa Falmii Sivilii, 1956.
3. Seera Hariiroo Hawaasaa, 1960.
4. Labsiin Lafaaifi Mana Darbaa Magaalaa Qabeenya Mootummaa taasisuuf bahe, Labsii Lakk.47/1967
5. Labsii Lafa Baadiyyaa Bulchuuf bahe, Labsii Lakk.31/1967..
6. Labsii Seera Hariiroo Hawaasaa Fooyyessuuf bahe, Lakk.65/1989
7. Labsii Qabeenyota Baankiin Qabaman Ilaalchisee Bahe, Labsii Lakk 97/1990.
8. Labsii Qabeenyota Baankiin Qabaman ilaalchisee fooyya'ee bahe, Labsii Lakk.216/1992.
9. Labsii Taaksii Galii Federaalaa, Labsii Lakk.286/1994.
10. Labsii Taaksii Galii Oromiyaa, Labsii Lakk.74/1995.
11. Labsii Mirkaneessa fi Galmeessa Sanadootaa, Labsii lakk.334/1995.
12. Labsii Hojjetaafi Hojjechiisaa, Labsii Lakk.377/1996.

13. Labsiin Mirkaneessa fi Galmeessa Sanadootaa Fooyya'e, Labsii Lakk.467/1997.
14. Labsii Gibira Tamberaa, Labsii Lakk.110/1998.
15. Labsii Seera Hariiroo Hawaasaa fooyyessuuf bahe, Labsiii Lakk.639/2001.
16. Labsii Bulchiinsa Faayinaansii Mootummaa Federaalaa Fooyya'ee bahe, Labsii Lakk.970/2008.
17. Labsiin Bulchiinsa Faayinaansii Mootummaa Federaalaa Fooyya'e, Labsii Lakk. 648/2009.
18. Labsii Hojjetaafi Hojjechiisaa, kan fooyya'e, Labsii Lakk.1156/2011.
19. Dambii Bulchiinsa Faayinaansii Mootummaa Federaalaa, Dambii Lakk.17/1997.
20. Dambii Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Dambii Lakk.151/2005.

III. Dhimmoota Manneen Murtii Sadarkaa Adda Addaatiin Ilaalaman

1. Dhimma Dhaddacha Ijibbaataa MMWFtiin Iyyataa-Korporeeshinii Telekominikeeshinii Itoophiyaafi Waamamaa-Jarman Ginaahoo gidduutti lakk.Ga.61331 (Jildii 13^{ffaa}) ta'e irratti dhaddacha gaafa 10/02/2004 ooleen murtii argate.
2. Dhimma Dhaddacha Ijibbaataa MMWFtiin Iyyataa-Ejensii Bulchiinsa Manneen Kiraa fi Waamamaa-Mr. Bironi Atikpo gidduutti Lakk.Ga.17068 (Jildii 1^{ffaa}) ta'e irratti ilaalamee dhimma murtii argate.
3. Dhimma Dhaddacha Ijibbaataa MMWFtiin galmee lakk.120468 (Jildii 22^{ffaa}) ta'e irratti Iyyataa-G/Igzihabiher G/Kiristoosifi Waamamaa-Haregot G/Igzihabiher ta'e gidduutti dhaddacha gaafa 23/01/2010 ooleen murtaa'e.
4. Dhimma Dhaddacha Ijibbaataa MMWFtiin iyyataa-Yunivarsiitii Hawaasaa fi waamamtoota-Tamasgeen Maamuleefaa (N-2) gidduutti galmee lakk.70963 (Jildii 13^{ffaa}) ta'e irratti dhaddacha gaafa 30/06/2004 ooleen murtii argate.
5. Dhimma Dhaddacha Ijibbaataa MMWFtiin iyyattuu-Innaannii Tasammaa fi Waamamtoota-Qees G/Mariyaam Dammaqaafaa (N-4) gidduutti galmee lakk.123761 (Jildii 22^{ffaa}) ta'e irratti dhaddacha gaafa 25/01/2010 ooleen murtii argate.
6. Dhimma Dhaddacha Ijibbaataa MMWFtiin iyyataa-Ayyelee Habteyyes fi Waamamtoota-Nocheeraa Jaakerloofaa (N-2) gidduutti galmee lakk.42897 (Jildii 10^{ffaa}) ta'e irratti dhaddacha gaafa 10/03/2002 ooleen murtii argate.
7. Dhimma Dhaddacha Ijibbaataa MMWFtiin iyyataa-Umar Kadir fi Waamamtoota-Badhaadhaa Sobbooqaafaa (N-2) gidduutti galmee lakk.48012 (Jildii 12^{ffaa}) ta'e irratti dhaddacha gaafa 03/02/2003 ooleen murtii argate.

8. Dhimma Dhaddacha Ijibbaataa MMWFtiin iyyataa-She Adam Farasifi Waamamaa-Musxafaa Filii gidduutti galmee lakk.138591 (Jildii 22^{ffaa}) ta'e irratti dhaddacha gaafa 27/06/2010 ooleen murtii argate.
9. Dhimma Dhaddacha Ijibbaataa MMWFtiin Iyyattuu-Itaalemawu Masfin fi waamamaa-Aagaa Aandee gidduutti lakk. Ga.61913 (Jildii 13^{ffaa}) irratti ilaalamee murtaa'e.
10. Dhimma dhaddacha Ijibbaataa MMWFtiin Iyyataa-Geetinnat Taarqoofi Waamamtuu-Jamiilaa Alii gidduutti dhaddacha gaafa 30/11/2007 ooleen Lakk.Ga.100671 (Jildii 18^{ffaa}) ta'e irratti murteesse.
11. Dhimma Dhaddacha Ijibbaataa MMWFtiin iyyataa-Sofoniyaas Habte Mariyaamifi Waamamaa-Waldaa Dhuunfaa Kaalidis Kofii gidduutti dhaddacha gaafa 28/07/2010 ilaalamee galmee lakk.109392 (Jildii 20^{ffaa}) ta'e irratti murtii argate.
12. Dhimma Dhaddacha Ijibbaataa MMWFtiin iyyataa-Baankii Daldala Itoophiyaa-Waamamtoota-Waleliny Ayyalewufaa (N-2) gidduutti dhaddacha gaafa 15/02/2000 ooleen murtaa'e.
13. Dhimma dhaddacha ijibbaata M/M/W/Ftiin lakk.Ga.60204 (Jildii 12^{ffaa}) irratti dhaddacha gaafa 14/10/2003 ooleen Iyyataa-Taaddasee Damooree fi waamamaa - Geetaahun Lechaamoo gidduutti ilaalamee murtii argate.
14. Dhimma Dhaddacha Ijibbaataa MMWFtiin Iyyataa-Adam Yusuufifi Waamamaa-Abdusalam Mahaammad gidduutti dhaddacha gaafa 29/11/2003 ooleen Lakk.Ga.64887 (Jildii 13^{ffaa}) ta'e irratti murtii argate.
15. Dhimma dhaddacha Ijibbaataa MMWFti Lakk.Ga. 31737 (Jildii 5^{ffaa}) irratti Iyyataa-Gabiruu G/Masqal fi Waamamaa-Qees Gebre Medin Redaa gidduutti ilaalam.
16. Dhimma dhaddacha Ijibbaataa M/M/W/Fti Lakk.Ga.59882 irratti iyyattuu-Asegedech Zergawu fi waamamaa- Ayyalee Nidaneh gidduutti murtaa'e.
17. Dhimma Dhaddacha Ijibbaataa MMWFtiin, iyyataa-Sabsibee Abbabaafi waamamtuu-Fiqirtee Kaaysay gidduutti dhaddacha gaafa 30/08/2009 ooleen Lakk.Ga.117953 (Jildii 21^{ffaa}) ta'e irratti kennname.
18. Dhimma Dhaddacha Ijibbaataa MMWFtiin Iyyataa-Radii Tafarraafi Waamamtoota-Abbishuu Baqqalaafaa (N-2) gidduutti dhaddacha gaafa 17/05/2010 ooleen Lakk.Ga.106535 (Jildii 19^{ffaa}) ta'e irratti murtii argate..
19. Dhimma Dhaddacha Ijibbaataa MMWFtiin Iyyattoota-Shifarrawu Dajaneefaaifi Waamamaa-Siisaay Abbabuu gidduutti dhaddacha gaafa 19/02/2005 ooleen Lakk.Ga.78398 (Jildii 19^{ffaa}) ta'e irratti murtii argate.

20. Dhimma Dhaddacha ijibbaataa MMWFtiin, yyataa-Phaawuloos Ruumichoo fi Caaltuu Mardaasaa gidduutti dhaddacha gaafa 29/11/1997 ooleen Lakk.Ga.15493 (Jildii 1^{ffaa}) ta'e irratti murtii argate.
21. Dhimma Dhaddachi Ijibbaataa MMWF dhaddacha gaafa 18/02/2003 ooleen lakk.Ga.53328 (Jildii 11^{ffaa}) ta'e irratti; Iyyataa-Abdul Mahaammad fi Waamamtuu-Zabanaay Hayilee gidduutti irratti kennname.
22. Dhimma Dhaddachi Ijibbaataa MMWF, iyyataa-Geetaachoo Bayyanaafi waamamtoota-Daa'ima Taabot Baqqalaafaa (N-2) gidduutti dhaddacha gaafa 17/11/2004 ta'e irratti Lakk.Ga.61421 (Jildii 13^{ffaa}) ta'e irratti murtaa'e.
23. Dhimma Dhaddachi Ijibbaataa MMWFtiin, iyyataa-Itiyoo Telekoom Riijinii Gaambellafi waamamaa-Intarpiraayizii Maayikiroofi Xixiqqaa Konistiraakshinii Aduraa gidduutti dhaddacha gaafa 29/02/2010 ooleen Lakk.Ga.133203 (Jildii 22^{ffaa}) ta'e irratti murtaa'e.
24. Dhimma Dhaddachi Ijibbaataa MMWFtiin, iyyataa-Yukunoo Laggasaafi waamamaa-Waldaa Oomishtoota Soogiddaa Mahaammad Bashir gidduutti dhaddacha gaafa 25/08/2004 ooleen Lakk.Ga.69915 (Jildii 13^{ffaa}) ta'e irratti murtaa'e.
25. Dhimma Dhaddachi Ijibbaataa MMWFtiin, iyyataa-Kolleejii Infoormaashin Takinooloojii Maayikirooliinkiifi waamamaa-Bulchiinsa Mana Sirreessaa Federaalaa gidduutti dhaddacha gaafa 22/08/2005 ooleen Lakk.Ga.79794 (Jildii 15^{ffaa}) ta'e irratti murtaa'e.
26. Dhimma Dhaddacha Ijibbaataa MMWFtiin, iyyataa-Waldaa Bakka Bu'aa Geejibaafi Tuuristii Luukserifi waamamaa-Waldaa Biruuneyis gidduutti dhaddacha gaafa 17/04/2000 ooleen Lakk.Ga.12719 (Jildii 7^{ffaa}) ta'e irratti murtaa'e.
27. Dhimma Manni Maree Federeeshinii MFDRI Iyyattuu-Qabballee Asaffaafi Waamamaa-Ayyeleny Derribew gidduutti Bara Hojii Paarlaamaa 4ffaa, Wagga 5ffaa, Walgahii Idilee 2ffaa, gaafa 18/10/2007 ooleen murtaa'e.
28. Dhimma Dhaddacha Ijibbaataa MMWOTiin iyyattuu-Sa'aadaa Mahaammadifi Waamamtoota-Abdulqadir Dabaleefaa (N-2) gidduutti ilaalamee murtaa'e.
29. Dhimma Dhaddacha Dhaabbi Bahaa MMWOTiin Oliyyattuu-Tsahaay Baqqalaafi D/kennaa-Tashoomaa Abaataa gidduutti dhaddacha gaafa 02/03/2012 ooleen Lakk.Ga.30879 ta'e irratti murtii argate.
30. Dhimma Dhaddacha Dhaabbi Bahaa MMWOTTi Himataa- Korporeeshinii Shukkaaraafi Himatamtoota- Nuurus Baayoo Tekinooloojiiifi Agiroo Indastirii

I/G/Isaa Murtaa'efi Baankii Intarnaashinaalii Addis gidduutti gal mee lakk.200950 ta'e irratti dhaddacha gaafa 24/05/2010 ooleen murtii argate.

31. Dhimma Mana Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Bahaatii, Himattoota-Beekaa Gammachuufaa (N-3) fi Himatamtuu-Asteer Gammachuufaa gidduutti dhaddacha gaafa 29/08/2011 ooleen Lakk.Ga.53284 ta'e irratti ilaalee murteesse.
32. Dhimma Mana Murtii Ol'aanaa Godina Adda Adaamatti lakk. Ga. 03544 ta'erratti adeemsa raawwii keessa murtii argate.
33. Dhimma Manni Murtii Ol'aanaa Godina Harargee Bahaatti, Himataa-Jibriil Xayyibifi Himatamaa-Abdii Xayyib gidduutti dhaddacha gaafa 20/02/2012 ooleen Lakk.Ga.76050 ta'e irratti ilaalee murteesse.
34. Dhimma Mana Murtii Ol'aanaa Godina Harargee Lixaatti, Himataa-Saanii Ahmadifi Himatamtoota-Biliqqisaa Mahaammadfaa (N-2) gidduutti dhaddacha gaafa 27/02/2012 ooleen Lakk.Ga.52569 ta'e irratti murtaa'e.
35. Dhimma Mana Murtii Ol'aanaa Godina Adda Adaamaatti Himattuu- Balaayinash Tasfaayee fi himatamtoota-Fiqaaduu Baqqalaafaa (N-2) gidduutti dhaddacha gaafa 22/09/2011 ooleen Lakk.Ga.30910 ta'e irratti murtii argate.
36. Dhimma Mana Murtii Ol'aanaa Godina Jimmaatti Himataa- Awwal Jamaalifi himatamaa-Ahmad Maxar gidduutti dhaddacha gaafa 25/10/2011 ooleen Lakk.Ga.44719 ta'e irratti murtii argate.
37. Dhimma Mana Murtii Ol'aanaa Godina Jimmaatti himattuu-Alawiyyaa Abbaa Jabalifi Himatamaa-Mulugeetaa Zargaa gidduutti dhaddacha gaafa 05/10/2011 ooleen Lakk.Ga.44786 ta'e irratti ilaalamee murtaa'e.
38. Dhimma Mana Murtii Aanaa Botor Xoolayitti, Himataa-Mokonnin Fayyeeraa fi Himatamtoota-Dallalee Habteefaa (N-3) gidduutti dhaddacha gaafa 11/08/2011 ooleen Lakk.Ga.08046 ta'e irratti ilaalamee murtii argate.
39. Dhimma Mana Murtii Aanaa Leemmuufi Bilbilotti Lakk.Ga.38359 ta'e irratti dhaddacha gaafa 15/01/2011 ooleen himataa-Zanbaabaa Ejersaafi Himatamtoota-Waganee Tafarraafi Ejensii Misoomaafi Manajimantii Lafa Magaalaa Boqojjii, Jiddu Lixaa-Balaachoo Mindawun gidduutti ilaalam murtii argate.
40. Dhimma Mana Murtii Aanaa Noonnoo Beenjaatti, Himattuu-Abbaabuu Fayyeeraa fi Himatamtoota-Nidawu Shaffaxeefaa (N-2) gidduutti dhaddacha gaafa 09/09/2011 ooleen Lakk.Ga.08656 ta'e irratti ilaalam murtii argate.

41. Dhimma Mana Murtii Ol'aanaa Sadarkaa Duraa Federaalatti ilaalamee Himattuu – Askaalee Tasammaa fi Waamamtoota-Saxxany Getahunfaa (N-2) gidduutti murtii argate.